# Yunvarsiitii Saayinsiifi Teekinooloojii Adaamaa
## Mana-Barnootaa Humaaniitiifi Seeraatti
## Muummee Afaan Oromoo
## Sagantaa Eeb-booddee


**Xiinxala qabiyee Sirba Aseesaa Shamarran taphatan**

**Digirii Lammaffaa Barnoota Afaan Oromootiin (MA in Afan Oromo) Guutachuuf kan Dhiyaatee**


***Qorataan*** **:GirmaaTolchaaDooyyoo**

**Gorsaan: Maammoo Mangashaa**


***Hagayaa, 2016***

***Adaamaa***

# Yunvarsiitii Saayinsiifi Teekinooloojii Adaamaa
# Mana-Barnootaa Huumaaniitii fi Seeraatti
# Muummee Afaan Oromoo
# Sagantaa Eeb-booddee

**Xiinxala qabiyee Sirba Aseesaa Shamarran taphatan**

**KanXiyyeeffate**

**DigiriiLammaffaaBarnootaAfaanOromootiin (MA in Afan Oromo) GuutachuufkanDhiyaatee**

***Qorataan*;-GirmaaTolchaaDooyyoo**

**Gorsaan: MaammooMangashaa**

*Mirkaneessitoota Miseensota qormaataa*

| | | |
|---|---|---|
| ____________ | ____________ | ____________ |
| *Gorsaa* | *Mallattoo* | *Guyyaa* |
| ____________ | ____________ | ____________ |
| *Qoraa* | *Mallattoo* | *Guyyaa* |
| ____________ | ____________ | ____________ |
| *Qoraa* | *Mallattoo* | *Guyyaa* |
| ____________ | ____________ | ____________ |
| *Dura ta'aa DGC* | *Mallattoo* | *Guyyaa* |

*Qabiyyee* *Baafata* *fuula*

*Yadanoo*______________________________________________*I*

*Galata*______________________________________________*I*
*I*

***BoqonnaaTokko***

***1.Axeereraa……………………………………………………………………………1***

***1.Seensa-----------------------------------------------------------------------------------------------------------2***

*1.1. Ka'umsa Qorannichaa----------------------------------------------------------------------------------2*
*1.2. Hima Qorannichaa--------------------------------------------------------------------------------------2*
*1.3. Kaayyoo Qorannoo-------------------------------------------------------------------------------------4*

*1.3.1 Kaayyoo Gooroo--------------------------------------------------------------------------------------4*

*1.3.2. Kaayyoo Gooree--------------------------------------------------------------------------------------5*

*1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa--------------------------------------------------------------------5*

*1.5. Daangaa Qorannichaa----------------------------------------------------------------------------------5*

*1.6. Hir'ina Qorannichaa------------------------------------------------------------------------------------5*

*1.7. IbsaBakkaQorannoo------------------------------------------------------------------------------------5*

***Boqonnaa Lamma***

***2.Sakatta'a*** *Barruu------------------------------------------------------------------------------------------7*

*2.1. Maalummaa Fokloorii----------------------------------------------------------------------------------7*
*2.2. Gosoota Fokloorii --------------------------------------------------------------------------------------7*
*2.2.1. Fokloorii Afaaniin Darbuu (Verbal Folklore)---------------------------------------------------7*
*2.2.2. Fokloorii meeshaaleen ibsaman (Meterial Folklore)-----------------------------------------7*
*2.2.3. Fokloorii Duudhan Darban(Customary Folklore)---------------------------------------------7*
*2.1. Maalummaa Afoolaa-------------------------------------------------------------------------------------8*
*2.1.2. Gosoota Afoolaa-----------------------------------------------------------------------------------------10*
*2.3. Faayidaa Afoola-----------------------------------------------------------------------------------------15*
*2.4. Amaloota Afoolaa-------------------------------------------------------------------------------------15*

***BOQANNAA SADI***

*3. Mala Qorannichaa----------------------------------------------------------------------------------------------------17*

*3.1 Madda Ragaalee ---------------------------------------------------------------------------------------------------17*
*3.2 Iddatoo fi Iddateesuu----------------------------------------------------------------------------------------------17*
*3.3 Malleen Funaansa Ragaalee---------------------------------------------------------------------------------------18*
*3.3.1 Daawwannaa---------------------------------------------------------------------------------------------------- 18*
*3.3.2 Af-gaaffii---------------------------------------------------------------------------------------------------------- 18*
*3.4. Mala Ragaaleen itti xiinxalaman--------------------------------------------------------------------------18*

***BOQANNAA AFURI***

*4. Dhiheessa, Xiinxalaa fi Hiika Ragaalee---------------------------------------------------------------------20*
*4.1. Haala Waliigalaa Ayyaana Qaammee-------------------------------------------------------------------20*
*4.2.2. Walaloo Sirboota Jaalalaa Ibsuuf Walaleeffaman-----------------------------------------------------28*
*4.2.3. Miidhagina Ilaalchisee Walaloo Walaleeffaman-------------------------------------------------------29*
*4.2.4. Af-Walaloo Sirbaa Faarsuu/ jajuuf Oolan-----------------------------------------------------------------31*
*4.2.5. Walaloo dubartoota faarsuuf Walaleeffaman-----------------------------------------------------------33*
*4.2.6. Walaloo Sirba Quuqaa/miidhama ibsu-----------------------------------------------------------------35*
*4.2.7. Walaloo Sirba hiriyummaa ilaalchisee Walaleeffaman----------------------------------------------36*
*4.2.8. Qabiyyee Walaloowwan Sirboota Aseesaa---------------------------------------------------------------37*
*4.2.9. Wantootawalhinsimannewaldorgomsiisuunibsuu------------------------------------------------------37*

***QOOQANNAA SHAN***

*5.Guduunfaa fi yaboo---------------------------------------------------------------------------------------------------- 40*

*5.1. Guduunfaa------------------------------------------------------------------------------------------------------------- 40*

*5.2. Yaboo-------------------------------------------------------------------------------------------------------------------42*

*Wabii----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------*
*Dabalee--------------------------------------------------------------------------------------------------------------------*

## ***Yaadanoo***

*Feedhii Barumsa qabu akkan galmaan gahuu sadarka Diplomadha kaasee hanga Digirii 2ffaa ttii nacinaa dhabachuun Cimee akkan hordofu degarsa qarshii fi yaada Ol'aanaa nataasiisuun sadarka kana irra akkan gahuu kan naaf gotee, Garuu bu'aa dhumma barnoota kiyyaa osoo hin arginee* ***Ebla 19 bara 2007 A.L.I*** *du'an Addunyaa kana irra addaa kan bate Hadhaa Mana tiyyaa*

***I/A Inspekterii Yichaalawaal Nugusseef Yaadannoonaaf haa ta'uu. !!!***

*I*

## *Galata*

***Hunda dura waaqaayoon fayaa naaf kennee sadarka kana irraa gahuu kootiif waaqaayoon galateefadha.***

**Itti aansee Gorsaa koo Bar. Mammoo Mangashaa hojii Abuuraa kana Calqaba hanga dhumatii dadhabee osoo hin jennee yeroo boqana isaan arisaa gochudhan kallatii natii agarsiisuuf naaf sororsuuni Degarsaa cimaa waan naaf tasiisaanif maqaa waaqaayootiin onnee koo irra ni**

**galateefadha.**

**Akkasumas DargagooTokkumma Dachasaa,Dub.Tazaruu Kidanee, Dub.Masarat Abbara fi mucaa too Baratuu Seenaa Girmaa hojii barreeffama fi yaadan najajabeensuun degarsa naaf godhanifii maaqaa waaqaayootiin ni-galateefadha.**

**Qorannoo kana yeroon gaggeesuu Jarsoolee,Hadhoolee, Shamaran ,Barannoo, walaaloo fi aadaa irratii ibsaa naaf kenaan maqaan isaan Dabalee 1 irratii kan caqasaman baayisee ni-galateefadha.**

II

**Axeereraa**

**1.Kayyoo Qoranichaa**

Sirba Aseesaa Shamarran taphataan ergaa inni qabu Ibsuu,hiikaa itti kenu,Xiinxalu,Sakatta'uu fi Qaaccessuu ta,a

**2.Malootaa Qorannoo**

Malleen Daawwannaa fi Af-gaaffii tti

Qorannoon kun akkaakuu qorannoo qulqulleessaa Akkamtaa mala argamtaa fi Kaayyeeffataati.

Iddattoon:-Shamarran umuriin isaanii waggaa 8-20 ta,an 15,Baraanoo 5,Jaarsolee 5, fi haadholee 5 waligala namoon 30 iiraa kan fudhatameedha.

**3.Akkataa Itti Xiinxalee**

Qorataan iddoo Sirbi Aseesaa itti raawwatamuuti qamaan argamuun af-walaloo Sirba Aseesaa yaadannoo barreeffaman qabaman fi kan suuraa,suurisagalee warabamee ,barreeffama qorannoo Yehizb-Addaamgela,1986 , Itaafararrawu Makbiib,1989,Zarhun Asffawu,1985 fi kitabilee biro ilaaluun haala Adeemsa Xiinxaala raga fudhateera.

**4.Argannoo**

**Shamarran af-walaloo sirba Aseesaa tiin fayadamuun eergawaan isaan dabarsani fi Aaddaa bonsai hambaa ummaticha ta,uun hubatameera.**

**5.Guduunfa fi Yaada Xiinxalaa**

**Kabaja Ayyanaa bara haaraa sababeefachuun shamarran af-walaloon eergawwaan isaan dabarsan afaanin dhalotaa dhalotaatii kan darba tureedha.Haa ta,uu malee yeroo amma sirbi Aseesaa kuni fi kabajiin Ayyannaa Qamee sababa amantaa garagara fi ilaalchaa itti kenu dhabuudhan lafa waan dhufeefii akkataa kanan duratii itti yaadamee aadda kana turisiisuufii dhalotaa ammatii dabarsuufii osoo hin tanee akka madda galiitii ilaaluudhan shamarran fi ijooleen xiixiqoon qofitii kan taphataan waan ta,eef afoolii maluma ummataa tokko kan caalaqisiisuu waan ta,eef waajjirii aadda fi turuziim,sadarkan jiran,beektoon dagagina afaan oromoo irratii hojetanifii namoon gara fuula dura qorannoo gaggeessaan Sirbi Aseesaa kuni akka hin bane hubannoo ummun irratii hojataan fi afaan**

**barsiisuu keessatiisii haala siilabasii barnnootaa keessatii hamatamu danda,uu afoolli bal'innaa fi gad-fageenyaan qoratamee(boccamee) taa'uu qaba.**

## BOQONNAA TOKKO

### 1. *SEENSA*

### 1.1. Ka'umsa Qorannichaa

Uummannibu'aabayiijiruuf jireenyaa keessatti,
Gaddaafi gammachuu isaa,
Falaasamaa fi amantaa isaa,
Jaalalaafi jibbaa isaa,
Hawwii badiifi badhaadhina isaa afoolaan ibsachaa akka ture fi har'as taanaan ibsachaa akka jiru hubachuun ni danda'ama.Afoolli jireenyailmaa namaa wajjiin walitti hidhiinsa waan qabuuf dhaloota irraa dhalootatti bara-irraa baratti afaaniin darbaa kan dhufee ta'uusaa,Afoola Oromoo jildii 2,1999, Melakneh 2003, akka ibseetiiAfoolli maalummaa uummata tokkoo bifaa adda addaatiinkan agarsiisu beekkumsa, muuxxannoo , jireenyaati jechuun nidanda'ama. Kanaaf afoolli jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa guddaa akka qabu Melakneh,2003 yaada armaan gadii ibseera.Adeemsa jireenyaa keessatti afoolli seenaa ummataa galmeessuuf beekumsaafi muuxannoo dhaloota darbee kan ammaa wajjiin walitti hidhiinsa kan uumu hambaa ummataaOromootii.Kan darbe qofa otoo hintaane addunyaa keessa jiraannu akka hubannunu taasiisa. Gama biroon,Getachewu,2009 maluma Afoolaa yoo ibsu "Afoolli faayidaalee heddu qaba.Isaan keessaa aara itti galfachuu, ittii bashannanuuf,akkasumas aadaa duudhaa,seenaa, amantaa,kabajaaf jireenya hawaasaa ibsa.Kana malees barruufis madda ta'uun tajaajila jechuun ibsee.Akkuma yaada armaan olii irraa hubatamutti Afoolli baashannansiisuuf seenaaf duudhaa hawaasichaa barsiisuuf akkasumas, darbee ogbarruu hammayyaatiifis daandii ka'umsaa ta'uu isaati.Yaaduma kana deeggaruudhaan keessumattuu biyyoota guddataa jiraniif ogbarruun sirna barnootaa isaanii keessatti hammatamuun isaa guddinaaf gahee guddaa qabaachuusaa ibsa.Afoolli dameewwan garagaraa hedduutti qoqqoodama. Isaanis durdurii,hiibboo, faaruu loonii,geerarsa, tapha ijoollee, weelluu,sirboota jaalalaa, eebbaafi kan kana fakataan hammata.tokkoon tokkoon afoola Oromoo kunniin muuxannoofi duudhaa ittiin bulmaata hawaasa Oromoo kan calaqqisiisuu.Haaluma kanaan ayyaanaa waggaadhan kabajaman keessaa fulbaana bultii 1 kan kabajamu ayyaana jijjiirraa bara haaraati.Kabajni ayyaana bara haaraa kun hawaasa OromooAanaa Dagam biratti wanti addaa isaa taasisuinni guddaan tapha Aseesaa shamarran taphataniin dabaalamuu isaati.Kunis xawalwaallee/Qaammee/hanga Fulbaanatti shamarran, dargaggoon, ga'eessonni, ganamaan ka'uudhaan guyyaa Qaammee shanan (5nguutuu bishaan qaammee ni dhiqatu. Sababini isaas bishaan rooba qaammee shananii akka xurii bara moofaa nama irra dhiquu fi qulqullinan bara haaaratti ce'uuf akka isaan gargaarutti fudhatama. Dabalataanis, hawaasni naannoo sanjiraatu walitti dhufuudhan laga/burqaa isaanitti dhiyaatu bu'uudhan dargaggoonni fi shamarran walbarachuuf iddoo itti carraa argataniidha. Sababni isaas guyyaa qaammee shanan guutuu ganama sa'aa 11:00 eegalanii hanga bari'utti

gareedhaan walcinaa taa’udhaan yeroo bishaan qaammee dhiqatan waldubbisuuf jechadargaggoon gubbaa ba’uudhan bishaan yeroo dhiqatan shamarran gad-jallaa isaanitti dhiqachaa jiran; ol baatanii maaliif bishaan nutti booressitan?jechuuneegalu. Yeroo kana dargaggoonni sababa godhachuun gad deebi’uun naannoo shamarran itti dhiqatanitti dhiqachuu eegalu.Kana booda bishaan walitti facaasaa taphachaa turu.Yeroo lafti bariite kan sirriitti wal- hinbeekne wal hubachuun jalaalaaf wal kaadhimatu. Sababni isaas dargaggoonni fi shamarran gaafa fulbaana guyyaa 1 kabaja ayyaana jijjiirraa bara haaraa ganamaa kaasanii hanga galgalaatti waliin waan turaaniif duursanii wal baratu. Guyyaa olitti ibsame kana dargaggoonni shamarran duukaa bu’uun sirba goobee yoo sirban shammarran immoo allaaduu yookan qunnii buqqifataniifi daraaraa qabachuudhan sirba Aseesaa jedhu sirbaa ollaa naannoo isaanii irra naanna’uudhan barri moofaa naga’aan bahuu isaa ,barri haaraan immoo bara milkii akka ta’uuf hawwaa yeroo isaan sirban, hawaasni aanaa Dagam simachuun baga bara haaraa geessan,baga nagaan dhuftan jechuun
eebbisu.Itti aansuun akkumaa humna isaanitiin dhadhaa, qarshii fi kennaa biro kennuuf. Kuun immoo taphattoota hunda manatti affeerudhaan wantoota kabajaayyaana jijjiirraabara haaraaf qophaa’e kennuuf. Shamarraniifi dargaggoonni sirba walalootiin ni eebbisu , ni galateeffatu,ni jaju,
ni qeequ, ni sirbu. Haa ta’u malee, yeroo ammaa kana aadaan akkasii bareedan tokkummaa hawaasaa cimsuufi hawaasa walitti fidukun yeroo ammaa baduu irratti argama yookiin laafaa jira.Sababni isaas yeroo ammaa akka duriitti dargaggoonnifi shamarran seeran kabajuutti hin jiran.Daa’imman xixiqqoo ta’antu qunniifi Daraaraa qabaachuun mana naannoo irra marsuun qarshiifi dhadhaa kadhatu. Kun immoo akka durii aadaa kana cimsuuf hamileedhan kabajaa ayyaana kanaa kabajuu fi aadaa kana tursiisuuf osoo hintaane akka madda galiitti ilaalutti jiru.kanaafuu mata duree qabiyyee sirba Aseesaa jedhu kana irratti hanga qorataan beekutti qabiyyee sirba Aseesaa irratti bal’inaan waan hinhojjetamneef, anis qorataan dhalataa naannoo sanii waanan ta’eef aadaa kun osoo hinbadne afoola naannoo kana jiran guurudhaan kaa’uun barbaachisaa waan ta’eef.

## 1.2. Hima Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyee afoolaa Afaan Oromoo naannoo mata duree qorannoo irratti hojiiwwan hojjetaman yeroon sakatta’uun hojiiwwan mata duree kanatti dhiyaatan yaadni waliigalaa akka itti aanu ta’a.Barattoonni baay’een itti guuttannaa digirii isaaniitiif af-walaloo irratti hundaa’anii hojjetaniiru.Qorannoon isaanii kunis adda.Sababni isaas duudhaafi muuxannoo sabaafi sab-lammii akka agarsiisutti qorataniiru. Haala kanaan sirba jijjiirraabara haaraa irratti kan hojjetaman akka kan biroo af-walaloon baay’ee ta’uu baatus, qorannoo argame keessaa qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya kan qaban sagaleen lama bifa walitti aanuun dhiyaatera. Haala kanaan qorannoo qorattoota lamaan armaan gadii akka fakkeenyatti tuquun ni danda’ama. Taaddasaa Alamuu,1974 sirba jaalalaafi cidhaakanOromoonaannoo Salaalee mataduree itti guuttannaa digirii isaatiif dhiyeessera.Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota aadaa sassaabudhaan dhaloota itti aanuuf dabarsuuf garaagarummaafi tokkummaa sirba cidhaafi jaalalaa gidduu jiru agarsiisuuf yoo ta’u, ragaanis jaarsoleefi dubartoota gaafachuun akka sassaabame ibsameera.Lammaffa Abrahaam Alamuu ,1987 gahee qonnaan bultoota aanaa Giraawwaa af-walaloo sirba hojii mataduree qabiyyee qaaccessu itti guuttannaa barreeffama digirii dhiyaatedha. Kaayyoon qorannoo af-walaloo sirba hojii akka hinbanneefi hindagatamneef ture.Miidhagina isaa wajjin sassaabuun tursiisuuf, ergaa af-walaloo agarsiisu ragaa isaa qonnaan bultoota naannoo gaafachuun sassaabuun ibsamera.Kan AbrahaamAlamuuimmoo qabiyyeen af-walaloo sirba hojii qofa irratti kan murtaa’ee osoo hin taane sirboota hawaasa adda addaa kan ilaaluu ta’uu isaa muul’isee jira. Qorannoon kun immoo aanaa

Dagam keessatti shamarran jiraatan torbee qaammeeaf-walaloo sirba Aseesaa sirban qindeessun ergaa isaa,haala raawwii isaafi haala fayyadama af-walaloo ilaaluuf yaleera.Qorannoo kanaan dura gaggeeffamaniifi kan qorataan amma dhiyeesse keessatti dhimmoonni ka'an karaa

tokkoonyookaan karaa biroo hanga ta'ee waan kaasaniif tokkummaafi garagarummaan jiraachuun nimul'ata. Kanaan olitti kan tuqaman qorannoon barreeffama qorataa adda addaatiin kan qoratamaniifi aadaa fi afaan irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa walaloo sassaabuu fi qaaccessu qarannoo kana wajjin tokkumaa qabu.Hunda caalaa qabiyyeef qaaccessi qorannoo hundaa irratti fuulleffachuun isaa daraan qorannoo kana wajjin tokkumaa qabu. Qorannoon tuqaman lamaan qabxiiwwan tokko isaan taasiisu kan itti aanuu ta'a. sirbi kan sirbamu yeroo jijjiirraa bara haaraa tahuu isaa,akkasumas sirba kan sirban shamarran tahuu isaanii,sirbi kunis sirba kabaja jijjiirraa bara haaraa kan agarsiisu ta'uu isaa,amalaa fi haala walaloo sirba aadaa kan muul'isu ta'uu isaa,qorannoon Taaddasaa Alamuufi Abrahaam Alamuu aadaa fi Afaan Oromooirratti hundaa'anii dhimmi mata-duree isaanii sirboota aadaa waan taheef qorannoo kana wajjin tokkumaa qabu. Qorannoon kunkanaa olitti qorannoo tuqaman duraanii irraa haalli itti addaa ba'u jira. Naannon daangaa qorannichaa kan murtaa'efi shamarran Oromoo aanaa Dagam keessa jiraatan yeroo jijjiirraa bara haaraa kan sirban af-walaloo sirba Aseesaa irratti qofa fuulleffachuu isaatiin qorannoo biroo irraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Taaddasaa Alamuufi Abrahaam Alamuu kan fuulleffatan sirba jijjiirraa bara haaraa irratti osoo hintaane af-walaloo sirboota hawaasa Oromoo kanneen yeroo hojiifi cidhaa irratti waan ta'eef qorannoo kana wajjin garagarummaa qabu.Waliigalatti qorannoo kana qorannoo biroo irraa kan adda isaa godhu, qabxiiwwaan murteessoo ta'an akka itti aanutti dhiyaatera. Qorannoon aanaa Dagamitti hawaasni Oromoo sirba aadaa yeroo jijjiirraa bara haaraa irratti kan fuulleffate yoo ta'u, ragooleen meeshalee adda addaatiin keessumattuukaameeraasuur-sagaleen haalaan kan sassaabame waan ta'eef ergaa hiika qabeessa argachuun danda'meera.Raawwiifi haala ergaa af-walaloo sirba Aseesaa muul'isuu danda'eera.Shamarran yeroo jijjjiirraabara haaraa jala- bultii ayyaanaa kaasee hanga fulbaanaguyyaa 1tti sirbu. Shamarran af-walaloo sirba Aseesatti fayyadamanii ergaa adda addaa ittiin dabarfatu, kan dhimmoota sirba Aseesaa keessatti ka'an ,qabiyyeefi ergaa isaa xinxaaluun, gaaffiin bu'uuraa armaan gadii deebii argataniruu .

Sirbi Aseesaa qabiyyee maal maal of keessaaqaba?

Shamarran sirba Aseesatiin dhimmootaakkamii kaasan?

Sirbi Aseesaa haalaakkamii keessatti raawwatamu?

Sirbi Aseesaa yeroo kamsirbama ?

Sirbi Aseesaa malifii sirbama ?

## 1.3.Kaayyoo Qorannoo

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannookanaa shamarranhawaasa Oromoo aanaa Dagamkeessajiraatan taphaqaammeeirrattisirba Aseesaa jedhamu yemmuusirban qabiyyeefi ergaa inni qabu sakatta'uu (qaaccessuu) ta'a.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Qorannoon kun kaayyoowwan gooree armaan gadii qaba.

Ergaawwan sirba Aseesaa qaacceessuu,

Haala sirbi Aseesaa itti dhihaatu xiinxaluu,

Walitti dhufeenya sirba Aseesaafi shamarran qaban xiinxaluufi

Sirbii Aseesaa ergawwaan qabani sakata'uun qaccessuu,

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun sababoota itti aanuun barbaachisaa ta'uu isaa qorataan ni amana. Oromoon aanaa Dagam aadaa mataa isaa kan ta'e bara haaraa kan ittin simatu ambaa qabaachuu isaa waan muul'isuuf,qoratamee taa'uun isaa sirbi Aseesaa kun badii irraa akka hafu taasisaa. Aadaan boonsaa ta'ekun sababa adda addaatin laafaa(hafaa) waan jiruuf damee afoolaa kana xinnaatus galmaa'ee akka turu waan godhuuf faayidaa qaba.Haala qaacceessaa ragaa irraa ka'uudhaan hawaasni kara afaan dhalootaa isaatiin jiruu fi jireenya isaa haala gadi fageenya qabuun akka ittin ibsatu waan tursiisuuf. Af-walaloon Aseesaa Oromoo qindeessuun galmaa'anii akka ta'aan taasisuu, namoota qorannoo geggeessaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a .Akkasumas dhaloonniammaa aadaa kana irratti hubannoo sirba Aseesaa kana irratti qabu ni-cimsa.Sirni kabaja ayyaana qaammee fi sirboonni Aseesaa akka hin dagatamne taasisa. Dabalataanwaajjirri aadaa fi turizimii aanaa irraa kaasee hanga naannotti sochii afoola, aadaa fi seenaa uummata Oromoo qorachuuf sochii godhuuf qorannoon kun tumsa ykn gumaacha ta'aaf

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame naaannoo Oromiyaa godinaa Shawaa kaabaa aanaa Dagam irratti yoo ta'u, afoola hawaasa naannoo sanaa keessaa sirba Aseesaa irratti kan xiyyeeffateedha.Sirba Aseesaa ilaalchisee qabiyyee isaa sakatta'eera.

## 1.6 Hir'ina Qorannichaa

Hojii idilee hojjechaa waanan baradhuufiyeroo gahaa dhabuufi dhuunfaan kaffalee waanaan baradhuufi hanqina baajataaqabaachuu hir'ina qorannoo kanaati

## 1.7. Ibsa Bakka Qorannoo

Aanaan Dagam aanolee Godinaa Shawaa Kaabaa keessatti argaman 14n keessaa isaa tokkoodha.Aanaan kun gandoota magaalaa 2fi gandoota baadiyyaa 18 qaba.Haalli teessuma aanaa dirree diriiraa (hurufa) jechuun,Dirree Goonaa,Dirree Dambal, Dirree Muuxxeefi Dirreen Hambisoo isaan gurguddoodha.Gaarreen, Tulluu fi Bosonaan kan beekamtu akkasumas waggaa guutuu bishaan jal'isiif oolu ni qabdi. Bishaan yaa'an keessaa immoo laga Leemman,Laga Harkisoo, laga Qacamaa, malkaa Jilaa kan jedhaman ni argamu. Tulluuwwan aanaa kana keessatti argaman keessaa Tulluu Adalgee, Tulluu Leencaafi Gaarri Guddaan isaan beekamoodha.Haalli qilleensa aanaa kanaa baay'inaan baddaa yoo ta'u baddadareefi gammoojjinis ni jira.Haaluma kanaan bal'ina walii gala aanaa keessaa baddaan dhibbeentaa 64% Baddadareen dhibbeentaa 35 % Gammoojjiin immoo dhibbeentaa 1% ta'uu isaa ragaan waajjira qonnaa Aanaa Dagam irraa argame ni-

muul'isa.KaraanFinfinnee irraa gara Goojjam deemu aanaa kana gidduu qaxxaamuree darba.Hambisoon magaalaa aanaa Dagam yoo taatu Finfinnee irraa kiiloomeetira 125 fagaattee argamti.Magaalli tun magaalaa Godina shawaa kaabaa Fiichee irraa kiiloomeetira 13 fagaattee kan argamtu yoo ta'u,magaalli Hambisoo tajaajila bilbilaa,kilinikaa, Bishaan qulqulluu, Geejjibaa, Mana barnootaa sadarkaa 1ffaa,giddu galeessaafi sadarkaa 2ffaa ni qabdi.Daangessitonni aanaa Dagam karaa kaabaatiin aanaa Hidhabuu Abootee, karaa Bahaa Aanaa GiraarJaarsoo, karaa Kibbaa Aanaa Yaayyaa Gullallee karaa lixaa immoo Aanaa Kuyyuutiin wal daangessa. Ragaan bulchiinsa Aanaa Dagam irraa argame akka muul'isutti baay'inni jiraattoota aanaa kanaa 91,055 dha.Kana keessaa 45,720 dubartoota yoo ta'an 45,335immoo dhiira.

Haala diinagdee aanaa kanaa yoo ilaallu oomisha qonnaa fi horsiisa looniitiin beekkamti.Gama midhaan oomishamuutiin midhaan oomishaman keessaa ijoo kan ta'an Baaqeala, Atara, shumburaa, Missira, Garbuu, Talbaa, Nuugii, Qamadii, Xaafii, Zangaada, Boqqoolloo, Suufii  fi Gaayyaa yoo ta'u horii keessaa Sa'a, Qotiyyoo , Re'ee, Hoolaa, Gaangee, Farda, Harree fi kkf horsiisu.Aanaa kana keessatti baay'inaan kan dubbatamuufi afaan hojii Afaan Oromooti.  Haata'u malee xiqqaatus Afaan Amaaraatis ni dubbatama. Amantaa ilaalchisee aanaa kana keessatti hordoftoonni amantaa Waaqeffannaa, Ortodoksii fi Pirootestaantii ni jiru.

**BOQONNAA LAMA**

## 2. SAKATTA'A BARRUU

### 2.1 Maalummaa Fokloorii

### 2.2 Gosoota Fokloorii

Fokloориin haala qabiyyee isaa irratti hundaa'ee karaa adda addaatin qoodamuu danda'a.Haa ta'u malee Dorson,R,1972 fi Fennegan,R,1970,jildii,2,1999,Melakneh,2003,getachewu,2009,afoola bakka gurguddaa saditti qoodu.

Isaanis fokloorii afaaniin darbu (verbal folklore),

Fokloorii meeshaaleedhaan walqabate (material folklore)fi

Fokloorii duudhadhaan walqabate (customary folkore) jedhamu.

#### 2.2.1 Fokloorii Afaaniin Darbu (Verbal Folklore)

Gosti foklooriikun aadaa (bartee) afaanin darbu kamiiyyuu kan bifa muuziqaatiin qindaa'e ykn tartiiba yeroo eeggatee bifa seenaatiin kan qindaa'e yookan immoo jechoota afaaniin nama biroof ibsaman kan ofkeessatti qabatuudha.

Fakkeenya afoola afaanin ibsaman keessaa muraasni kan akka sirbaa, hiibboo ,mammaaksa,oduudurii fi kkf. Kana malees seenaa nama tokkoo barreeffamees haa ta'uu himamsa afaaniin dhalootaa gara dhalootatti darbu gosa afoola afaaniin darban keessaa tokko.

#### 2.2.2 Fokloorii Meeshaaleen Ibsaman (Material Folklore)

Gostifokloorii kanaa wantoota qabatamoo ijaan muul'atan, harkaan qaqqabaman, akkasumas kanneen nyaatamaniifi keessa jiraatan hunda of keessatti qabata.Wantoonni yookiin meeshaaleen qabatamoo ta'an kun bakka lamatti qoodamu. Isaanis meeshaalee dhaabbatoo (permanent materials)fi meeshaalee dhumeeyyii (ephemeral materials)jedhamuun beekamu.

Meeshaalee dhaabbatoo kan jedhaman isaan yeroo dheeraaf turuu danda'aan kan akka siidaa,mana,teessoo fi kkf.Meeshaalee dhumatoo kanneen jedhaman immoo kan akka nyaataa, dibata qaamaa, meeshaalee faayaa waraqaa irratti qalamaan kaafamanii fi walumaagalatti umrii gabaabaa qaban hunda of –keessatti qabata.Meeshaaleen afoolli ittiin darbu kunis jiruuf jireenya, duudhaa fi qaroomina ummata sanaa irratti hundaa'ee bifaa fi boca garaagaraan hojjetama

### 2.2.3 Fokloorii Duudhadhaan Darban (Customary Folklore)

Gosti kun gosoota fokloorii armaan olitti ilaalle lamaan caalaa ramaddiin isaa baayyee nama rakkisa. Duudhaa yoo jennu gochaalee guyyaa guyyaa keessatti irra deddeebi'anii wanti tokko akkamiin akka raawwatame ibsanii dha.Kanaafuu afoola duudhan darbu yoo jennu amalootaa qindaa'anii fi irra deddeebi'anii jireenya hawaasa tokkoo keessatti muul'atan kan miseensi hawaasa sanaa hundi qooda keessatti fudhatu jechuudha.Amaloonni kunniin jireenya guyyaa guyyaa keessatti jechaan,gochaan ykn agarsiisa qaaman (body gestures) kan ibsamanii dha.Fakkeenyaaf akkaatan hawaasni tokko itti nagaa walgaafatu duudhaa fi safuu mata isaa qaba.Akkasumas walitti dhiheenyaa fi obbolummaa hawaasa san gidduu jiru agarsiisa.Gosti afoola kanaa irra caalaa kan inni of keessatti qabatu akkaataa kabaja ykn ayyaaneffannaa aadaa garaagaraa hawaasni kabajatu kan akka ayyaana cidhaa,boo'ichaa fi sirnoota eebbaa garaagaraati. Hubachiisa: - Fakkeenyi nuti gosa afoola armaan olitti ibsamaniif fudhannu haala nuti itti xiinxalleen gosoota afoolaa lama yookiin isaa oliif fakkeenya ta'uu danda'a. Fakkeenyaf:- huccuun fakkeenya gosa afoolaa meeshaalee darbaniif ta'a. Karaa biraa immoo aartii fi bifa aadummaa qabaachuun gosa afoola afaaniin ibsamaniif fakkeenya ta'uu danda'a.

### 2.1. Maalummaa Afoolaa

Afoolli dameewwan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaa dhalootairraa dhalootatti afaaniin kan daddarbuu. Waa'ee maalummaa afoolaa Melakneh [2006] yoo ibsu, " afoola jechuun og-afaan dhalli namaa afaaniin  dhalootaa dhalootatti daddabarsaa dhufee.Innis kan of keessatti hammatu, afseenaa,durdurii, mammaaksa, hiibboo,raagamtaa, daa'imman urursuu, sirbootaafi afwalaloowwan garagaaraa kanneen jiruuf jireenya hawaasichaa keessatti akka sirnatti fayyadan adda addaati. Afoolli hojii kalaqa hawwataa seexaa qabuuf miidhaginaan gonfatamee.Fekeden (1991) hog barruu Afaaniin dubbifamuudha jedhee ibsa. እንደ አቶ ፈቃደ አዘዘ፣1999፡ እገላለፅ "በቃላት አማካይነት በሚፈጠሩት በተረት በምት፣ በቃልግጥም በምሳሌያዊ አነጋገር፣በመሳሰሉት እንደሆነ ይገለፃል። Afoolli hojii bifa walalootiin  yookaan holalootiin  dhiyaatu ta'ee kan namoonni ogummaa waa kalaqu qaban uumanii.Karaa biraatiin Dastaan፣2000"Afoolli maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa isa guddaadha" jedha. Yaanni kunis afoolli eenyummaa hawaasa tokkootiin baay'ee walitti hidhama akka qabu nama hubachiisa. Akkuma yaada hayyootaa garagara keessatti ibsame,afoolli jiruuf jireenya akkasumas muuxannoo hawaasaa tokkoo haala qabatamaa ta'een kan mul'isuudha.

Finnegan,1976 akka ibsanitti afoollii akkuma maqaan isaa agarsiisutti ogummaa aadaa durii ta'ee afaaniin uumamu dhalootairraa gara dhalootaatti karaa af-dubbii kan daddarbu ta'uu ibsa.Waa'ee seenaa asii achii asii dhufa afoolaa Melakneh,2006 yoo ibsuu,afoolli kalaqa namoota durii barnootni hammayyaa osoo hin eegaliniti jedha.Waa'ee seenaa achii as dhufa afoolaa Melakinehn yoo ibsu,Afoola keessaa afseenaawwan adda addaakanneen qalbii namaa haawaataan  fookilooristootaan jarraa 19ffaa dura walitti funaanamaa akka turan ibsa. Achumarraa ka'uudhanhayyoonni  garagaraas afoola qorachuu fi galmeessuun kunuunsuu akka itti fufan ibsa.Waa'ee jalqabbii qo'annoo afoola afrikaa Fekeden,1991,Finnegan,1976 waabeeffachuun yoo ibsu,Oral Literature in Africa, Dhimmi qo'annoo afoola afrikaa keessatti walakkaa jarraa 19ffaaAwurooppaanotaan akka eegale ibsiti.Afoolli akka ogbarruu barreeffamaanama dhunfaatiin hin waamamu. Namni afoola uumuun yookaan kalaquun beekamus hawaasa biraatti afoolee jedhamee waamama. Afoolli aadaa, duudhaa,saafuu,barsiifataa fi seenaa adda addaa dhaloota irraa gara dhalootaa afaaniin kan ittiin dabarfamuu. Afoolli bifa "litireecher" ta'ee aadaa duudhaa seenaafi eenyummaa dhaloota  darbee himamtiin dabarfamuu. Afoolli dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbu hambaa uumaati. Abalummaan otoo hin ta'iin uumamtummaan

beekkama namni mirga kalaquumaan falmatu waan hin jirreef jiruu**fi jireenya hawaasichaa keessattikan madeedha.Kanaafuu afoolli ragaa qabatamaa, aadaafi seenaa dhaloota darbe tokkooti."Wiirtuu jildii, 1991.Uummanni Oromoo akkuma uummata biroo falaasama amantii fi aadaa mataa isaa qaba. Kana immoo dhalootaa dhalootatti daddabarfachaa kan ture afoolaani. Jaarraa darbe keessa seenaa amantii fi aadaa isaa balleessuuf carraaqqiin hammana hin jedhamne godhameera. Haata'u malee akkuma Richard, M.Dorson,1972 jedhutti.Aadaa, amantii fi seenaa keenya laaffisuurra darbee balleessuu hin dandeenye. Uummatichi hiibboo, mammaaksa, durdurii, jechamoota, ciigoo walumagalatti afoola isaa nutti dabarseera,Coraa aadaa Hayiluu Bantii,1997, Wiirtuu jildii,1991.Afoolli bu'aa sammuu dhala namaa kuufame muuxxannoo jiruuf jireenyaa hawaasa ta,uu,Wirtuu jildii 7 bara,1995 afoola jedhama jechuun ibseera.** Dhaloota darbee himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha. Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afoolli isa tokko yoo ta'u damee hedduus qaba. Isaan keessaas walaloo,Geerarsaa,Faaruu,TaphaIjoolleefi Sirba adda addaati.Waa'ee afoolaa ilaalchisee yaadota garaagaraatu jira.Namoonni tokko tokko afoolli wanta dhugaa hin taane ilaalcha yookiin seenaa durii jedhanii amanu.Haa ta'u malee beektonni garaagaraa ilaalchi kun dogongora ta'uu fi afoolli waa'ee jiruuf jireenya uummataa, aadaa,duudhaafi safuu hawaasni tokko itti fayyadamaa turee fi ammas fayyadamaa jiru akka ta'e lafa kaa'aniiru. Afoola karaa adda addaatin hiikuun ni danda'ama. Kanaaf afoolaf hiikaa dhaabbataafi waliigalaa ta'e kennun hin danda'amu. Jecha afoola jedhu yeroo jalqabaaf kan fayyadame hayyuu biyya Ingilizii kan ta'e,Willaiam John bara 1846tti ture.Kunis yeroo biyya Ingilizii keessatti hayyoonni waa'ee ogbarruu qoratan meeshalee aadaa durii, barreeffamoota seenaafi haala duudhaa hawaasa biyyattii itti funaanuufi galmeessuu eegalan ture.Afoolli wantoota baayyee of keessatti qabata. Isaanis kanneen akka oduu durii,tapha,hiibboo,qoosaa,mammaaksa,eebba, abaarsa, arrabsoo, kakuu, nagaa walgaafachuu,simannaafi kan kana fakatuu.Maalummaa afoolaa irratti beektonni garaagaraa hiikaa mataa isaanii laataniiru.Afoolli qaama duudhaa,amantii, ilaalchaafi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ta'ee irra caalaa afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u haalli darbiinsa isaa garuu sadarkaa barumsaa ykn haala guddina diinagdee isaan qabaniin kan hin ibsamneedha Benjamin,1938.Akka ibsa kanaatti hawaasni kamiiyyuu kan barates ta'e kan hinbaratin sadarkaa kamittuu fedhiifi ilaalcha walfakkaatu yoo qabaatan afoola mataa ofii qabaatu jechuu dha.Afoolli maalummaa, walfakkeenyaafi barbaachisumma hundee dhala nama kan ibsuu dha.WilsonAfoollii haala waliin dubbii yookaan hariiroo garee xiqqoo gidduu jiruudha. BenAmos,1971, walumaagalatti, afoolli beekkumsa al-idilee kan namni tokko waa'ee ofii, waa'ee hawaasa keessa jiraatuu darbees waa'ee addunyaa ittiin hubatu akkasumas aadaa, ilaalchafi dabaree seenaa kan jechootan, muuziiqaadhan,gochaafi amala namni agarsiisun ibsamanii dha.Afoolli hariiroo uummata tokko gidduu jiru ta'ee,haalli uumama isaa yeroodhaa yerootti jijjiirramuun namoonni waliin dubbiidhan yookaan gochaan kan waliif qoodaniidha.Walumaagalatti, afoolli akaakuu heddu qaba.Isaanis eebba,mammaaksa,hiibboo,ciigoo,sheekkoo(oduu durii), geerarsa,sirba,tapha ijoollee,faaruufikan kana fakatuu. Eebba: jechuun yaada hawwii gaarii akka qabeenya argatan, akka jireenyi hawaasummaa gaarii ta'u namni tokko nama biraatiif hawwu yookaan waaqayyoon kadhachuufii jechuudha. Jaarsoliin Oromoo madda eebbaa yoo ibsan''Eebbi ganama jira, abaarsi booda erga hammeenyifi kijibni(sobni) dhalatee jalqabame'' jedhu. Fakkeenyaaf, Jalqabaafi xumura marii irratti, fuudhaafi heeruma irratti yeroo daa'imni dhalatu/ttufi kan kana fakatuu  irratti eebbi ni godhama. Yeroo baay'ee eebbi seeraOromoo keessatti jaarsoliifi hangafootan gaggeeffama. Fakkeenyaaf: Eebba yeroo marii godhamu.

Hayyee !Hayyee !Hayyee !Waaqa uumaa waaqa uumamaa.

Kan nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi.

Irraa gora nu oolchi.

Dogoggora nu oolchi.

Wallaalaan  haa beeku.

Beekaan haa bulu…..

Fakkeenyaaf:Eebba yeroo fuudhaafi heerumaa .

Qabattanii aaga qabadhaa .

Jiruufi jireenya qabadhaa

walii horaa,Cophaa,dagaagaa……..

Fakkeenyaaf:Eebba yeroo daa'imti dhalatu/ttu

Kan dhalate haaguddatu.

Guddaan haa jiraatu…

Mammaaksi yaada yookaan dubbii dheeraa hima gabaabaan mala  kurfeessanii teessissaniidha. Yeroo baay'ee dubbii jaarsolii Oromoo dubbatan keessatti mammaaksi iddoo guddaa qaba. Haasawaa tokko keessatti jechoota muraasaan yaada  guddaafi gadifageenya qabu ibsuuf. Fakkaattii dubbii sanii yaada bal'aa fi dheeraa ta'a gabaabsanii walitti qabuun nama biraatiif dabarsuuf mammaaksi gahee guddaa qaba. Mammaaksi humnaa fi yeroo qusachuuf akkasumas dubbii haala hin irraanfatamneen  dabarsuuf yookaan hubachiisuuf gargaara. ''Dubbiin mammaaksa hin qabne Ittoo soogidda hin qabne'' jedhanii mammaaku.Kana jechuun akkuma ittoon soogidda malee hin mi'oofne dubbiinis mammaaksa malee bushaa'aa ta'a jechuudha. Mammaaksi bakkee namoonni lama yookaan lamaa ol jiranitti kan dubbatamu waan ta'eef kan dubbatuufi kan dhaggeeffatu (caqasu) jiraachuun dirqama ta'a . Mammaaksi dubbii dubbatamuufi mata duree haasawichaa waliin kan wal simu ta'uu qaba.

**2.1.2, Gosoota Afoolaa**

**Akaakuuuwwan afoolaa bakka saditti qoodamu:**

**Af-walaloo**

**Afwalaloon amala walaloon kan dhiyaatu ta'ee afaaniiin kan daddarbaa dhufeedha. Afwalaloon bu'aawwan adda addaa qaba.Isaanis faaruuwwan, taphoota ijoollee, geerarsaaf kankanafakatu.**

**Geerarsa**

Firiiwwan afwalaloo Oromoo keessaa tokko geerarsa ta'uunsaa ni hubatama. Geerarsi Faaruu muuxannoo jireenyaati, namoonni adeemsa jireenya isaanii keessatti bu'aa bayii hedduu keessa akka darban iccitii miti. Kufanii ni ka'u irraa gadee bu'anii laga ce'anii, tabba ba'anii gaara qaxxaamuranii muuxannoo adda addaa

galmeessuu ni danda’u. Rakkoo isaan qunnamuuf fala barbaaduun furmaata argatu. Kanaaf namoonni sababa adda addaa irratti hundaa’anii ni geerraru. Isaan keessaa fakkeenyaf hamilee cimsachuufi hawwii qaban, ibsachuuf muuxannoo jireenya isaanii keessatti injifannoo galmeessaniifi gotummaa agarsiisaniif addeessuuf, maati ofii yookaan gosa ofii keessaa namonni waan adda addaatiin beekaman geerarsaan ni faarsuu,ni jaajuu. Dabalataanis roorroo (miidhaa) isaan irra gahu ofirraa ittisuufi onnee irraa kakkaasuuf afwalaloo geerrarsatti fayyadamu, miidhaa kallattii adda addaatiin isaan mudatuu ofirraa ittisuuf bifa adda addaatiin ni geerrarama.Isaanis

leenci sardiida miitiree rukunnaan dutti mitii

Gafarsi loon mitiiree dhoofnaan gadooddi mitii

Arbi daa’ima mitiiree rukunnaan boossi mitii

Boorri koo booradhaaree kan murraan muratu

Kan tumnaantumamtu ,Wiirtuu Jildii,2, 1999,Hayiluu Bantii 1997

Qabiyyeen hiikoo geerarsa kanaa yoo qacceesiinuu ergaa fi hiikaa adda addaa of keessaa qaba. Namnii geerarsa kana geeraru nama cimaa bineensa jabbaa ajejjeesee dhufee.Hawaasa oromoo biratti namni leenca ajeesee gale milka’ee mirgan waan galeefni geerara “Leenci sardiida miitiiree” namni kun beellada hamaa kana erga ajjeesee booda sardiida waliin dorgomsiisee gadi busuun ibsa.Cimina isaa ol kaaseemul’isa.Gama biroon “Gafarsi loon mitiiree”, “Arbii Daa’ima mitiiree” kunis gafarsiifi loon, arbiifi daa’imni fakkoommiitokkoondhiyaantanii jiru,yoo Arba ilaallee beellada guddaa kana daa’ima waliin walfakkeessuun dhiyeessuun yoo ibsu mul’ata.Gafarsa dhaabataloon waliin walfakkaachuu ibsa. Amalaisa tokkoo kan biroof kennuun barsiisuu,miliqisuu, leenca jabaaa sana waan xiqoo kana waliin walfakkeessuun sammuu namoota keessatti akka hin dagatamnetti ittiin barsiisa. Gama biroon geeraraan kunaarii, rooraa garaa isaa keessa jiru baalladootaa bosonatii qabachuun soorgoofi sookoon ibsata.

**Fakkeenya÷1**

Boqqolloon birraa dhufaa

Baaduun arfaasaa dhufaa

Eessaa abbaa kootiin fuudheen

Walitti nyaadhee ilaalaa

Humni ganama dhufaa

Qalbiin galgala dhufaa

Essa abbaa kootii fideen

Walmaddii kaa’ee ilaala,Wiirtuu Jildii 2,1999

Ergaanfi hiikoon geerarsa kanaa dhimmii hundiinuu yeroo akka qabu ibsa.Wanti hunduu yeroo tokko keessatti argamuu akka hin dandeeenye agarsiisa. Hawaasichi wanta wal hin simne kana wal simsiisee fayyadamuu akka qabu hubachiisa.gorsaa kenaa,Birraafi Arfaasaan yeroo tokko akka hin tanee yookaanadda addaa ta'uu isaanii kana keessatti uummanni Oromoo wanta adda addaa akka hojjetu, hojiin isaa kun immoo yoomfi yeroo kam akka hojjetamu hawaasa barsiisa. Wanti hunduu yeroo waliin deema jedha geeraraan kun.Gama biroon immoo gaabbii mul'isa.kanasii kan ibsuu 'Eessa abbaa kootiin fideen, walmaddii kaa'ee ilaala'kan jedhu yoo ilaalu gabbii mul'sa "walmaddii kaa'ee" gaaleen jedhu keessattuu namni kun wanta darbe gonkumaa wanta argachu hin dandeenye ta'uu mul'isa.Kanaaf yeroo jiruutti seeraan qabachuu akka qabu ibsa.Faayidaan isaa bashannansiisuu, barsiisuufi gorsuudha. Fakkeenya "humni ganama dhufaa" hawaasa keessatti yeroo dargagummaa keenyatti fayyadamuu akkaa qabnunibarsiisa.Hawaasni Oromoo, Arfaasaan isaaaf jaalala,gammachuu isaati loon nitiffata, looniif hawaasni Oromoo walitti dhufeenya cimaa akka qabufi orsiisee bulaa ta,uu ibsa. Dabalataan "Eessa abbaa kootii fideen walmaddii kaa'ee ilaala" kan jedhu gaabbii mul'isa.Akkuma fakkeenya kana irraa hubannutti qabiyyeen dhiyaate gosoota geerarsaa hedduu keessaa tokko qofa.firiiwwan dameewwan afwalaloo keessaa isa tokkoo. Uummanni Oromoo muuxannoo jiruuf jireeenya isaa kallaattii faaruu adda addaan ni ibsata. Faaruun gosoota adda addaa qaba. Isaanis:

**Faaruu Jaalalaa**

Ashaakiltii baala nyaatuu

Naa ergi baala waleensuu

Magaaltittii nyaara kuullee

Naa ergi waan na jabeessuu

Muree muree mana ijaaraa

Yoo sokorruun mana taatee

Dhufee dhufeen si ilaalaa

Jalallii yoo soogidda taatee,Wiirtuu Jildii 2,1999

Faaruun Jaalalaa kunis firii fi bu'aa afoolaa afwalaloon dhiyaatu ta'ee faayidaa adda addaa qaba. Isaanis gammachuu, rakkina, hawwii, midhagina, jibbaafi jaalala ittiin walii ibsan keessaa faaruuun jaalalaa isaa tokko.Ergaan qabiyyee kana mucaan tokko mucaa jaalateef jaalala ishiifii qabuufi dhimma garaa isaa keessa jirukan ittiinibsatuu. Fakkeenya:- "Ashaakiltii baala nyaatu" fakkeenyaa kanaan mucayyoon tun durba reefu geessu ta'uu ishee mul'isa. "Dhufee dhufeen si ilaala, jalallii yoo soogidda taatee"jechi "soogidda"jedhu kan nyaata mi'eessu kun ija jireenyajaalala midhagduutti fakkeenumaan dhiyaatee jira. Jechi"sokorruu" jedhu immoo muka haata'u malee kan jabina hin qabne, yoo jaalalaan mana ijaaru jabinni hin jiru taanaan rakkoo akka ta'e ibsuuf itti fayyadame.Haata'u malee dhiyaatina kana keessatti qabiyyee qofa dhiyeessuu malee wanti inni ittiin barsiisuu barbaade hin jiru.Kana irraa wanti hubatamuu qabu, firii afoolaa hawaasa Oromoo keessatti faayidaa adda addaa qaba.

**Weedduu**

Weedduun firiiwwan afoolaa afwalaloon dhiyaatan keessaa tokko ta'uu isaa dursamee galmaa keessatti ibsameera. Kana malees muuxannoo jiruuf jireenya hawaasa Oromoo keessatti ga'ee olaanaa akka qabu ibsuun yaalameera.Isaanis:

**Fakkeenya÷2**

Gaachanni gaachana hin caaluu

Caalekaa gaachanni booyyee

Jaalalli jaalala hin caaluu

Caalekaa jaalalli ijoollee

Yaa baddeessaa laga soolee

Gowwaan muka dhoqonnuudhaa

Barbaach keen laga oolee

Akka kormaa bosonuudhaa

Handoodeen kutaa hin addeessuu

Lakkii kutaa sana miicii

Naan ooddee silaa indandeessuu

Lakkii mucaa sana dhiisii

Baddeessaa soofte malee

Qilxuu sooftee ingarree

Qancaraaf boosse malee

Kichuu ijoollee ingarree

Waaqayyoo roobaa bulee

Baddaan fixeensa hin qabu

Maal yoon sii jedhee du'ee

Garaan hiyyeessa hinqabu,Wiirtuu Jildii 2,1999  fi8,1999

Qabbiyyeen weedduu fakkeenya armaan olii keessatti weedduu jaalaalaa fakkeenyaa adda addaan dhiyaate. Meeshaan "gaachana" jedhamu googaa beelladoota adda addaa irraa tolchamuun isaa ni beekma, haata'u malee gaachanni booyyee jabina akka qabu, fakkeenyii kana immoo cimina jaalalaa waliin walsimsiisuundhyeesse ergaa cimaa ittiin dabarfachaa jira. Keessattuu jaalalli ijoollummaa baayyee cimaa ta'uu ibsa.Jecha "muka baddeessa" nama gamna waliin "muka dhoqannuu" immoo nama gowwaa waliin dhiyeessuun ergaa ittiin dabarfatee jira kunis ergaa dabarsuu barbaade sana fakkeenumaan dhiyeessu. Ergaa sana sammuu ishee keessatti mullisa. "Akka kormaa bosanuudhaa" fakeessuun dhiyeesseejira.Kunis amala kormaa bosoonuu ofii isaa gonfachuun cimaata'uu isheedhaa ibsaa jira. Ergaan kun haala sammuu ijoollee keessatti ergaan sun darbuu danda'uun dhiyaatee jira. Akkasumas walaloon kun sammuu ijoollee keessatti suura ergaa isaa kaasuu ni danda'a.

.Afoolaa yoo ilaallu kanneen akka Af-walaloo, Af-hololoofi Gucoota biroo of keessatti hammata.

**Af-hololoo**

Af- hololoon hojiilee afaaniin darban kan bifa hololootiin dhiyaatan mara hammata. Garuu,bara durii namoota hedduu biratti ija hin taanen ilaallamaa ture.Oduu namoota durii Kan namoota Ogummaa qabaniin osoo hin ta'in hawaasan kan uumamuudha.Kan bifa dhaabbataa hin qabne (asii dhufteen isaa hin beekamne) bakka madda isaanii Shakkuu, iddoo tokkoo ka'anii faffaaca'an jedhanii yaadu.Akkaataa itti yaaduu irratti hundaa'anii ardiin qooduu.Addaan qoodinsa Af-hololoo yoo ilaalle kallattii adda addaatiin qoodame.Namoonni garagaraa ulaagaalee adda addaa fayyadamu. kanneen armaan gadii akka fakkeenyatti ilaaluu dandeenya.Akka Finnegan qooddetti, Seenessoo afaanii, mammaaksota, hiibboowwan, haasawa Namootaa kan kana fakataan.

**Af-walaloo**

kanas hayyuun tokko gama isaaniitiin akkasitti cimsanii ibsaniiru.'Sirbi aadaa carraa adda addaa argamu irratti kan sirbamuu fi bifa adda addaa agarsiisuu kan dandaa'u hawaasni keessoo isaa gammachuu,gadda, aarii, hawwii fi fedhii isaa kan ittiin ibsatu ta'uu,**Zarihun,1985,**irratti ibseera.Maalummaa Sirboota aadaa ilaalchisee qorattoonni adda addaa biyya keessaa fi alaa yaada mataa isaanii kennaniiru.Yaadni isaanii kunis wal fakkata ta'anii arganna. Qorattoonni hedduun isaanii sirboonni aadaa dhalootaa gara dhalootatti jechaan kan darbanii fi mi'aa muuziqaa kan qaban ta'uu ibsaaniru.keessattuu qorataa keessaa tokko sirboonni aadaa amala jijjiirramuu isaa akka itti aanutti ibseera. Sirbi aadaa muuziqaa jechaan darbuudha.dhalootaa gara dhalootaatti jechaan yeroo darbu yeroo hunda rogaa (bifa) isaa irratti jijjiiramni mul'achuu danda'a. Yeroo booda barreessaan kan irraanfatu yoo ta'u haalli af- walaloo, raawwiiifi tooftaan isaa naannoo tokko ykn biyya kan agarsiisudha**.** **CRSTAL,1990** akka qoratetti yaada kanaan sirboonni aadaa dhalootaa gara dhalootaatti jechaan kan darbu ta'uu isaa fi yeroo darbus walaloo haaraa yookiin raawwii biroo uumudhaan fooyyessuun waan raawwataniif amala jijjiiramuu kan mul'isan ta'uu isaanii ni hubanna.akkasumas amaloota isaanii bifa itti aanuun ni

hubanna.Af-walaloon ogummoota bifa walalootiin jiran maraa ta'ee kan sirbaman, faarfaman, weellifaman, geeraraman, jeekkaraman fi kan biroo dabalata. Af-walaloon akaakuuwwan hedduu of keessaa qaba. Afoolli amala mataa isaa kan qaban ta'uu **Finnegan,1970**kanneen armaan gadiitti qoode.Af-walaloo Faarsuu (panegyric),Goota, Mootota,.Loon, Af-walaloo Booyichaa (Elegiac) namoota du'aniif, Af-walaloo Amantii (Religious),Jeekkara, Baaroo, Faarfannaa amantaalee, Af-walaloo kaayyoo addaa, adamoo, lola, hojii, Af-walaloo gabaabaa (Lyric), kan namoonni keessa ofii himachuuf itti fayyadamaniidha. Bakka taphaatti kan namni sirbuudha, Af-walaloo Siyaasaafi dhimmoota baraa, waa'ee Siyaasaa, kan paartilee siyaasaa, kan dhimmoota bara waliin deemanii,.

### 2.3. FAAYIDAA AFOOLA

**Jireenya hawaasaa keessatti afoolli faayidaa bal'aa qaba.Haata'u malee faayidaawwan afoolaa keessaa isaan ijoo ta'an ilaalla.Uummanni bifa adda addaatiin afoolatti akka fayyadaman hubanna. Faayidaawwan afoolaasiyaasa keessatti** maalummaa namootaa yookaan hawaasa tokkoo baruufi adda baasuuf tajaajila..Ogeessonni Ogummaa isaaniin akka sirriitti fayyadaman taasisa. Fakkeenyaf ogeessa fayyaa fi bulchiinsa irratti namoota bobba'aniif faayidaa guddaa qaba.Sirna bulchiinsa humnanama keessatti namusa iddoo hojii waan agarsiisuuf faayidaa qaba.Afoolli dhalootaa gara dhalootatti kan darbu qabeenya uummataati. Dhimma kana ilaalchisee qorataan Afoolaa Dorson,1972 Afoolli damee Folklore keessatti kan ramadamu ta'uu fi hawaasni muuxannoo,falaasama, gadda, gammachuu, fedhii fi aadaa isaa kan ittiin agarsiisuu fi ambaa isaa ta'uun ibsameera.Afoolli iddoo lamatti kan qoodamu ta'uu yookiin kan dhiyaatu ta'uu qorannoo isaatin agarsiiseera.Isaanis oduu durii afaaniin darbaniif fi walaloodhaan sirbaman yookan jeekkaramaniidha. Oduun kan dhiyaatuu; Afoola, hiibboofi taphni akka fakkeenyatti kan ibsamuudha. Walaloon kan dhiyaatuufi sirbamu bifa Af-walaloo ta'ee kan cidhaa, kan jaalalaa, kan kabaja ayyaanafi kankana fakkaatan. Kutaa damee duraa kanaan kanaa olitti maalummaa sirba aadaafi amalaa bu'uuraa isaa xinxaalamuu yaalameera.Gama biratiin immoo foklooriin gosoota gurguddoo saditti qoodama.Afoola,aadaa meeshaa, duudhaalee yoo ta'an hojiilee kalaqaa kan afaaniin/jechootaan himaman,sirbaman yookaan darbaniidha.Afoolli afaaniin uumama,afaaniin daddarba,afaaniin raawwatama.Afaaniin waan raawwatamuuf carraa dagatamuu, jijjiiramuu fi madaquu qaba. Seenaa,duudhaa,safuu,aadaa,falaasama,ilaalcha,beekumsa, siyaasaa hawaasa isa uumeef bara keessatti uumamee agarsiisa.

### 2.4. AMALOOTA AFOOLAA

**Afoolli dhugummaa argatee afoolummaan isaa kan ittiin beekamu amaloota isaa irratti hundaa'eeti. Amalooota afoolaa keessaa muraasa isaanii akkataa armaan gadiitiin hanga tokko ibsuun ni yaala.Afoolli gochaafi jechaan walsimate kan ittiin dhiyaatuu. Hojii yoo jennu firiiwwan afoolaa miidhagina gonfatanii afaan keessaa yammuu ba'an gochaan walsimatanii hojetamaan?Eenyuutu hojetaa?Akkamitti hojetaa?yoom hojetama? gaaffiiwwan jedhaman deebii kan itti argataniin. Kanuma wajjiin dhiyaachuu isaanii mul'isa. Maaltu walsimatee kan jedhufi Mulugetan,1999,Finnegan,1970waabeeffachuun yaada armaan gadii keneera. afoola haalamiidhagina artii goonfatee mul'achuu kan danda'u yoo hojii qabaate ta'uu nu hubachiisa "Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on specific occasion.There is no other way which it can be realized as aliterary product" Finnegan,1970Afoolli hojiidhan kan dhiyaatu sochii qaamaafi gocha waliin wal qabsiisuun,**

**onnee irranamoota kakaasee akka waliin raawwataan (hirmaatan) gochuu, kan ittiin dhiyaatu hojii qamaa ta'uu ibsaa. Haallii dhiyaatina afoolaa hedduun isaanii gamtaan ta'uun isaanii ni beekama. Hojiin aadaafi seenaa adda addaa irratti hundaa'ee bu'aa afoola tokkoo yoo dhiyeessu hirmaattonni ga'ee olaanaa qabu. Qooda olaanaa qabaachuu isaanii Ruth Fennegan,1970 akkas jetti.Akkuma armaan olitti ibsame dubbistootaa hojii uumee barreessaa irraa hirmootonni afoolaa garaa garummaa qabu. Dubbistoonni kitaaba og-barruu tokkoo qaamaan osoo hin socho'inis ni dubbisu. Garuu hirmoattonni afoolaa yeroo heddu gamtaan irrattii hirmaatu.Hojiin yoo dhiyeessu jalaa qabuu iddoo dogoggoraa ni sirreessu, yoo irraanfatan ni yaadachiisu dabaree dabareen walharkaa fuudhanii mi'ainaa afoolaa ni miidhagsuu. Mulugeta,1999 akka armaan gadittii hubachisuufi yaaleera.** Afoolli Gochaa wajjin kan walqabatu. Yeroo baay'ee yaada ifa ta'e hubachuuf kan rakkisu miti. Afaaniin dhalootaa dhalootatti waan daddarbuuf jijjiiramni yaadaa jiraachuu ni danda'a.Yeroo baay'ee gareedhan hojetamaa.Yeroo baay'ee waan darbe irratti xiyyeeffata.Afoolli jiruu fi jireenya dhala namaa keessatti faayidaa hedduu qaba.Isaan keessaa hanga ta'ee akka armaan gadiiti ibsama.

Afoolli itti aara galfachuu fi itti bashannanuuf.Jireenya hawaasaa,aadaa,duudhaa,seenaa ibsa.Amantii fi kabaja hawaasni tokko waan tokkoirratti qabu agarsiisa.Afoolli yeroo heddu barruuf madda ta'uudhaan tajaajila fi kan kana fakatuu.**Namni abalu jedhamu bara akkanaa iddoo akkanaatti afoola akkasii uumeera jedhamee hin beekamu. Kana jechuun akka hogbarruu barreessaa abboommii dhuunfaa hin qabne nu hubachiisa.Kanaafuu, afoolli qabeenya dhunfaa otoo hin taane qabeenya uummataa akka ta'eetti beekama.Kunis akaakuu amala afoolaa ta'uusaa agarsiisa.Abboommii gamtaa'inaa kana dhaloota har'aa ga'umsaan barsiisuun aadaafi safuu hawaasichaa cimsuudha. Afoolli dhalootaa dhalootatti afaaniin waan darbuuf itti dabaluuf irraa hir'isuun ni mul'ata, kana keessatti jijjiiramni uumamuu ni danda'a. Akkaataan jijjiirama isaa bifa addaatiin ilaaaluun ni danda'ama. Hojii afoolli hojii tokkoo irraa kan birootti afaaniin akka darbu ni hubanna. Kanaaf bu'aawwaan afoolaa qabiyyee walfakaatu qaban bifa adda addaatiin dhiyaachuu danda'u. Hojiin tokko dandeettii isatti fayyadamee yoo dhiyeessu, hojii biroo irraa gara garummaa waan qabu'uuf jijjiiramni afoolaa sana keessatti nimul'ata. Mulugetan akka ibsetti:Ragaawwan adda addaa fooyyessee miidhagina itti uwwisee bifa addaatiin akka dhiyeessu hubanna. Dhiyaatina kana keessatti jijjiiramni ni uumama. Yoomeessa keessattis afoolli tokko yeroofi iddoo irratti hundaa'ee jijjiirama ni agarsiisa. Kana yoo jennu garuu guutumaan guututti qabiyyeen isaa ni jijjiirama jechuu osoo hin taane itti dabaluuf irraa hir'suun mul'ata. Afoola hanga kana jijjiiramaa deemu kana immoo qabiyyeewwan isaa barnoota idilee keessatti haalaan dhiyeessuun itti fufiinsa aadaa hawaasichaa ni cimsa**

## BOQONNAA SADI

### 3. Mala Qorannichaa

### 3.1. Madda Ragaaleefi Adeemsa isaa

Qorannoon kun akaakuu qorannoo qulqulleessaa yookiin akkamtaa yoo ta'uu, ragaan funaannaman jechootaan ibsuufi xiinxaaluun kan gaggeeffameedha.Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Ragaaleen kallattiidhaan hawaasicha keessaa seenuudhan jiraattota irraa kan funannameedha waan ta'eef madda raga kanatti aanee qorannoo kana keessatti ragaan ittiin hojjetame kun eessaa akka sassabameefi akkamitti akka sassaabame,akkasumas haala kamiin akka qaacceffamee dhiyaatee maddi ragaa qorannoo kanaa hawaasaa Aanaa Dagam keessa jirataan irraa kan argameedha.

### 3.2. Iddattoofi Iddatteessuu

Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamu mala argamtaafi kaayyeeffataati. Kanairratti hundaa'uun qaamni qorannoo kana keessatti akka iddattootti filataman shammarran umuriin isaanii waggaa 8-20 ta'an kudha shan(15), Baraanoo shan(5),Jaarsolee (5) fi haadholee (5)akka waligalaatti namoonni sodoma (30) irraa kan fudhatameedha.sababbiin isaas qarannoo tokko keessaatti hawaasa hunda irraa ragaa funaanuun rakkisaa waan ta'uuf kallattiin kan taphataniifi reefuu heeruumuu dhan sirba Aseesaa yeroo dhiyookan dhiisaniifi jaarsoleefi haadholee aadaa kana beekan (bakka bu'an) yookaan iddattoo filachuun dirqamaadha.Namoonni kun qorannoo kana keessaatti akka madda ragaatti hirmataniiru. Aanolee godinaa Shawaa Kaabaa keessaatti argaman keessaa Aanaan Dagam kan filatameef Sirbi Aseesaa yeroo ammaa kana aanolee biroo caalmatti aanaa kana keessatti kan geggeeffamu waan ta'eefidha. Dabalataanis qorataan dhalataa aanaa kana waan ta'eef aadichaa fi sirba Aseesaa kana dhiyeenyatti waan beekuufi yeroo dargaggummaa isaa keessa kan darbe waan ta'eef bu'aa qorannichaatiif gumacha guddaa qaba jedhee waan amaneefidha.Gama birootin ragaalee waajjira aadaafi turizimii godina Shawaa kaabaa irraa argaman aanolee biroo irraa sirbi Aseesaa kan jiru ta'uu isaa kan agarsiisu waan jiruf namoonni qorannoo kana keessatti hirmatan 30n mala iddaatteessaa kaayyowwan kan filatamanidha.Namoonni filataman kun aadaafi sirna adeemsa sirba Aseesaa irraatti beekumsaa fi muuxannoo kan qaban waan ta'eef, kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf barbaachisoo waan ta'aniif filatamaniiru. Gandootaa Aanaa Dagam keessatti argaman 20 keessaa gandoonni filataman afran (6n) kana keessatti sirni kabaja ayyaana jijjiirraa bara haaraa sirba Aseesaatin dabaalamee kan kabajamu ta'uu ragaan waajjira koominikeeshiin Aanaa Dagam irraa argame waan ibsuuf gandoonni armaan gaditti tarreeffaman filatamaniiru.Isaanis :Illaamuu effarsoo, Aannoo qarree, Aannoo dagamii,Dagamayye saalashii,Lemman burqaa jorroofiXummaanoo abdii fa'a.Gandoota qonnaan bulaa afran qofa irratti xiyyeeffata.Gandoonni qonnaan bulaa afran kunniin gandoota biro caalaakan filatamaniif gandoota kana keessa namoonni fedhii qabanii fi ragaa qorataaf kennuu danda'an akkasumas dandeettii kan qaban jiraachuu isaaniti. Qorataan ragaa sassaabuuf meeshaawwaan itti aananii ibsaman tooftaa ragaa sassaabuuf fayyadameera.

### 3.3. Malleen Funaansa Ragaalee

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu malleen garaagaraatiin funaannameera.Malleen kunis DaawwachuufiAf-gaaffiidha.

#### 3.3.1. Daawwannaa

Aseesaan gochaan kan geggeeffamu waan ta'eef yeroo sirni kun raawwatu bakka itti raawwatutti argamuun dawwachuun murteessadha,Yeroo hedduu qorannoon aadaa fi afoolaa kun ragaa waalta'aa fi qabatamaa argachuuf daawwannaa barbaaduu. Kanaaf qorataan bakka sirni kun itti raawwatu dhaqee oddeeffannoo amansiisaa ta'an mala kanaan guurrateera.Ergaan isaa olka'ee akka muul'atu kan taasisu raawwii afoolli qabatu ijoo ta'ee lubbuu ittti hora. Afoolli yeroodhaa yerootti dhuunfaan yeroo raawwatan amala jijjiirramaa mul'isa.Sababa kanaan  raawwiin dabaluu fi hir'isuu isaa xiinxaluuf meeshaan waraabuun barbaachisaadha. Kanaafuu af-walaloo sirba Aseesaa fi raawwii isaa baraa baratti jijijjiirramaa kan deemu waan ta'eef sirni raawwii isaa sagalee waraabuudhan dhaaloota dhufutti dabarsuun faayidaa qaba.Qorataan yaada kana ka'umsa godhachuun af-walaloo sirba Aseesaa waraabduu suur-sagaleen waraabuun raga sassaabera.Haaluma kanaan qorataan dhimmoota itti aanaan rawwateera.Shamarran dardara  ta'anii sirba Aseesaa sirbuuf dandeettii  qaban gaafachuun filachuun shamarran filataman yeroofi iddoo isaanitti tolu akka filatan taasisuu, shamarran yeroofi iddoo filatan waraabbiif  mijaa'aa ta'uu mirkaneesseera.Daawwannaa kanaaf mirkaneeffannoon (checklist) qophaa'ee hojiirra oolera.

#### 3.3.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin kan filatameef namoonni qooraannoo keessatti hirmaatan tibbaa kabaja jijjiirraa bara haaraa hojii adda addaa tiin waan qabamanii fi yeroo argatanii  barreeffama guutuuf waan rakkataniifi af-gaaffiin filatameera. Kara birootiin kaayyoon qorannichaa ibsuu,xiinxaaluu fi hiikuu ergaawwanii fi qabiyyewwan sirba Aseesaa irratti waan ta'eef af-gaaffiin immoo xiinxaaluuf ibsa gad-fageenya qabu argaachuuf namagargaara.Qoraannoo kanaf akaakun af-gaaffii miti-caaseffama hojiirra oleeraa.Kunille kan ta'eef yaada bal'aa fi dabaalata argaachuf  yookaan funaanuf waan gargaaruf haaluma kanaan gaaffileen ka'uumsa ta'an maalummaa sirba Aseesaa,akkaata raawwii yeroo itti raawwatamu,eenyufaan akka rawwatamu,hawaasa Oromoo jiraattota aanichaa ta'an dubbisuun af-walaloo Aseesaa walitti qabuuf sochiin taasifamee,Af-gaaffii godhameen ragaan sassabame kan itti aanuu ta'a.Hunda dura raawwii kabaja ayyaana jijjiirraa bara haaraa irratti sirba Aseesaa sirbameef muuxannoo fi dandeetti qaban namoota naannoo sana filachuun namoota filataman qaaman argachuun kaayyoo qorannichaa ibsuufiin ragaa qorataan barbaadu kennuuf hayyamamoo ta'uu isaanii gaafachuun namoota ragaa kennuuf hayyamamoo ta'an yeroo isaanitti tolu gaafachuun beellama waliin qabachuun guyyaa beellamaa meeshaa ragaa sassaabuuf barbaachisoo ta'an qabachuun sa'aatii beellamaa osoo hin geenye iddoo irratti argamuun ragaa sassaabera.

### 3.4. Mala Ragaaleen itti Xiinxaalaman

Ragaalee qorannichaaf barbaachisan malleen gara garaatiin funaannamanii mala adda addaatiin qaacceffamee, ragoolee mala ragaa guuruu daawwiifi af-gaaffiin argaman jechaan mala akkamtaatti fayyadamuun

xiinxaalamee qaacceffameera.Dabalataanis yaadannoo barreffamaan qabaman qorataan duursa meeshaa waraabbiin af-walaloo sirba Aseesaa waraabaman barreeffama harkaatiin af-walaloo sirba Aseesaa sassaabaman dubbisuun xiinxaalee,waraabbiwwan sagalee dhaggeeffachuun barreeffamatti jijjiirera. Dhiyeessaan qarannoo kanaa ragaalee xinxaaleef barreeffama qarannoo Yehizb-Addaamgelaa (1986)fi kan Itaafarrawu Makbiib (1989) ilaaluun haala adeemsa xiinxaala ragaa fudhateera. Haa ta'u malee barreeffama qorannoo kana keessaa mala ragaa xiinxaaluu kan itti fayyadame walfakkeenya hin qabu. Malli qorataan ragaa ittiin xiinxaale akka itti aanu fakkaata.Qorataan duursa meeshaa adda addatiin kan sassaabaman af-walaloo Aseesaa walitti guuree itti fayyadameera.Isaan boodaa barreeffama harkaatiin af-walaloon sirba Aseesaa sassaabaman dubbisuun xiinxaalee addaan baasee tartiibaan guutera.Waraabbiiwwan waraabbaman sagalee dhaggeeffachuun barreeffamaati jijjiireer.Raawwii sirbaAseesaa kabaja ayyaana bara haaraa irratti Shamarran Sirban haala tokko tokkoof galtee ta'aniin dhiyaatera.Akka waliigalaatti, sirboonni funaannaman akkaataa qabiyyee isaanitiin qindaa'anii akka taa'an ibsi xiinxaallii fi hiikni itti aanuu kennameera.

## BOQONNAA AFUR

### 4. Dhiheessa, Xiinxalaafi Hiika Ragaalee

4.1. **Haala Waliigalaa Ayyaana Qaammee**

Akkaataa ragaalee daawwannaafi afgaaffiin argametti, Aanaa Dagam keessatti sirna kabaja ayyanaa guyyaajijjiirraa bara haaraa sabniOromoo guyyaa kana kan kabaju gammachuun sirbaa,wantootaaddaa addaa raawwachaa guddinaa fi badhaadhummaa waan hawwaniifidha.Haaluma kanaan haawasniOromoo Aanaa Dagam keessatti argaman ayyanaa jijjiirraa bara haaraa haala hoo'aa ta'een kabaju. Hawaasni naannoo guyyaan kabaja ayyanaa osoo hin geenye dura seensa qaammee irraa eegalanii qophii adda addaataasisu.Jirattotaa aanicha keesaa harki caalu guyyaa qaammee 1 eegalanii halkan laga bu'anii bishan qaammee dhiqatu.Akkaataa barsiifannaa hawaasatiin kun kan raawwatamuuf xurii bara moofaa irraa qulqullaa'uun bara haaraa qaamaa fi sammu qulqulluun simachuufidha. Bishaan qaammee erga cuuphamaniibooda galma bara haaraaf beekamtii kan ta'e Daraaraa kutanii sirbaatii gara mana isaanii deebi'u. Sirna kana irratti dargaggoota dhiiraa, shamarran,Abbaan warraa, hirmattotaa ta'anis akkaataa aadaa naannootti dubartoonni heeruman hin hirmatan.Dubartoonni sababa maaliif akka hin hirmaanne gaafannee "aadaadha" jechuu irraa kan hafe ibsa qabatamaa ta'e kan nuu kennu argachuu hin dandeenye. Akka aadaatti garuu baratameera.Gaheen dubartoota hin hirmaannee maatii bishaan qaammee dhiqachuuf laga bu'aniif abidda qabsiisanii eegudha.Miseensonni maatii cuuphamanii deebi'aniiabidda qabate marsanii hoo'ifatu.Shamarran abidda hoo'ifachaa fulbaana guyyaa tokko walaloo sirbaa Aseesaa sirbanii jechaatii sirboota sirbaman shaakalu.Dubartoonni ga'eessota ta'an immoo sirba Aseesaa shamarran dagatanwalaloo sirba Aseesaa yaadachiisuun akka sirban godhu.Yoo dogongoran sirreeffama kennu.Qaammee huccuuwwanii fi meeshaleen manaa kan xuraa'e ta'ee, xuraa'uu baatus ni dhiqamu(nimiiccamu)bishaan qaammeetiin,qulqullaa'u.Kana malees dabalataan haati warraa fi shamarran Gooroo fi mana ni haxaawu, harata abiddaan gubu, gooroo fi lafa haxaawwame faltii(dhoqqee) horiitiin qulqulleess.Yeroo kanatti wantoota aadaa adda addaa raawwatu. Fakkeenyaaf maatii tokko keessaa namni dhukkubsate tokko yoo jiraate "**Lukkuu adii** mataa dhukkubsataa irraan marsuun Lukkuu kana halkan daandii qaxxamuraa irratti gatu.Kana kan raawwataniif lukkichi dhibee dhukkubsataa fudhatee deema amantaa jedhu irraa kan ka'eedha.Kana malees kan biroo loomii fi marigaa uriigofituu (Xajji-saaraa) daandii irratti gatu.Loomii fi xajji-saara daandii irratti gatame kanaan haawaasni naannoo "**Danqaraa**" jedhuun. Kana kan godhaniif lukkuu gatuu irraa sababbiin adda ta'e jiraatee miti. Fakkeenyaaf lukkuu nama dhukubsatee irraan marsame namoonni osoo hin beeknee yoo fudhatan dhibeen isaanitti darba jedhu.Haluma walfakkaatun namni osoo hinbeekne "Danqaraa" irra ejjete dhukkubichi itti darba amantaa jedhu qabu.Hawaasni naannoo guyyaa jijjiirraa baraa jechuunis fulbaanni guyyaa tokko osoo hingeenye dura jalabultii kaasee dhimmoonni itti aanaan tartiiban raawwatu.Shamarran guyyaa jal-bultii jijjiirraa bara haaraa ganama sa'aaatii 12:00 tti ka'uudhaan gara qunnii buqqisuutti bobba'u. Qunnii buqqifachuuf kan bobba'an ollummaa fi hiriyummaan walfilachuunidha.Kaayyoon isaanii ol'aanaan qunnii buqqifachuu ta'uus dabalataan Daraaraa ni kutu, allaaduu ni-haamu,Daraaraa kan kutaniif qunnii buqqifatanii mana irra naanna'uu fi manattis afachuufidha.Sirni Qunnii buqqifannaa dargaggoo fi shamarran dhungoo hidhiifwalbarbadaniif carraa gaariidha.Dargaggoowwan dhiiraa "Jaalallee''isaanitiif shaashii bitudhaan iddoo Qunnii buqqisaa dhufu. Shamarranis gama isaanitiin "Dhadhaa,urgooftuufi karameellaa qopheessani eegu. Dhadhaafi urgooftuu jaalallee isaanii dibuun karameellaa immoo kiisii isaanitti naqufi. Akkasumas dhadhaa fi urgooftuu erga isaan dibanii booda shaashii moofaa hikkachuun goofaree isaanii ittiin hidhuf. Kana erga raawwatanii booda shamarran shaashii haaraa dargaggoon dhiira fideef harka fudhachuun ni hidhatu. Kana kan raawwatan gareen osoo hin taane tokko tokkoon raawwatu.Kana booda dargaggoonif shamaraan walidhungatuu.Haata'uu malee walqunamitisaalaa hin

raawwatanii. Sababni isaas gaa'elaan dura saal-qunnamtii raawwachuun hawaasa birattisafuu waan ta'eef.Akkasumas maqaa ofii eeggachuuf walii yaadudha.Dhuma irratti Allaaduu haamaanii mudhii isaanitti baatanii daraaraakutanii fi Qunnii buqqifatan harkatti qabatanii garamana isaanii deebi'u.



**Fakkii:-1. Suura Shamarran AlaadduuBuqqifatan Agarsiisu**

Guyyaa kabaja ayyaana bara haaraa osoo hin geenye dura kusaayee fi mukootaa biroo irra xomboorri ni hojjetama.xomboorri qophaa'e kunis guyyaa sirna ibsaa jal-bultii galgala ni ifa.Sirni ibsaa xomboraa kan raawwatu qaammee 5 ykn 6 galgalaadha.Ayyaanni jijjiirraa baraa akka boruu yoo ta'u sirni ibsaa xombooraa galgala sa'aatii 2:00 tti ni eegala. Akkaataa aadaa hawaasa Oromoo naannoo Aanaa Dagam sanaatti xomboora kan ibsu Abbaa warraati. Abbaan warraa abidda mana keessatti qabate irratti xomboora erga qabsiisee booda gara alaa baasa.Xombooraa yoo qabsiisu yaa ayyaana abbaa kiyyaa yaa ayyaana haadhatiyyaa waggaa waggaadhan nu ga'i jechuun galataa dhiyeessu.Abbaan warraa xomboora baasee balbala fuul-dura yoo kaa'u shamarran mana keessa jiraatan xomboora boba'u marsuudhaan sirba Aseesaa sirbu.Sirbi Aseesaa galgala xombooraaf dammaqina kenna. Xomboorri sababbiin ifuuf bara moofaa keessa gara bara haaraatti ce'uu fi taphni sirbaa Aseesaa taphatamu eegaluu isaa beeksiisuuf akka ta'enamoonni naannoo umuriin buleeyyii ta'an jaarsoleef beerran ni-dubbatu.Borumtii kabajni ayyaana bara haaraa ni kabajamaa.Uummanni aanicha ayyaana jijjiirraa bara haaraa kan kabaju haaluma humna isaatiin namni qabu hoola xiqqaadhaa hanga tumaalessaatti ni qala.Kan hin qabnee immoo kan humni isaa eeyyaame godha.Guyyaan ayyaana jijjiirraa bara haaraa gammachuu waan ta'eef ni dhugamaa,ni-sirbama.Waan kana ta'eef haawaasniOromoo Aanaa Dagam nyaataa fi dhugatii akkuma haala mana isaanitti qopheessuun kabajaa ayyaanichaa haalaahoo'aata'een kabaju. Shamarran huccuu haaraa uwwisuun hawaasa biratti akka aadaatti fudhatama.Sababbiin isaas guyyaa jijjirraa bara haaraa shamarran guyyaa ittii muul'ataniifi gammadan waan ta'eef.Kanaafuu shamarran shurrubbaa qaqallisanii miidhagsaanii dhahatu. Lootii gurraas ni qopheeffatu. Asoosillaa harkaisaanii irratti hidhat. Ayyaanni jijjiirraa baraa shamarraniif guyyaa addaa ta'eedha.Shamarran naannoo sanitti argaman garee gareedhan qoodamuun mana irra naanna'uudhan Qunni kennaa sirba Aseesaa sirbu.Mana manaakan kennamuuf

dhadhaafudhatu.Darbee darbee bakka dhadhaa daabboo fi farsoo kennuuf.kennaa kennameef kana sirba Aseesaatiin faarsu.

**Sirba Aseesaa**

Sirbi *Aseesaa* akkuma sirba biroo afoola mataa isaa danda'ee haalaa fi bifa adda addaa qaba.Haala walaloo sirba Aseesaa keessaa tokko raawwiidha. Raawwiin sirba tokkotti lubbuu kan horuudha.Af-walaloon bu'aa inni qabu ilaalchisee "ፍቃደአዘዘየኢትዮጵያብሔረሰቦችአፍአዊኪነተቃልጥናት"haala itti anutti ibseera.

Af-walaloon akka jiraatukan godhu raawwidha. Kunis dubbiidhaan dhalootaa dhalootatti darba.Af-walaloon uummata gidduutti yoo hinraawwatamne bu'ura dhaba jechudha. Kana jechuun immoo af-walaloon yoo raawwatamu (bocamu) baatee akka waan du'eeti jechuudha (ፍቃደ, 1979:1), Af-Walalooirraa akka hubannutti raawwiin af-walaloof bu'uuradha. Af-walaloon dhalootaa dhalootatti jechaan yeroo darbu raawwiin yoo raawwatamu baate maalummaa dhaba.Raaawwiin yoo waraabbamuu baate hin muul'atu. Haaluma kanaan raawwii sirba Aseesaa haala kamiin akka raawwatamu waraabbameera.Sirbi Aseesaa kan sirbamu dibbeefi harka dha'uudhanii miti. Sirbitoonni kan irratti fuulleffatan haala sagaleen itti ba'u irratti. Sirbichi sochii qaamaa kan mataa isaa danda'e qaba.Kan baastu af-walaloon yoo baastu namoonni jalaa qaban immoo sagaleedhaan miidhagina kennnuuf. Sirbi Aseesaa baastuu tokko ykn lamaa fi harkaa fuutota hedduunkan sirbamudha.Afoolli tokko ykn sirbi aadaa tokko kan uummamu ykn kan sirbamu carraa barbaada. Fakkeenyaf sirba cidha sirbuuf cidhni jiraachuu,sirba hojii sirbuuf hojiin jiraachuu,walaloo booyicha qopheessuuf booyichi jiraachuu,sirna kabaja ayyaanaa sirbuuf akka carraa sirni kabaja ayyaanaa jiraachuu qaba. Karaa biraa immoo afoolli tokko miidhaginaaf lubbuu qabaachuu kan danda'u afoolli ykn raawwii sirbaa irratti hirmaattonni yoo jiraataniidha.hirmaattonni nama sirba baasu irraa fuudhudhaan sirbichi akka miidhagu taasisu.Sirboonni bifa adda addaatiin kan sirbamu yoo ta'u innis sirba af-walaloon sirbamu, geeraramu, kan faarfamuu ,kan jeekaramu yoo ta'u sirbi Aseesaas isa tokkodh.Sirboonni Aseesaa hedduudha.Isaan keessaa sirboota itti aanuu kaasuun ni-danda'ama.

| **Kan sirba baasan** | **Kan jalaa qaban** |
|---|---|
| Waciitii bitanne 3x | Waciitii bitanne'3x |
| Diinqa malee hinteechuu'2x | diinqa malee hinteechuu'2x |
| Haati mana kanaa'2x | Haaati mana kanaa'2x |
| Ilma malee hindeechuu'2x | Ilma malee hindeechuu'2x |
| Aseesaa goofaree gootaa | Aseesaa goofaree gootaa |
| Abaaboon dhoote hoodaa | Abaaboon dhoote hoodaa |

Waaqni baranaan isin ga'e

Nagaan bara egereetiin isiin haaga'u'

Aseesaan waggaa waggaadhan isin haa eegdu’

Shamarran keenya nuuf guddadha’

Ulfaadhaa waaqayyoon ulfina isiniif haa kennu

Abidda gabbataa isniif haa baasu’

Buqqisaa buqqisnnaa’

Daa’imman guddisnnaa’

Daa’imman eebsinaa’Faarsinaa’gorsinaa’

Laga mogor ciisi yaa jawwee maramii’

Haadha mana kanaa taabota maaramii’

Haadha mana kanaa suuraa Maaramii’

Daldaalaan Shaggar ba’u Caancoo goraa’

Kaachaamaaleen Shaggar ba’u Caancoo goraa’

Jaalalli baayyatee nama jaanjoo godhaa’

Dagam roobaa bulee’leemman fixeensa hin qabu’

Jaalalli kee laphee koo keessa jiraani hirriibaa hin qabu’

Jaalalli kee laphee koo keessa jira dafee si dhaqqabu’

Kan gammachuu yoo daraaraan dhootuu’

Kan waggaa haaraa yoo daraaraan dhootuu’

Dhiirri Goobee dubarri aseesaa taphatuu’

Jaalalli afaanii qofti umurii guddaa hin qabuu’

Garaan na jibbinaan dhugaa natti hin himtuu’

Jaalalli kee damma dhungatteetoo nanobaastuu’

Jorroon dhale lagarraa Ciisaa’

Gaasheen kiyyaa yaa gammachuu isaa Siree waarqirraa Ciisaa’

Naannoo Oromiyaa maaltu gadhiisaa’



**Fakkii:-2. Suura Abaaboo Shamarran Qunnii Waliin Kennan Agarsiisu**

Qabiyyeen ergaa walaloo sirba Aseesaa boqannaa haala bu'uura sirba Aseesaa keessatti ibsamera.Walaloon sirba Aseesaa dhiyaate haala kanmii fi bifa kamiin akka raawwatu fakeenyaan deeggaruun agarsiisuuf kan yaallameedha.Walaloon sirbichaa yeroo lama ykn yeroo sadi kan sirbamuudha. Baastuun irra deddeebitee walaleessuun sirba yoo baastujalaaa qabdoonnis yoo jalaa qaban yeedaloo fi walaloo baastuu guutumaan guututti fuudhudhan sirba Aseesaa sirbu.Bifa walalootiin sirbi Aseesaa dhiyaatu haala addaaddaatiin ibsuun ni-danda'ama. Shamarran sirba Aseesaa kansirban mana namaa irra naanna'udhani. Shamarran yeroo mananamaa gahanosoo gara mooratti ol hin seenin balbala alaa irratti geengoo uumudhan dhaabbatanii sirba Aseesaa sirbu.Baastuunis shamarran geengoo uumanii dhaabbatan gidduu galuudhaan sirba baasti.Fuutonni baastuun hanga baastee xummurtutti harkaa fi mudhii isaanii asiif-achi sochaasuun sirbichaaf miidhagina kennu.Baastuun yoo xummurtuu jalaa fuutonni walaloo jalaa fuudhanii yoo walaleessan, baastunis gama ishiitiin harkaa fi mudhii ishii sochaasuun sochii qaama gooti.

Shamarran guyyaa kabaja ayyaana jijjiirraa bara haaraa ganama sa'aatii 1 eegalee hanga galgalasa'aatii 12 tti sirba Aseesaa sirbaa oluu. Oolma isaanii kanaan kennaan jijjiirraa bara haaraa mana mana kennamuuf Dhadhaadha, Qarshii, Darbee darbee iddoo dhadhaa daabboo fi farsoo kennuuf.Haaluma kanaan shamarran kennaa jijjiirraa bara haaraa erga argatanii booda Alladuu (qunnii) fi Daraaraaabbootii manaatiif kennu. abbootiin manaatis shamarran kana akkas jedhanii eebbisu.



**Fakkii:-3. Suuraa Shamarran Aarshii yeroo Fudhatan Agarsiisu**

Waaqni baranan isin ga'e,

Nagaan bara egereetiin isin haaga'u.

Aseesaan waggaa waggaadhan isin haaeegdu.

Shamarran keenya nuuf guddadhaa.

Ulfaadhaa waaqayyoon ulfina isiniif haa kennu.

Abidda gabbataa isniif haa baasu.

Akkataaaadaa naannootti shamarran kan eebbisan haadholee qofaadha. Haadholeen yeroo eebbisan shamarran sirba dhaabanii eebba dhaggeeffatuu.Yeroon eebbaa erga xummuramee booda shamarran manneen itti aanu deemudhaan sirba Aseesaa sirbu. Akkuma olitti ibsametti haadholeen shamarran ni-eebisu. Erga sirbanii xummuranii booda, shamarran kun kennaa guyyaa kana argatan gara mana nama tokkoo deemudhaan gahee isaanii ni qoodatu.Dhuma irrattis shamarran waaqni sirba aseesaa kan bara kanaan nu ga'e akkuma jiru kanatti

nama tokkollee odoo addaan nu hin baasin nagaadhaan waggaa egereetiin nu haa ga'uujechuun wal eebbisanii gara mana isaanii deemu. kunis qaama raawwii birooti.waa'ee raawwii sirba Aseesaa ammana eega jennee booda gara birootiin haalaa itti anuun ilaaluu shaakalla.Haalli bu'uura Aseesaa tokkoof sababbii isaa walaloodha. sirbichis kansirbamu kabaja ayyaanaa jijjiirraa bara haaraattii. Ayyaanni kun barri moofaa darbee barri haaraa kan bakka bu'u yoo ta'u shamarran Oromoo Aanaa Dagam ayyaana kana sababeeffachuun haala arman olitti ibsameen sirba Aseesaatiin ayyaanicha kabaju.Kan biroo sirbi Aseesaa bu'urri isaa hirmaannadha.Olitti akkuma ibsuuf yaallametti sirba Aseesaa irratti kan hirmatan shamarran qofaadha.Baay'inni hirmattotaa lakkoofsan kan murta'ee miti.Haa ta'uu malee lakkoofsi isaanii jaha (6) hanga kudha shanii (15) gahuu danda'a. Haaluma kanaan baastuun sirba yoo baastukan hafan immoo ni-hirmaatu. Haala aadaatiin haawasniOromoo Aanaa dagam dargaggoon dhiira, jaarsoleen, haadholeen, iddoo ittiargaman sirbiAseesaa yeroo raawwatu ilaaluufi dhaggeeffachuun ala sirba irratti hinhirmaatan.

### 4.2. QabiyyeewwanWalaloo Sirba Aseesaa Qaaccessuu

Afoolli haawaasa tokko keessatti argamu aadaa hawaasichaa፣safuu, barsiifannaa, falasamaa fi fedhii hawaasa tokkoo kan ibsu ta'uu isaa qorannoo kana keessatti haala adda addaatiin ibsamera.Haaluma kanaan haawaasni tokko sababa adda addaatiin afoolli fayyadamu maalummaa hawaasichaa qu'annoon hubachuun akka danda'amu hubatamera.HawaasniOromoo Aanaa Dagam sirba aadaa adda adda sirbuun maalummaa hawasummaa isaa ibsata. Hawaasichi jiruuf jireenya hawaasummaa isaa kan ibsatu sirba aadaa keessaa tokko sirba Aseesaati.Shamarranis sirbaa Aseesaa sirba gocha hawaasichaa guyyaa guyyaa, jaalala,miidhagina faarsu. Akkasumas hiriyoomafi aarii agarsiisu.Haala kanas qabiyyee walaloo Qaaccessuu irraa hubachuun ni dand'ama. Qorannoo kana keessatti fakkeenyawwan haala qaaccessaatiif dhiyaataniifi ragawwan guurraman maalummaa hawaasichaa sirriitti ibsa jedhamee walaloowwan itti amanameedha.

#### 4.2.1 HojiiwwanGuyyaa Guyyaa Hawaasaa Walaloon Yoo Ibsan

HawaasniOromoo Aanaa Dagam akkuma hawaasa biyya keenyaa kamiiyyuu jiruu isaa qonna irratti kan hundaa'e ta'uukanaan dura ibsameera. Waan kana ta'eef hawaasniOromoo naannoo kanaa jiruuf jireenya isaatiif barbaachisaaKan ta'an argachuuf guyyaa guyyaan gocha adda addaa raawwatu.Fakkeenyaf horii horsiisuu,qonnaqotuu, aramaa aramuu, midhaan guuruu, hojii humnaa hojjechuun jiruu fi jireenya isaaniigaggeessu.shamarran Aanaa kanaas guyyaa jijjiirraa baraa sirba Aseesaa sirbuun gocha guyyaa guyyaatti raawwatan ibsu. Gocha kana keessakan agarsiisuwalaloon sirba Aseesaa kan ittii aanu kana akka ka'umsaattii ilaaluun ni danda'ama.

Yeroo bubbeen dhufe mee xaafii haramii

Haadha mana kanaa taabotamaaramii

Shamarran sochii guyyaa keessatti biddeen tolchuu,farsoo naquu bishaan waraabuu, ittoo hojjechuu, arama aramuu fi kan kana fakkatan caqasuun ni danda'ama.Aanicha keessatti xaafii aramuun kan eegalu baatii fulbaanati.Yeroon kun haala rakkisaa yeroon gannaa bahee yeroo aduun bahuu fi qilleensi gaariin bubbisuudha.Dhoqqeen gannaa goggogee yeroo birraan lalisee miidhagee argamuudha.Shamarranis haala qilleensaa kana fayyadamuudhan arama aramu, jiruu hawasumma keessatti hojii humnaahojjechuun maatii

isaanii gargaaruun sochii guyyaa isaan raawwatu.Haadha manaatinis maaramiidha jechuun walaloo kanan faarsuu (jaju.)Walaloo sirba Aseesaa keessa kan jiru ergaan isaanii tokko tokko qunnamtii akka hin qabnee qoratan hubateera.Shamarranis kan fayyadamanwalaloofi yeedaloon akka walsimuuf kan fayyadaman ta'uu hubachuun danda'ameera.Qotee bultoonni aanichaa makarri erga gahee boodaa midhaan kan kuusan gumbii keessatti.kanaafuu shamarran aramaa aramuu malee dabalataan gumbii hojjechuudhaan raawwii guyyaa raawwatu.Shamarran dhoqqee bukeessudhaan midhaan itti kuusudhaaf kan fayyadu gumbiiaddaa cimaa ta'e suphee irraa hojjetu.kana waliinis walqabatee shamarran dhugaatii baay'isanii dhuguun miidhaa akka qabu walaloon ni ibsu.

Namni araada araqee qabu qarshii ittiin dhugu dhabnaan qotiyyoo ittiin qotu gurgurun kan hinhafneedha. Waan kana ta'eef namni dhugaatii baay'isu sammuu fayyaa isaafi maatii jiruufi jireenya hawaasummaa isaa irratti rakkoo cimaan kan muudatu ta'uu isaa shamarran walaloon ni eeruu.walaloon Aseesaa itti aanu kunis kanuma agarsiisa.

Qaqallisii dha'i gootaraa shumburaa,

Namni araqee bare qotiyyoo gurguraa.

Shamarran sochii guyyaa keessatti raawwii raawwatan keessa kanbirooimmoo burqaadhaa bishaan waaraabudha.Fakkeenyaaf walaloo sirba Aseesaa dhiyaatan gocha kana ni ibsu.

Bishaan waraabudhaaf gara burqaa kaadhu,

Suura jaalalaa  nabira kaawwaadhu.

Gandoota qonnaan bultootaa Aanaa Dagam keessa jirataan bishaan Boombaa hundi hinargatan.Kanaafuu lagaa fi burqaadha bishaan waraabuun dhugaatiif fayyadamu.Shamarran bishaan dhugaatiif oolu burqaadhaa waraabuun hojii guyyaa guyyaan hojjetan keessaa isa tokkodha.Ergaan walaloos kanuma muul'isa. Haala Kana waliin  walqabatee shamarran jaalala hiriyaa isaanitiif qaban ibsuuf gara burqaa bu'uun carraa addaati. Dargageessi sababa kana fayyadamuun jaalalaafi heeyyamamtuu ta'uu ishii suuraa ishii isa bira akka keechu gaafata,kan biroo immoo walaloon jecha Aseesaa sochii shamarranii guyyaa guyyaa kan ibsudha. Af-walaloon armaan gadii kun kanuma agarsiisa.

Qaammeen geenyan shamarran walwaamnetoo

Qoraan yaa  guurru bosonaa baaneetoo.

Waada naa -galii akka walitti deebinu dhiyaana nyaannetoo.

Qoraan hawaasaOromoo baratti nyaataa bilcheeffachuuf fayyada.Shamarranis ittoo hojjechuuf, buna danfisuuf, buddeena tolchuuf, walumaagalatti nyaataa qopheessuuf qoraan bosonaa guurun dirqamaadha.shamaranis ganamaan ka'anii qoraan iddoo itti argamu deemu.Shamarran iddoo qoraan jiru gahuuf miilaan sa'aatii dheera deemu.Yeroogannaa lagni dhoqqeefi roobni rakkisaa waan ta'uuf shamarran gara bosonaa deemanii akka barbaadanitti qoraan guuru hin danda'an.Walaloonis shamarran naannoo qaammee keessa akka barbadanitti

hurufa kutanii laga ce’anii gaara bayanii irra gadee bu’anii dadhabbii baayyee booda qoraan guurudhan raawwii guyyaa guyyaa isaanii kan muul’isuudha.

Hawaasni aanichaa jiruuf jireenya isaanii keesatti nyaata guyyaa osoo hinarganne yoo hafan, hojiin yoo itti baayyate, fayyaa yoo dhaban uuman isaanii harka isaa akka bal’isuuf kadhatu.Shamarranis dhiibbaa hojii isaanirra jiru akka salphatuuf amantaa qaban cimsanii akka ittii aanutti ibsu.

Maaramii haadhatoo nu bira dhaabbadhu.

Hojiin nutti baayyate ayyaana nuu laadhu

Dubarri Aseesaa dhirsa barbaaduu

Dhirsa gaarii  nuu laadhuu

Qabiyyee af-walaloo yoo qorannu erga bifa lama arganna. Shamarran guyyaa guyyaan arama aramuu, midhaan daakuu, gundoo hodhuufi kan kana fakkatan hojii humnaa hojjetuu shamarran Oromoo naannoo hojii humnaatiin waan dadhabanif guyyaan kabaja ayyaanaa akka baayyatee boqannaa argatan amantii cimaadhan ibsu.baay’inni hojiis akka salphatuuf ni-gaafatu. Kanaafis qulqulluu maarayamiin akka gargartu kadhataniiru. Shamarran kan biroos amntaa cimaa qabu. walaalichis gama tokkoon shamarran dhiibbaa hojii irra jiru akka salphatuuf, karaa biroo immoo dhirsa gaarii akka isaan qunnamu amantaa qaban hawwiin ibsu.

**4.2.2.WalalooSirboota Jaalalaa Ibsuuf Walaleeffaman**

Shamarran Oromoo aanaa dagam guyyaa ayyaana jijjiirraa bara haaraaa sirba Aseesaa sirbuudhan jaalalleewwan lamaa gidduutti haala jaalalaa jiru akka ibsan ragaan itti aanuu ni mulisa

Namni fardaan lolu Dagam malee hin jiruu

Qorichi jaalalaa jibba malee hinjiru.

Jaalala kan jedhamu xiqqoon dhibama furte malee

Amma dubbachuu danda’a gaafa qabamee rakkatan malee

Jaalalli  Wanta dhokatadha. Sababni isaas namni tokko yoo dhukubsate dhibee isaatiif dawaa fayyisu argachuu danda’a. Garuu jaalalaan namni qabame haalli keessaa isaa yoo yaadu, dhiphatuu fi cinqamuu isaa arguun ala ifatti namicha irratti rakkoon muul’ate rakkichaaf furmaata ta’uu kan danda’u salphumatti argamuu hin danda’u. Walaloonis haala asiin olitti yaada caqafame kan mirkaneesssudha.Shamarran jaalalaan qabamte jaalala dhiiratiif ilaalcha kennuudhan walaloo sirba itti aanuun olaantummaa jaalalaa ibsatu.

Warri baddaa kanaa moofara dheeressaa.

Midhaaniifii  mitii jaalala keetiif nabeelessaa.

Akkan hin dhufne karaan fagaatee.

Akkan hinhafne garaan naan taphatee.

Shamarran jaalala dhiiratin waan qabamteefi jaalallee ishii waliin walarguuf daandiin waan irraa fagateefjaalalli isaa midhaan akka hin nyaachisne, jaalalli isaa akka hin qorrinee fi yeroo hunda yaadan kan ishii cinquu fi garaan ishii kan jeeqamu ta'uu haala walalootin ibsiteerti.

Sabni Oromoo Aanaa Dagam jiruuhawaasummaa isaa keessatti dhiiraafi dubartii magaalaaf jaalala addaa qaba. Waan kana ta'eef hawaasa biratti namni tokko kan boonu jaalallee bifa magaalaa qabuuni. Haala kana irraa ka'uudhaan shamarran naannoo jaalala nama diimarra Jaalala nama magaalaa ilaalchisee walaloo jecha baayyee ni walaleesuu.Fakkeenyaaf haalaaitti aanuun walaloon Aseesaa dhiyaatera.

Biifturraa addeessa wayyaa,

Yoo jaalala feete diimturra magaallee wayya.

Dubartii bifa diimtuu qabdu irra dubartii bifa magaala qabdu salphumatti dhiira kan hawwattu ta'uu ergaa walaloo irraa nihubanna. Kanas jaalala magaallee ciminan ibsuuf jecha magaallee addeessa waliin diimtuu aduuwaliin walfakkeessuun magaalleen baayyee akka jaalatamtuwalaloon guddisee agarsiseera.

Walaloon aseesaa namni magaalli jaalatamaa ta'uu qofa osoo hin taane jaalalli magaallee cimaafi kan taa'ii ka'ii nama dhorku ta'uu isaa walaloon itti aanu ni muul'isa.

Roobni roobaa bulee lafabarii caamaa,

Kan magaallee jaalate yoo deemu hirriibni qaba.

Walalichi jaalallinama magaalaa dafee kan hin qorrine, salphumatti irraanfachuu kan hin dandenye, yaada keessa nama kan galchuu kayyoo kan dagachiisu ta'uu muul'isa. Namni magaala jaalate dhaabbatatti raata'uu fi jeeqamu walaloon kana olitti caqasameni ibsa.Ergaan walaloos yaada kanaan olitti ibsame kan cimsuu ykn kan guddisuudha.

**4.2.3.MiidhaginaIlaalchisee Walaloo Walaleeffaman**

Walaloo Aseesaa keessatti kan ka'an keessaa tokko miidhagina. Baayyeen isaa walaloon Aseesaa miidhagina dhiira fi dubartii kan ibsanidha jechuun ni danda'ama.Fakkeenyaaf jecha walaloo itti aanu kana ilaaluun ni danda'ama.

Miidhagni ijasaa urjii waaqaa fakkaata,

Bareedumni ilkaansaa akka aannanitti addaata,

Obboleessi koo keessumattuu dubara Aseesaat jaalata.

Walaloo kana keessatti miidhaginni dhiira karaa hundaanuu haala jechaatiin dhiyaatera.Keessattuu miidhagni ija isaa urjii waaqaa waliin dorgomsiisuun ibsameera.Haala ilkaan isaas aannan waliin dorgomsiisuun midhagina namichaa caalmatti guddatee akka muul'atu godhameera.Namichis gama isaatiin sirba Aseesaa shamarran

sirban akka jaalatu walaloon eerera. Shamarran sirba Aseesaa sirbaa midhagina dhiiraa akkuma ibsan hunda dubartii bifa qabdus jiruuf jireenyaa hawasummaa keessatti barbachisummaa Akka qabdu walaloo isaanitiin eeraniru.Walaloon itti aanee dhiyaate immoo dubartii miidhagina qabdu dhirsi akka jaalatukanmuul'isuudha.

Mormi haadha mana kanaa bilillee daadhiit fakkataa.

Uffanni giiftii tiyyaa asiif achiirraa walaalata

Yoo uffattee baatu abbaan manaa ishii baayyee jaalata.

Jiruufi jireenya hawasumma keessatti ilmi-dhiira kan ittiin boonuuf abdatu haadha manatini. Boonuun isaatis immoo oggummaafi qabeenya haadha manaatin qofa osoo hin taane miidhagina ishii dabalata. Walalichis jechoota fayyadamee miidhagina dubartittii guddiseera.Uffanni uffattes kan miidhagu, kan nama hawwatuu fi ija namaa kan harkisu waan ta'eef dhirsi uffattee yoo baatuu ni jaalata.Ergaan walaloos dubartittiin miidhagduu ta'uu ishii fi haalli uffannaa ishiis kan miidhagu ta'uu muul'isa. Sirbi Aseesaa itti aanee jirus jechoota xiqqaadhan haala dubbiitiin miidhagina shamarraniikan muul'isanidha.

Qallinni mudhii ishii leenca beela`ee

Miidhagni koomee ishii loomii qunca'e

Hindhabdu dargaggeessa humnaan dhungatu

Intalattiin bifa kan qabdu waan ta'eef, ilaalcha dhiiraa kan boojitu kan nama harkistu ta'uu ishii qabiyyee walalichaa jecha xiqqoodhaan miidhagni mucayyitti haacaaluu guddatee akka mul'atu godheera.Kunis mudhiin ishii leenca beela`e, miidhaginni koomee ishii loomiii quncifame waliin walfakkeessuun suuraa mucattii muul'iseera. Mucattiinis miidhagduu ta`uu ishiitiin kan ka`e namoota biratti fudhatama guddaa argatteetti.Dargaggoonni dhiira jiruuhawaasummaa isaa keessatti shammarran miidhagina qabdu waliin jaalallee ta`ee argamuuf amantaa cimaa qaba.Walalichismucayyoon boojituu ta`uu ishii irraa kan ka`e fedhii ishii malee Dargaggoonni dirqisiisanii akka ishii dhungatan muul'isa. Haala aadaa naannoo hawaasa Oromootti dhiirri tokko dubartii tokko waliin hiriyaa jiruu fi jireenya uumufkan dandeechisu bu`uura hawaasummaa qabaata. Isaanis miidhagina dhiirichaa, qabeenya isaa,beekumsa,walqixummaa sanyii ka`umsa godhachuudhaan dhimmoota ilaallaamaniidha.Yoo kana ta`uu baate dhiirri tokko dubartii barbaade fuudhu hindanda`u.

Keessattuu dhiirri miidhagina qabu shamarran biratti kan barbaadamuufi jaalatamu waan ta`eef hiriyaa bultii salphumatti argachuu danda`an. Kana ilaalchisee walaloon akka itti aanutti dhiyaatera.

Dubartoonni foo'anii foo'anii

Dhiira keessaa isaa filatanii

Qarree gubbaa dhabadheen dadhabe
Nan gabaabadhee jennaan ol naqabe
Miidhagaan odoo dhufee laphee naqaqqabe
Bultii haaras odoo calqabne

Amma naaf galee dhiira miidhagaa dhabuu kiyyaa
kan goorsaan nacaalee

Dhiira miidhagaaf dubartoonni iddoo olaanaa kennuuf.Bultii isaaniis dhiira miidhagina qabu wajjin ijaaruu hawwu fedhii isaanis ni ibsu. Ergaa walaloo irraas kan hubannu dubartoonni dhiira miidhagina qabaniif ilaalcha jaalala addaa qabaachuu isaaniti.Kanaafuu shamarran naannoo ykn

dubartoonni dhiira miidhagina hin qabnee wajjin bultii ijaaru hinbarbaadan.Shamarran Oromoo aanaa dagam dhimma miidhagina qabu wajjiin hiriyaa bultii ijaaranii jiraachuuf qofa osoo hintaane hiriyaa jaalalaahaala aadaa naannotiif dhiirri hiriyaa jaalalaaargachuuf miidhaginni baayyee murteessadha. Shamarranis dargaggoota miidhagina hin qabne hiriyaa jaalalaaf hin barbaadan.

Dargaggeessi bifa badaa Shamarran biratti iddoo hinqabani.Hiriyaa jaalalaa salphumatti argachuu hindandahani.yaada kana dabarsuuf shamarran walaloo itti aanu kana qindeessaniiru.

Hurufa marga hinqabne faradoon hin jaalatuu
Dhiira miidhagina hin qabne dubarri hin dhungattu

Shamarran miidhagina dhiiraa ibsuu dabalatee miidhagina haadhaa faarsuuf sirba aseesaa itti aanu kana sirbu.

Harbuu laga qarqaraa baallisaa magariisaa.
Yaa qalla eenyutu sidhale yaa urjii bariisaa

Ergaan walaloo miidhagina dhiirri qabu jajuun cinaatti dabalataan haati deeche akka jajamtu muul'isa.Dhiira miidhagaa dubartiin deesse akkuma ilma ishii miidhagduu ta'uu ishii mirkaneessuf fedhii olaanaa kan muul'isu. Qindeessituun walaloos miidhaginadhiiraa urjii barii wajjin walfakkeessuun caalmatti guddatee akka muul'atu gooterti. Karaabiroo mucicha beekuuf ati miidhagaa qalloo eeyutu si dhale jechuun gaafatti.

### 4.2.4 Af-Walaloo Sirba Faarsuu/Jajuuf Oolan

Kutaa kanaan jajuu ilaalchisee kan qindeessan ykn sirba aseesaa kan sirban qaaccessa walalootu godhama.Shamarran Oromoo Aanaa Dagam walaloo aseesaa jechaan jechuun dhiirota, dubartootaa fi kabaja ayyaanaa yaadachaa faarsu (jaju).Ayyaana jijjiirraa bara haaraa ayyaana biroo irraa adda kan isa taasisu leellisa uummamaatiin dabaallamuu isaati. Kabaja ayyaanashamarran OromooAanaa Dagam guddina kabaja ayyaanichaa jajuun kanuma barameedha.Shamarran ayyaanajijjiirraabara haaraaa wajjin walqabsiisanii laga, gaarreen, sulula, hurufa sirba aseesaatin jaju (faarsu). Itti aansee sirbi aseesaa dhiyaate yaaduma kana kan agarsiisuudha.

Kan gammachuu yoo daraaraan dhootu
Dhiirri goobee dubarri aseesaa taphatu
Dubarri yaada guddaan odoo si eegduu
Yaa aseesaa nuu koottu daraaraa kee qabadhuu
Qammeen gammachuudha gammaachuun keessan yaa baayyatuu.
Daraaradhaan marfamnee maaliif cal jettu
Anaa Dagam mee hundumaa ilaalaa
Gaarris huruftis kan nama gammachiisu



**Fakkii :4. SuuraDargaggoota  Goobee Taphatan Agarsiisuu**



.

**Fakkii :5.Suura Shamarran Aseesaa Taphattu  Agarsiisu.**

Ayyaanni jijjiirraa bara haaraa fedhii addaa hawaasa keessatti uuma.Ummamni naannoo hanguma san nama hawwata. Daraaraan mallattoo bara haaraa dhooyera. Gaarreeniifi sululli daraaraan miidhaganii muul’atu. Haawasni Oromoo Aana Dagam jiru hawaasummaa isaa keessatti gammachuu itti dhagayame ibsachuuf kabajni ayyaanaa jijjiirraa bara haaraa carraa addaati. Kanaafis shammarran fedhii qaban sirba Aseesaatiin ibsuudhaan kabaja ayyaanichaa faarsuun gammachuu isaanii ibsu. Fakkeenyaaf walaloon sirba Aseesaa kabaja jijjiirraa bara

haaraa faarsuufi miidhagina uummamaa nama hawwatu kan muul`isuudha. Haala wal fakkaatuun walaloo sirba Aseesaa aadaan walqabsiisuun ayyaana bara haaraa guddaa ta`uu isaa jajuu agarsiisa.

Dubara Dagam kan dhaloonni maddaa.
Guyyaa eegnee hawwinee guyyaa guddaa.
Har'uma Aseesaa taphanna.
Hundi keenya waliin gammanna.
Yaa weeddisnuu aadaa qabna.

Shammarran Oromoo Aanaa Dagam ollummaa fi firummaan wal waamanii sirba aseesaa akka sirban kanan dura ibsameera. Shamarran fira foonummaa qaban sirba qindeessuun ayyaana jijjirraa bara haaraa kan faarsan ta`uu muul'isa. Shammarran naannootis guyyaan guddaan hawwiin eegnee har'aadha jechuun guddina kabaja ayyaanichaa ibsu. Keessattuu waggaadhaan yeroo tokko qofa kan kabajamu ayyaanni jijjirraa bara haaraa shammarran yaaduu fi hawwii guddaan kan eegan ta`uu isaa walaloo irraa hubachuun ni danda'ama. Waan ta`eefis guddina kabaja ayyaanaa ta`uu isaa walaloon ni ibsa.
Haala itti aanuun shammarran caalmaan bilisummaa isaanii kan itti argatan walaloon sirba Aseesaa ayyaanaa jijjiirraa bara haaraa ta`uu isaa muul'isa .

Maasaa gamaa talbaa facaasaa
Dubra Dagam hindhowwinaa
Yaa taphattu Aseesaa
Firaafi alaga biratti maal akka taate.
Sirbaan agarsisuuf guyyaa har'aa baate.

Shammarran bilisummaa kan argatan guyyaa ayyaana jijjiirraa baraati. Guyyaa ayyaana biroo maatiin isaanii waan dhorkaniif shamarran bahanii akka garaa isaanitti taphachuuf billisummaa hin argatan. Haala aadaa naannootti shamarran walaloodhaan ayyaanni bara haaraa guddina isaa waan faarsaniif dhorkamuu akka hin qabne agarsiisa. Shamarran Oromoo Aanaa Dagam kabaja ayyaana bara haaraatiif kabaja addaa qabu. Sababni isaas shamarran hawaasa naannoo biratti eeyummaa isaanii jaalatamummaa kabajamummaa fi dandeettii sirbaa isaanii kan muul'isan guyyaa ayyaana kanaa waan ta`eefi.

#### 4.2.5. Walaloo Dubartoota Faarsuuf Walaleeffaman

Shamarran OromooAanaa Dagam guddina ayyaanichaa fi Uummama naannoo akkuma faarsaan hunda sirba aseesaatiin dubartootas n faarsuu qabeenyaa fi hidda sanyii dubartootaa faarsu. walaloon itti aanuu kunis haalumaa dhugaa kana kan mirkaneessudha.

Waciitii bitannee diinqa malee hinteechuu.
Haati mana kanaa ilma malee hindeechuu.

Haala aadaa naannootti ilma dhiira dahuun iddoo olaanaa qaba. Sababni isaanis dubartiin dhalattee yoo guddatte waan heerumtuuf kan nama biroo taati. Ilmi dhiiraa yoo dhalate garuu warra isaa soora jedhame waan yaadamuufi.Karaa birootiin immoo ilma dhiiraa dahuun bultii dhirsaa fi niitii kan miidhage ta'uuf gargarsa olaanaa godha kan jedhu amantan waan jiruuf. Kanaaf shamarran, haadha mana kanaa ilma deecha jechuun kan

farsaan.Hawaasa kana keessatti dubartiin kan faarsamtu tokko qabeenyaan yookiinqabeenya ishii yaadachuun ta'a. Walaloonis yoo ibsamu;

Caaltuun dureettidha hin nyaattu waan jiidhaa malee,

Ishiin hin heerumtu sanyii dureessaa malee,

Dubartiin tokko dhiira tokko wajjin hiriyaa bultii ijaaruf dhiirichi qabeenya inni qabu ka'umsa godhamee kan ilaallaamudha. Kanaafuu dubartiin jiruufi jireenyi ishii gara fuulduraa kan miidhage akka ta'u dhiira qabeenya qabu fuudhuuf hawwii olaanaa qabdi. Ergaa walaloo irraa kan hubannus caaltuun dureettii waan taateef nyaata jiidha ta'ee malee nyaataa gaari hin akka hin nyaanne kan ibsuudha. Kana waliin haala walqabateen bultiidhaaf dhiira sanyii dureessaa ta'e kan barbaadduu ta'uu walaloon ni ibsa. Waan kana ta'eef baay'ina qabeenyaa kaasudhaan sirba aseesaatiin dubartoota faarsun kanuma baratameedha.

Biyyi ishii Dagam biyya garbuu

Intala gooftati warra dhufuu kan darbu

Yaa sanyii diroo akka asheeta harbuu.

Walaalichi biyyi ishii Dagam ta'uu fi naannoo sanitti midhaan margu garbuu ta'uu muul'isa. Gama biraatin immoo ilmaabbaa lafaa akka taateef sanyiin fira ishiitti dabareedhan kan darbu ta'uu muul'isa. Walaloo sirba aseesaatiin sanyii dubartootaa waliigalaaf sadarkaa hawaasummaa keessatti qabaniifi sanyiin isaanii akka hin cinne kan itti fufu ta'uu gochuuf yoo yaalan muul'ata.

**Walaloo dhiirota faarsuuf walaleeffaman**

Hawaasni naannoo namootaaf jaalalli qabaniif kabajaa fi dinqisiifannaa jechoota adda addaatin ibsu. Jechoota kana keessaa tokko jecha walaloo aseesaati.Walaloon jecha aseesaa dubartoota faarsuu qofa osoo hin taane dhiirootas naamusa isaan agarsiisan aadda addaatin faarsu. Faarun kun kan faarsamu naamusa ittiin jajame jajjabeessee yeroo itti aanu keessaatti daran fooyyessee akka raawwatu dandeechisa. Haaluma kanan shamarran hojii dhiira, gootummaa ,qabeenyaa fi wantoota adda addaa tarreessun sirba aseesaatiin dhiira yoo faarsan dhaga'ama. Haqa kana kan muul'isu walaloon akka itti aanutti fakkeenyaaf dhiyaateera.

Algee yaa guggurraa

Obboleessa goota

Qallaa yaa mushurraa

Buqqisaa buqqiffannaa

Obboleessa gootaa caalaa dubbifannaa.

Walaalichi namni obboleessa goota qabu rakkoon tokkollee akka irraa hin geenyee kan agarsiisudha. karaa birootin immoo walalichi dargaggoo fi shamarran gidduu haala bultii jiru ibsa. Keesumattuu missirroon guyyaa

cidha isaa goota ta’uu fi jiruu fi jirenyaa isaa keessatti naamusa gaarii raawwate yoo faarsani fi dinqisiifatan dhaga’ama.Walaalichisi haala kana muul’isa.

### 4.2.6.Walaloo Sirba Quuqaa/ miidhama Ibsu

Nama tokko jiruufi jireenya isaa keessatti rakkoon uumama fi nam-tolchee ni muudata. Rakkoo muudate kanas akka isatti dhagayameen namoota biroof haala jiruu fi jireenya naannoo wajjin walqabisisee jechoota adda addaatiin rakkicha ibsa. Haaluma kanan shamarran walaloo sirba aseesaatiin naamusa fi gocha gaarii namootaa faarsu fi miidhagina ummamaa dinqisifachuun dhimma hawaasumma hawaasaaf yeroo kaasantu muul’atu. Keessattuu shamarran, qoteebultoonni

naannoo sirna Hayla sillaaseefi Dargii haala jiruu fi jireenyi isan keessa turanifi aarii isaan qaban walaloo jecha aseesaatiin yeroo ibsan dhaga’amu. Walaloowwan baay’inaan qabaachuu baatullee fakkeenyaaf dhiyaateera.

Abbaan lafaa durii lafaan nu dhiibee,

Darguun immoo waaranan nu calqabee,

Gamoojjii fi baddaa walitti gugguurratee

Akka risaa culuulle obbola’aa keenya bubbutee.

Yeroo sirna Hayla Sillaasee qote bultoonni callaa oomishan harka sadi keessa harka tokko qofa akka fudhatan gochuun ala lafa isaa harkaa fudhachuun rakkisaa turan. Yeroo sirna Dargii immoo dargaggoota dhiiraa loltummaatti guuree rakkisaa ture.Cululleen humnaan cuucii lukkuu akkuma fudhattu sana abbootiin aangoo Dargiis ijoollee hiyyeessaa maatii isaanii jalaa butee addaa waraanatti ergaa ture. Sababa kanan dargaggoonni naannoo keenyaamaatii isaanitiin adda bahanii bosona keessatti kufanii hafaniiru. Kanaafuuwalaloonibsame kun hawwaasni sirna Hayla Sillaasee fi Dargii hanga miidhamaaturan kan agarsiisuudha. Karaa birootiin barattoota shamarranii rakkisaa kan ture sirna Dargii kufaatii isaa ilaalchisee walaloon aseesaa akka itti aanuun ibsu.

Kaloo gamaa coqorsi loo’ee.

Yaa Mangistu baga siree gadhiistee.

Dargaggoonni keenya barumsaaf ba’ee

Namni barate jireenyaa hawaasumma keessatti maatii isaa fi fira deeggaruu bira darbee guddina biyyaaf hirmaannaa ol’aanaa godha. Haa ta’u malee barasirna paawii dargii dargaggoota heddu barumsa irraa butuudhaan gara adda waraanaa deemanii irbaata rasaasaa akka ta’an godheera.Dargaggoonni hedduunlubbuu isaanii dhabanii jiru. Dargaggoonni naannoo fedhii barumsaa osoo qabanuu duula loltummaa sodaachuun barumsa isaanii addaan kutaniiru. Abbootiin

aangoo ol'aanaan Dargii aangoo irraa  erga bu'aani booda dargaggoonninaannoo gara mana barumsaatti deebi'udhaan barumsa isaanii hordofuu danda'aniiru. Walalichis bara sirna Dargii dargaggoonni dhiiraabarumsa isaanii hordoofuuf ammam rakkoon akka ture kan agarsiisudha.

### 4.2.7. Walaloo Sirba Hiriyummaa Ilaalchisee Walaleeffaman

Shamarran Oromoo naannoo hiri'ummaa ilaalchisee walaloo sirba   aseesaaniqindeessu. Hiriyaan naannoo tokko jiraatu yeroo rakkoos ta'ee gammachuuhiriyaa biroo waliin yeroo wal argu yaada qabu ni qoodaf.Yoo dhukkubsate deemee gaafata. Hiriyaa jaalalaaf qabu ibsa. Hiriyaa isaa waliin kan jiraatu yeroo hunda nigammada. Haalaa birootiin immoo sababa adda addaatiin hiriyaa isaa irraa addakan bahu yoo ta'e ni gadda.FakKeenyaaf walaloo sirba aseesaa itti aanuhaa ilaallu.

Gara barii quraan iyyitee

Yaa hiriyaa yoo si dhukkubee

Qaammeedhaan fayyite

Haala aadaa naannootti namni dhukkubsate qaammee keessa laga bu'ee bishaan qaammee kan dhiqatu yoo ta'e dhibee irraa walaba akka ta'u  amantaa akka qaban kanaan dura ibsameera. Ergaan walaloos hiriyaa baay'ee jaalatu dhibeen rakkachaa turee qaammeen kan fayyeef ta'uu agarsiisa. Walaloon aseesaa itti aanu immoo namni tokko hiriyaa isaa ykn biyya dhiisee kan deemu yoo ta'e rakkoon addaa cimaa ta'e kan muudatu ta'uu yaaduun kan qindaa'edha.

Mana keenya duuba kusaayeen daraartudha,

Hiriyaan biyyaa ba'e saree maraattudha.

Hiriyoonni wal jaalatan sababa adda addaatiin addaa bahanii fagaachuu danda'u. Adda bahuun  kun haala rakkisaan yoo uummame shamarran sirba aseesaa  sirbuuf isaan dhiba. Adda baatii hunda caalaa namni tokko hiriyoota ykn biyya gadhiise yoo ta'eedha.Ergaan walaloo irraa hubannus hiriyaa irraa namni adda bahe rakkoowwan baayyeen muudachuu waan danda'aniif hanga dhumaatti waliin jirachuun barbaachiisaa akka ta'eedha. Akkasumas namni  hiriyaa isaa waliin jiraatu yeroo hunda gammadaa akka ta'u walaloon aseesaa itti aanu ni muul'isa.

Kormaan indaaqqoodhaa areeda haaddataa

Hiriyaan biyya jiru kokkolfee taphata

Walaloo asiin olitti jiru namni hiriyaa biyya isaa waliin jiratu kan taphatu, fuulli kan ifuu fi kan hin gaddine ta'uu hubanna. Namni jiruu fi jireenya isaa keessatti jijjiirraa hojiitiin, barumsaan, rakkoo

jiruu fi jireenyatiinii fi sababa adda addaatiin addaa baha. Hunda caalaa namoonni du'aan addaa yoo bahaan hadhaawadha.Shamarranis hiriyaa isaanii du'aan yoo addaa bahan walaloo jecha aseesaa itti aanu qindeessu.

Daraaraa masqalaa kan laga qarqaraa

Hiriyaadhaafan boo’a eenyuut na qarqaraa.

Shamarran Oromoo Aanaa Dagam jiruu fi jireenya keessatti guyyaa gammachuu ta’ee rakkoo

hiriyaan waliin dabarsan du’aan yoo addaa bahan gadda olaanatu itti dhaga’ama. Walaloonis shamarran du’a hiriyaa isaanitiin lapheen isaanii miidhamuuf itti dhaga’amu ibsa. Shamarran guyyaa jijjiirraa bara haaraa manneen naannoo isaanii jiran irra naanna’uudhaan sirba aseesaa akka sirban kanan dura ibsameera.

Kanaafuu shamarran sirba aseesaa mana tokkotti sirbanii mana itti aanutti sirbuma san hojii, saala, gulantaa,iddoo, gareen, lagaa fi kan kana fakkaatan jijjiiranii yoo sirban dhaga’amu. Haaluma kanaan walaloo “ታደሰዓለሙ” guure walaloo sirba Aseesaa waliin fakeenya kan qaban ta’uu qorataan hubateera. Sababa olitti ibsameen qabiyyeen qaaccessa jecha aseesaa darbee darbee fakeenyaa tokko tokko qofa fudhachuun haala miidhagina walaloo agarsiisuuf yaalameera. Walumaagala qabiyyee qaaccessa kanaan olitti godhame jiruu fi jireenya hawaasa Oromoo naannoo kan ibsu yoo ta’u ergaawwan isaas gocha shamarran guyyaa guyyaandalagan,jaalala,miidhagina, aariii ,**hiriyummaa** akka agarsiisu ibsameera.

### 4.2.8. Qabiyyee Walaloowwan sirboota Aseesaa

Walaloon jecha aseesaa hawaasa Oromoo Aanaa Dagam maalummaa isaa kan muul’isuuf dabalataniis haala qooqaatiinis gumaacha qaba. HawaasniOromoo naannoo Dagam qooqa isaatiin fayyadamee bal’inaan jiru fi jireenyaa isaa gadi fageenyaan muul’isuu isaaniti. Kutaa kana keessatti walaloo sirba aseesaa guddatee akka muul’atuu fi haala fayyadama isaa muul’isuuf yaalamera. Ergaan walaloon darbu fakkaattii akka uumu, keessoo akka tuqu, yaadni bali’naan akka dhiyaatuufi hawwataa akka ta’u godha. Haala kana “ ዘሪሁንአስፋው ” akka itti aanutti cimsee ibseera.Yaadni hundinuu tajaajila damee barreeffamaa kan kennan ta’us barbaachisummaa walaloon qabu caalmaa kan qabu ta’u cimsee ibseera. Qindeessan walaloo jechoota xiqqaadhaan waan baay’ee ibsuu, yaada cimsanii dhiyeessuu fi fakkaattii uumuuf kan danda’u haalli yoo sirraa’edha. Walaloon tokko

yaadni dubbatame hawwataa ta’ee dubbisaa ykn dhaggeeffataa harkisuuf humna kan qabu ta’uun ifaadha “ ዘሪሁን,1985.,Maalummaa jechaa amma kana yoo jenne walaloo sirba aseesaa keessa

jechoonni galanii ergaa isaa akkamitti akka guddisan ni ilaalla. Haawaasni naannoo tokkoo falasama jiruu isaa keessatti jechoota addaa addaa fayyadamuun yaada dabarsuu barbaade caalmatti guddatee akka muul’atu jechoota fayyadama.Walaloo jecha aseesaa keessatti jechoota adda addaa akka fayyadaman irra ga’ameera.Bifa jechootaa fayyadaman keessaa tokko jecha wal fakkaataniidha.

### 4. 2.9. Wantoota wal hin simanne waldorgomsiisuun ibsuu

Jechoota lama firoomuu kan hin dandeenye fudhachuun amala waliin jiru kennuufidhaan kan wal dorgomsiisudha.Walaloonis

Dubarri magaallan maa akkana miidhaganii

Addeessa ganamaa fakkaata ijji isaanii.

Aannan itittuu fakkaata ilkaan isaanii

Walaloo irraa kan hubannu shamarran magaalli fi addeessi ganamaa ykn aannan itittuu waan lama wal hin fakkaanne yoo ta’u gidduu isaanitti kan jiru kan wal isaan fakkeessu immoo miidhagina fakkaata jechi jedhu wal dorgomsiisuuf yoo ta’u shamarran magaallan addeessa barii fi aannan itittuu waliin miidhaginaan waldorgomsiisuu isaanii muul’isa.walaloo keessatti wantoota waldorgoman fayyadamuun miidhaginni shamarranii ibsameera. Kunis ija isaanii addeessa waliin, ilkaan isaanii aannan itittuu waliin dorgomisiisuun miidhagina shamarranii daraan guddatee akka muul’atu godhameera.

Beenu mogor buunaa mogor ciisa loonii

Fooliin qalloo tiyyaa urgooftee akka corqaa loomii

Abbaan addeessaa haati mana kanaa biiftuudha.

Dubarri aseesaa dhuftee waggaa waggaadhaan isaan faarsudha

Walaloo sirba aseesaa kana keessatti miidhaginni abbaa manaa fi haadha manaa haalaa addaatiin

ibsameera. Haaluma jijjiirrama kanaan abbaan addeessa ife haadhaaf immoo amala aduu ife kennuudhaan fakkiin miidhagina isaanii caalmatti guddatee akka muul’atu godhameera.Maalummaa jechaa ilaalchisee **“ዘሪሁንአስፋው,1985** akkas jechuun ibseera. Amala nama adda addaa, gochaa fi dandeettii wantoota nama hin taaneef ;horiif mukeelee fi wantoota hin sochoone kennuudhaan kan ooludha Shamarran OromooAanaa Dagam lubbuu kan qabanis ta’ee lubbu dhabeeyyii kan hin sochaanee amala namaa kennuudhan walaloo sirba aseesaa qindeessu. Fakeenyi akka itti aanutti dhiyaatera.

Adurreen buna danfistee re’een qoraan yoo guurtuu

kunis hoolaa koofalchiisa malee hin gadditu.

Walaloo kana keessatt gochii fi amalli namaa horiif kennameera . Horiiniis amala namaa fudhachuun haala qalbii nama harkiisuun wanta adda addaa yeroo rawwaatan agarra. Kunis adurree,amala namaa fudhattee buna yoo danfistu, re’een immoo qoraan yoo guurtu hoolanis akka namaa yoo kofaltuu fi yoo gadditu ni muul’ata. antaa hin sochaneef amala namaa kan kanne immoo akka itti aanutti dhiyaateera

Shamarran OromooAanaa Dagam guddina ayyaanichaa fi Uummama naannoo akkuma faarsaan hunda sirba aseesaatiin qabeenyaa fi hidda sanyii dubartootaa faarsu.Walaloon itti aanu kunis haaluma dhugaa kana kan mirkaneessudha.Wantaa hin sochaaneef amala namaa kan kanne immoo akka itti aanutti dhiyaateera.

Yaa bubbee Dagam Ambisoo keessaa kaattee

Gaara meeqa baate laga meeqa ceete

Nyaara kee warraaqsaa ilkaan kee ibsaa.

Bareedduu ollaadhaa luqqisaa

Walaloon olitti ibsame kun wanta hin sochaaneef amala namaa kennuun kan dhiyaateedha. Akkasumas walaloon bubbeen akka nama sulula bu’ee laga ce’ee bu’aa bayii baayyee booda miidhagduu barbaadu ollaadhaa argachuu akka danda’e agarsiisa. Walaloo sirba aseesaa keessatti bifa waliigala ta’een kan jijjirramanii fi waldorgoman haala fayyadama hawaasa Oromoo naannoo yaada barbadeen guddisee kan agarsisuudha

## BOQONNAA SHAN

## 5. Guduunfaafi Yaboo

### 5.1 Guduunfaa

Qorannoo kanaan shamarran Oromoo Aanaa Dagam af-walaloon jecha sirba Aseesaa kabaja guyyaa ayyaana bara haaraa kan sirbanqaaccessuun akka itti aanutti qabxii xummuraa irra gahuun danda'ameera.

**Sirna kabaja ayyaanichaa ilaalchisee**

Qorannaan kun hawaasa Oromoo Aanaa Dagam biratti sirni kabaja ayyaana bara haaraa akkamitti akka raawwatu agarsiisera.Haala ragataiin hawaasni haala itti aanuun tartiibaan raawwii aadaa akka raawwatan bira gahameera.Bara haaraa qaama qulqulluufi sammuu naga'aatiin simachuuf jalqaba guyyaa qaammee eegalee laga dhiyoo isaani jiru deemudhaan bishaan qaammee akka dhiqatan, gidduu isaanitti namni dhukubsate yoo jiraate dhibee isaa irraa ni fayya jedhamee waan amananiif lukkuu adii dhukubsataa irraan marsanii daandii qaxxaamuraa irratti akka gatan habatameera.

Jala bultii jijjiirraa bara haaraa shamarran mallattoo sirba Aseesaa kan ta'ee qunnii /allaaduu/ akka buqqifatanii fi daraaraa /ilillii/ akka muratan jala bultii ayyaanaa galgala xombora akka ibsaniifi guyyaa kabaja ayyaanaa miseensonni maatii akkaatuma humna isaanitti kan nyaataniif dhugan qopheessuun ayyaanicha haala hoo'aa ta'een akka kabajan ibsameera.

Haala af-walaloo ilaalchisee qorannoon kuni af-walaloon jecha Aseesaa haala itti aanu qabaachuu isaa muul'iseera. Guyyaa ayyaanaa jijjiirraa bara haaraa shamarran uffata haaraa akka uffatan.Harka isaanitti Asoosillaa akka hidhataniifi rifeensa qaqallisanii akka dha'atan laallameera.

Guyyaa ayyaana kanaa shamarran iddoo giddugaleessa ta'eegareedhaan ka'uudhaan mana irranaanna'aa sirba Aseesaa sirbaa akka oolan, raawwii isaanii irratti shamarran tokko yookaan lama ta'uun sirba Aseesaa yeroo lama yookaan yeroo sadi deddeebisanii akka sirban beekameera.Warri nama sirbicha baasu jalaa qaban geengoo uumudhaan af-walaloofi yeedaloo baastotaa guutumaa guututti waraabuun akka sirban, baastonni yeroo baasan ta'ee yeroo sirban yookiin fuudhan lamaanuu harka isaaniifi mudhii isaanii gara mirgaa fi bitaa sochaasudhaan sochii qaamaa akka godhanAbbootiin manaas kennaa jijjiirraa bara haaraa dhadha, farsoofi daabboo shamarranii akka kennnan, shamarranis gama isaanitiin qunniifi daraaraa akka kennaniif ifa ta'eera.

Sirba Aseesaa irratti kan hirmaatan shamarran umriin isaanii waggaa 8 hanga 20 ta'an qofa ta'uu,af-walaloo jecha Aseesaa keessatti jechoonni yeroofi iddoon garaagarummaa yookaan amala jijjiirramuu kan agarsiisu ta'uufi qaaccessa af-walaloo kana keessaatti kan ittiin hojjetame jechoonni tokko tokko mata duree waliin kallattiin qunnamtii akka hinqabne qorannichaan mirkanaa'eera..Qaaccessa qabiyyee af-walaloo ilaalchisee haaluma kaayyoo qorannichaa bu'ura godhatee ragaa qaaccessuu fi af-walaloon akka itti aanutti maalummaa hawaasummaakan addeessan ta'uu mul'iseera. Gaheen shamarranii jiruu hawaasaa keessatti aramaa aramuu, bishaan waraabuu, gumbii midhaan itti kuufamu hojjechuu, qoraan guuruufi hojii humnaa addaa addaa hojjechuun maatii isaanii akka deeggaran,jaalalaafi taphni jaalalaa lubbuu hawaasaa keessatti af-walaloon dargaggoofi shamarran gidduutti jaalalaan haalli walbarbadu, hawaasa keessatti namni magaalli dhiiras ta'ee

dubartii baay'isee akka jaalatamu, dargaggoonnifi shamarran jaalala hiriyaaf akka walqabatan, darbee darbee bultiif wal fuudhuu akka danda'an agarsiisuu isaa, guddina ayyaanichaafi miidhagina uummamaa dinqisiifachuun sirna isaa faarsu.Af-walaloon Aseesaa ayyaana jijjiirraa bara haaraa abdii haaraa burqa lubbuu ta'u agarsiisuuf Ayyaanichi guddaa ta'uu isaa faarsuu isaanii,Garreen, sululaa, hurufa, laga naannoo sanii kaasudhaan miidhagina uummamaa kan dhinqisiifatan ta'uu isaa, dhirri hojii jaalatu mana isaaf kan yaadu akka gootatti fudhatamee namusa isaatiin kan dinqisiifamuu fi dubartoonni immoo miidhagina, oggumaan daa'imaa dahuun hidda sanyiifi qabeenya dabalatee kan dinqisiifaman ta'uu isaanii, dhiibbaafi aarii jiruufi jireenya hawasaa keessatti af-walaloon yeroo sirna Hayilee sillaaseefi Dargii keessa qotee bulaa naannoo ta'ee dargaggoota miseensota sirnichaatiin dhiibbaa baayyeen qotee bulaa dhabiinsa lafaa, hojii humnaa, kaffaltii gibiraa fi dargaggoo immoo loltuudhaaf butamuun irra gahaa akka ture agarsiisuu isaanii, qabiyyee af-walaloo ilaalchisee kaayyoo qorannoo irraa ka'uudhaan walaloo waliin dorgomaniif jijjirraman fayyadamuun jiruufi jireenya hawaasaa bal'inaafi gadi fageenyan hubatameera. Waliigala haalaa walaloo sirbaaseesaa jiruufi jireenya hawaasaa irrattikan fuulleffatan sochii guyyaa guyyaa,jaalala, miidhagina faarsu, aariifi fedhii akka agarsiisaan bira gahameera.

### 5.2. Yaboo

Dhumarrattis qorannoo kana irraa hubannoo argadheen sirbi aadaa Aseesaa ambaa fi qabeenya hawaasa kanaa kan ta'e yeroo ammaa laafaatii kan dhufeta,uu kan namatti agarsiisu. Akka kanaan duraa shamarran dardarri hinheerumne hundi guyyaa kabaja ayyaana jijjiirraa bara haaraa sirba Aseesaa kan taphatan yoo ta,ukabaja ayyaanaa bara 2008 irratti garu ijoollee fi shamarran humni isaanii xiqqaa ta,etu hirmaate. Isaan kunis aadicha kana dagaagisuuf osoo hin taane mana ollaa isaanii jiru irra naanna'uun yeroo sirba Aseesaa taphatan namoonni qarshii waan isaaniif kennaniif akka madda galiitti lakka'uun kan taphatan ta'uuf hubannoo dhabuu,sababaa ammantan,ilaalichaa itti kenu dhabuun lafaa demuu kuni haala kanaan yoo itti fufe baduu waan danda,uuf waajjirri aadaa fi turizimii sadarkaan jiruu fi namoonniguddinaafi dagaagina AfaanOromoo irratti hojjetan,akkasumasii namoon gara fuula dura qorannoo gaggeessaanafoolli bal'inaafi gadi fageenyaan qoratamee (bocamee) siilabasii barnnootaa keesaatii hamatamee afaan ittiin barsiisuuf ta'uu qaba.

**Kitaabilee Wabii(Reference)**


Abarraa Nafaa (Gula.)Afoola Oromoo Tuulamaa walaloo Geerarsaa,faaruu fi Sirboota adaa addaa Finfinnee,dhaabbata daldalaa komrishaalii,1999

Afoola Oromoo,Biiroo'aadaa fi turiizimii Oromiyaattin kan maxafamu qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo Jildii÷,Finfinnee, 1999

**Afoolaa Oromoo sirba warroommii Geerarsa jildii 1 finfinnee;mana maxxansaa Boolee,1993**

CRSTAL, 1990,folk music, music which is transmitted orally, usually with modifications from generation to generation and form place to place, so the its original form and composer are forgotten. Much tolk music exhibits melodic iflections, rhythmic characteristic, or performing styles which link it to a particular country or locality.

CRSTAL DVID, The cambrige encyclopedia, second edition, Acambrindge University press ,1994,

Finnegan, 1970,Basic characteristics of oral literature…. It is always essential to raise points which would seen only secondary in the case of written literature questions about the details of performance, audience, and occasion, to ignore these in an oral work to risk missing much of the subtlety, flexibility and individual originality or its creator.

Coraa Aadaa Hayiluu Bantii Bara ,1997

Dasta ,2000

Dorson,R,1972 Folklore and folkife;An Introduction,Chicago,University of Chicago press.

FENNEGAN, R,Oral literature in Africa, Nairobi, Oxford University press ,1970.

Galmee Jechoota Afaan Oromoo,Wiirtuu Qo'annoofi Qorannoo Afaanota Itoophiyaa Yunversitii Finfinnee, 1999

Gammachuu Daadhii Akkataa fi Qabiyye Af-walaloo Oromoo salaalee,Barruulee Qormata waaltina Afaan Oromoo Jildii,9 Finfinnee mana maxxansaa Commarcial printing Enterprise,2001

Getachew ,2009

Hayiluu Bantii Coraa aadaa Finfinnee.mana maxxansaa Boolee,1997

Mulugeta – (1990)

Melakineh – (2003)

Richard, 1972, The matters that occupy the student of folklore and folk life may be placed under four larg groupings. One of the these sectors is oral literutre sometimes called verbal art of fexpressive literature. Under this rubric fall spoken,. Sung, and voiced forms of traditional outterance that show repetitive patterns. One large subdivision is folk narrative which inturn has its own manifold distinctions. Another major subdivision is folksong or folk potery,

RICHARD MERCER, DORSON,1972,Folklore and Folkife, an Introduction, Chicago University of Chicago

Wiirtuu Jilddi ÷Biiroo'aadaa fi turiizimii Oromiyaattin kan maxafamu qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo,Finfinnee, ,1991

____________________Wirtuu barruulee Qormaata afaanii finfinnee;Mana Maxxansa daldalaa,1992

Wiirtuu Jilddi 7 Biiroo'aadaa fi turiizimii Oromiyaattin kan maxafamu qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo,Finfinnee, 1995

Wiirtuu Jilddi 8 Biiroo’aadaa fi turiizimii Oromiyaattin kan maxafamu qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo,Finfinnee,1999

Wiirtuu Jilddi 9Biiroo’aadaa fi turiizimii Oromiyaattin kan maxafamu qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo,Finfinne ,2001

ለምለም በቀለ÷ ‹‹የእንቆጣጣሽና አዲስ አበባ ልጃገረዶች ዘፈን ቅርፅ ስነቃላዊ ባህሪያት ትንተና›› ለአርትስ ባችለር ዲግሪ ማሚያ ፅሁፍ የቀረበ ጥናት÷ ኢትዮያጽያ ቋንቋዎችና ሥነጽሑፍ ክፍል አ.አ.ዩ.( 1986) ዓ.ም.

ሕዝብአዳም ገላ÷ ‹‹በደጀን የሴቶችን ስራ ላይ ዘፈን ይዘታዊ ትንተና›› ለአርትስ ባችለር ዲግሪ ማሚያ ጽሑፍ የቀረበ ጥናት÷ ኢትዮያጽያ ቋንቋዎችና ሥነጽሑፍ ክፍል አ.አ.ዩ.( 1986) ዓ.ም.

ታ Å ሰ ›KS<÷#¾cLK? *aV‹ ¾õp`“ ¾W`Ó ²ð” ÓØV‹$ K›`ƒe v‹K` Ç=Ó] TTEÁ îOõ ¾k[u Ø“ƒ' ¾›=ƒÄåÁ s”s‹“ Y’êOõ ¡õM ›.›.¿. 1974 ¯.U.

›u^ ’ó እ“ K?KA‹÷<u>አማርኛ ኦሮምኛ መዝገበ ቃላት</u>÷ አዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት 1987 ዓ.ም.

›w`HU ¯KS<÷ #¾Ó^ª ¨[Ç ›"vu= Ñu_‹ É`h (¾Y^ ²ð”) ÓØV‹ Ã²ƒ ƒ”}“$ K›`ƒe v‹K` Ç=Ó] TTEÁ êOõ ¾k[u Ø“ƒ ¾›=}ÄåÁ s”s‹“ Y’êOõ ¡õM ›.›.¿.1987 ¯.U.

እታ ð^G< S¡ww÷ #u›=K<vu<` µ” u›K? ¨[Ç ¾›aV wN?` uŸÇ Òw‰ LÃ ¾T>cS< ²ð•‹ Ã²ƒ ƒ”}“$ K›`ƒe v‹K` Ç=Ó] TTEÁ êOõ ¾k[u Ø“ƒ÷ ¾›=ƒÄåÁ s”s‹“ Y’êOõ ¡õM ›.›.¿. 1989 ¯.U.

²]G<” ›eó¨<÷ #¾Y’êOõ SW[ታ©Á” $÷ ¾›=ƒÄåÁ s”s‹“ Y’-êOõ ¡õM ¾s”s‹ Ø“ታ© }sU ›Ç=e ›uv ¿”y`c=+ 1985 ¯.U. ÁM ታ}S::

ðnÅ ›²²÷#¾›=ƒÄåÁ wN?[cx‹ ›ó›©Ÿ=’}nM Ø“ƒ$ ue,”eM }S ት„ ¾}v³ ¾Ø ያ o Ñ<ÇÃ wN?^© Ç=V¡^c=Á© ›wÄƒ ¨pƒ uT>M `°e' u›Ç=e ›uv ¿”y`c=+ u}"H@Å¨< c?T>“` ¾k[u êOõ 1970 ¯.U.

**Dabalee 1**

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**
**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**

**Tarree MaqaaNamoota  Ragaaleen irraa Funaanname**

| T.L | Maqaa guutuu | Umur | Saala | Gandaa qotee bulaa | Hojii | Raga naaf kenaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Shawwayee Lammaa | 20 | Dub. | Ilaam.eefarsoo | Baratuu kutaa 10 | Walaloo ibsuun |
| 2 | Shuree muul'ataa | 19 | Dub. | ‘’ | 8 | Aadaa himun |
| 3 | Qonjiit Nagaash | 18 | Dub. | ‘’ | 10 | Walalooibsuun |
| 4 | Baqqaluu Lammaa | 20 | ‘’ | Aanno. Qaree | 12 | Aadaa himun |
| 5 | Tigist Abarra | 16 | ‘’ | ‘’ | 9 | Walaloo ibsuun |
| 6 | Askalee Raggaasaa | 18 | ‘’ | ‘’ | 10 | ‘’ |
| 7 | Asagadech Kabbadaa | 17 | ‘’ | Aanno Dagam | 7 | ‘’ |
| 8 | Aster Abarra | 18 | ‘’ | ‘’ | 7 | ‘’ |
| 9 | Abarruu Bosaa | 20 | ‘’ | D/M/salaashii | 1o | Aadaa himun |
| 10 | Abarruu Araddoo | 19 | ‘’ | ‘’ | 8 | ‘’ |
| 11 | Adanech Urgeessa | 20 | ‘’ | Xumaa. Abdii | 12 | Walaloo ibsuun |
| 12 | Ayyaluu Damisse | 16 | ‘’ | ‘’ | 5 | ‘’ |
| 13 | Caaltuu Nugusee | 19 | ‘’ | ‘’ | 8 | ‘’ |
| 14 | Tsigee mogos | 18 | ‘’ | ‘’ | 7 | ‘’ |
| 15 | Fayisse Kabbee | 20 | ‘’ | ‘’ | 10 | Aadaa himun |
| 16 | Asagadech Kabada | 23 | Addee | Aann.Dagam | Had.Mana | Aadaa himun |
| 17 | Tsahay Girmaa | 25 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 18 | Xuruwarqii Mulgetaa | 20 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 19 | Asalafech Cheruu | 21 | ‘’ | L/B/joorroo | ‘’ | Walaloo ibsuun |
| 20 | Dirbee Waaqjira | 24 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 21 | Gaddisee Balchaa | 55 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa Ibsuun |
| 22 | Adunyaa Tuluu | 87 | dhira | Aann. Dagam | Qotee bulaa | aadaa himuun |
| 23 | Nagash Kabada | 49 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 24 | Tolosa Galaan | 75 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Walaaloo himuun |
| 25 | Tufa Gammada | 71 | ‘’ | Xumaan.Abdii | ‘’ | aadaa himuun |
| 26 | Mangistu Roobii | 65 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa himuun |
| 27 | Suufalee Badhiyee | 48 | dubarti | ‘’ | Hadh.mana | Walaaloo himuun |
| 28 | Shawaayee Lamma | 35 | ‘’ | Ilaa. eefarsoo | ‘’ | Walaaloo himuun |
| 29 | Ahimuunyyaluu Damisee | 53 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa himuun |
| 30 | Faayisee kabee | 44 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Walaaloo himuun |

Dabalee.2

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**

**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**
**Walaloowwan Funaannaman**

**A. Walaloo sochii hojii guyyaa guyyaa shamarnii ibsu**

Yeroo bubbeen dhufe 2 x mee xaafi haramii, 2x
Haadha mana kanaa 2x taabota maaramii.
Qaqallisii dha'ii 3x gootaraa shumburaa, 2 x
Namni araqee bare 2 x qotiyyoo gurguraa, 2 x
Bishaan waraabudhaaf gara burqaatti kaadhu, 2 x
Suura jalalaa, 2 x na bira kaa'adhuu, 2 x
Qaammeen geenyan, 2 x shamarran walwaamneetoo, 2 x
Qoraan yaa guurru, 2 x gara bosonaa baanetoo, 2 x
Waadaa naa gali, 2 x akka walitti deebinu dhiyaana nyaannetoo. 2 x
Maaramii haadha too, nu bira dhaabbadhuu,
Hojiin nutti baayyatee, ayyaana nuu laadhuu,
Dubarri aseesaa dhirsa barbaaduu,
Dhirsa gaarii nuu kadhuu,
Adurreen buna danfistee, 2x re'een qoraan yoo guurtuu, 2x
Kunis hoolaa kofalchiisa, 2x malee hin gadditu, 2x
Yoo buddeena tolchitu qulqulleessaa oolii 2 x eeleen caba hin oltuu 2x
Wayyoo yaa hiriyaa wal Jaalachaa oolii addaan baati hin ooltu.
Achi na dabarsii 2 x unkuroon unkuraa 2 x,
Ba'ee abbaan kiyyaa kan daaleen sharshuraa.
Buqqisaa buqqisna 3 x
Da'imman giddusnaa, eebbisnaa, Faarsinaa, goorsinaa 2 x
Ashaaroo ashaaree 2 x ashaaroo guggubee, 2 x,
Haati mana kanaa 2x waan jette naan jedhii,
Afaan na dhukkubee, 2x
Qoraan caccabsitee 2x gaara Alii keessaa,
Alaalaa siiskaa dhufeen 2x si taphachiisaa.
Bishaan bu'i jennaan 2 x daarbee cabsitee, 2x
Kusaayee haami jennaan 2x algee nu buqqistee, 2x
Buqqee buchuma diimaa 2x ati hodhi natu qadaadaa 2x
Jaalalli mansaa maansaadha 2x ati obsi natu maraataa 2x
Kaboota guuruuf beenu, Warqee buunaa 2x qircaata baannetoo, 2x
Walitti deebinaa irbaata nyaanneetoo, 2
Mana sadeen yaa mana sadeen hurufaa, 2 x
Na eegi mee jabbiile lemeetan dhufaa, 2x
Algeehaami jennaan 2x mummuradhe jette, 2x
Qal'oo waami jennaan gurguradhe jettee,
Maa gurgurte jennaan burree wayya jettee,

Burree teeti manna qal'oo tiyyaa waayyajettee,
Sii haamumoo 2 x ni dheeddaa yaa daalee, 2 x
Yoo daraaraan, baallamiin abaaboo caalee.
Alii Dooroo ba'ii yoo garbu bitachuu,
**Dagam dhaqii yoo shaggee filachuu.**
**Shaggar dhaqii yoo mataa furachuu.**
Yaa shillimuu qotii akka gaarreetitti,
Yaa Tolashii hodhii akka caaltuutitti.
Yaa harrittaa, yaa ijaara geeshoo Alii,
Yoo daarbeen Cabe, angataadhan naa galii
Kaloo gamaa Coqorsan haamee, 2x
Haadha mana kanaa eenyutu siwaamee, 2x.
Yaa dubara eenyutu dhadhaa si saamee, 2x
Ammanan yaadadhaa 2 x guyyaan horii eegaa ooluu, 2 x
Guyyaa san ani xiqqoodha 2 x kanan oole eegee galuu 2 x
3.3.2walaloo sirboota jaalalaa ibsan.
Lagarra ol ba'i 2x alaltuu murattaa
Areeda haaddadhu 2x baranoo dhungattaa daddafteeti guddattaa
Daamaa sakaalittaa, 2 x daa'ima jaalatte
Yaa caalaa Tolaa, guddisa xaarrittaa 2 x
Laga qiroo, 3 x
Durumaa hin laaliin jaaluu sanyii diroo.
Daalacha Daammanuu hundatti kofaltaa,
Jaalala kee ani sin amanuu, 3x
Yaa qotiyyoo qotii 3x yaa qaccee garafii, 2x
Garaan ormaa rafee 3x yaa garaa koo rafi, 2x
Leemmantu boora'ee 3x daddafee hin qarraruu, 2 x
Hamman si mararuu 3 x warra koo hin mararuu.
Haadha mana kana 3x kan mormi babarruu.
Odole gaaditee 2x Yoon si jaaladhetoo,
Finfinneetti si fudhee bade 2 x maal jetti haatii too
Nami fardaan loluu, dagam malee hin jiru,
Qorichi jaalalaa, jibba malee hin jiru.
Jaalala kan jedhamu, 2x xiqqoon dhibamaa furtee malee, 2x
Amma dubbachuu danda'a, 2x gaafa qabamee rukkutamalee, 2x
Warri baddaa kanaa, moofaraa dheereessaa,
Miidhaanif mitii, sumaaf na dhoobessa
Akkan hin dhufnee, karaan fagaatee,
Akkan hin hafnee, garaan naan taphatee.
Addeessarraa biiftuu, 2x
Yoo jaalala feete,

Magaallerra diimtuu.2x
Roobni roobaa bulee, 2x lafa barii caamaa, 2x
kan magaallee jaalatee, 2x yoo deemu hirriibni qaba 2x
Dagam roobaa bulee. Leemman fixeensa hin qabu,
Jaalalli kee laphee koo keessa jira ani hirriiba hin qabu,
Kaachamaaleen ka'ee 2x gommaa dachaasee too, 2x
Si argachuun dadhabe 2 alkaan fi guyyaa si yaadeetoo, 2x
Beellamarraa hin hafuu nan dhufa 2x jimaata oolee too. 2x
Eegee farda booraa, footee karraruufi, 2x
Jaalala kiyya booche dhangalaatee, eenyu mararuufi, 2x
Ejersa Ejeree 2x Caaltuun jala hin raftuu, 2x
Jaalala baranoo bareedduu 2x gaadheen irraa hin haftuu.
Odole maal dhalee 3x kan mucha hoosisuu, 2x
Miidhaga qorichaa maal qabdaa, kan jaalala keettii na boochisu 2x
Baddaa kana baana 3x baddaa Ginbilloodha, 2x
Afaanii walfuunaa 2x akka jaalala Sinbirroodha.2x
Ejersa naa murii 3x irraa buusaa karraa, 2x
Qoricha naa ergi 2 raatessaa abbaa warraa 2x
Daamaan ni okkolaa, 3x
Ganda Fayyee dhaqii qorichaa jaalalaa, 2x
Fayyeetu xonoqqolaa.2x
Daldaalaan, kaachaamaleen shaggar bu'u Caancoo gooraa,
Jaalalli baayyatee nama jaanjoo godha.
Garaa koo na gubee waaddee na boobechee,
Jaalalli gurbaa sanii Dunni caalaa kiyyaa qaamaa koo na hadooche.
Garaa koo nagubbee wadde na boobechee,
Jaalalli gurba sanii Dunni caalaa kiyyaa qaamaa koo na hadooche.
Dagam rooba bulee leemman fixeensa hin qabu,
jaalalli kee laphee koo keessaa jira, ani hirribaa hin qabu.
Jaalalli afaanii qofti umurii guddaa hin qabu,
Garaan najibbi namni dhugaa nutti hin himatu.
Jaalalli kee damma dhungateetoo naan hobaastuu.
Ejersa ejjeree 2x Fiixeen irgaa irgaa, 2x
Atisna jibbituu 2x shaggeen bitaa fi mirgaa 2x
Mogortuu Mogorii 3x kan yaa'u hin boorofnee. 2x
Turee tureen dhufa 2x akkan hin moofofnee 2x
Esheree ree ree ree, 3x
Baranaa tiyyumaa sin galcha egeree 2x
Jaalalle kiyyaa nabiraa ooltaree 2x
Farda, kaachaamaaleen booraa kan biriitii bu'ee
Jaalallee koo odoon ijaan si argee barituu du'ee

Wayyaa hin dha'u dabaleen shammaanee mitii,
Si jibbe yoon jedhenan samaanee miti
Yaa simbirroo maa qubatta daarii lagaa,
Namni jaalala hin beekne beellamarraa hafaa.
Qarree kooraa safaraa qarree maaramii
Ijoollummaan na godhe na araaramii.
Ejersa too ejersa qarree mogorii,
Footoo jaalalatti wajjiin kana xarapheezaa korii
Uleen ceekaa cabee 2x bakkanniisaa ree banii,
Karaan dhufun dhabee 2x marsaniiti naa eegani.
Asallafuun Jiddaa baatee yaa Naggassaa,
Namni jaalallee hin qabne maa ilkaan miidhaksaa.
Yaa dabalee yaa Dabalaa Dabaal abbaa bulukkoo,
Salaalee teechee akkam wallaaltaa dhungoo.
3.3.3 walaloo bareedina ibsuuf walaleeffaman
Qaammeen geechee, 3x
Haati mana kanaa ilma bareeda deechee, 2x
Baranoon maal jettee dhageechee, 2x
Yaa tuulaa kabootaa 3x
Haadha mana kanaa 2x kan suurri taabotaa.
Kormaan indaanqoodhaa 3x bariitii iyyaa, 2x
Naduraa dhabbadhu 3x yaafaannoo, miidhagduu tiyyaa 2x
Yaa Dabalee daansaa, 3x
Barbaadeetan dhabee 2x kan shurrubbaan gasaa.
Jalduu gurraan dhalee 3x bakka cisuu dhabee, 2x
Lachuu **<u>bareeddaa</u>** da'imman 3x kanan dhiisuun dhabe 2x
Yaa bareedaa kiyyaa 2x laga daannoo dansaa, 2x
Areeda haaddadhuu 2x goofareen gaaddisaa 2x
Yaa Dabalee, 3x
Kaarruun tee bareedduudha yaa jamaree.
Kan shaggarii galu 3x yaa Jammaa yaa Jammaa, 2x
**Bareedduu, qal'oo** 3x kan shurrubbaan eega fardeen baargamaa. 2x.
Laga mogoor laga boorataan dhadhabee, 2x
Miidhagduu, Asheetaa too jedha shurrubbaa qaqabee 2x
Tulluu Allii 2x Yaa dheertuu tiyyaa, 2x
Aannan malee hin dhugiin 2x Yaa bareedduu tiyyaa.
Laga Mogor Yaa walitti yaatuu Jamaa, 2x
Hin kolfiin seeqi, Yaa bareedduu tiyya 2x kaarruun teetuu dammaa.
Yaa Baqqalaa jetti 2x qarree irraa deemtoo yaa Baqqoo, 2x
Burqaa Jorroo jirti 2x bareedduu mudhiin shambaqqoo.2x
Miidhagni ijasaa, 2x urjii waaqaa fakkataa, 2x

Bareedumni ilkaansa, 2x akka annaaniitii addaataa, 2x
Obboleessi koo keessumattuu dubara aseesaa jalataa.
Mormii haadha mana kanaa, 2x bilillee daadhii fakkaataa, 2x
Uffanni giiftii tiyyaa, 2x asiif achiirraa waallalaa laataa, 2x
Yoo uffattee baatu, 2x abbaan manaa ishee baayyee jaalataa 2x
Hurufa marga hin qabne, fardeen hin jaalattuu,
Dhiira miidhagina hin qabne, durbi hin dhungattuu.
Qallinni mudhii ishee leenca beela'e.
Miidhagni koomee ishee loomii qunca'e.
Hidhii midhagdu, nama marachitu,
Hin dhabdu dargaggeessa, humnaan dhungatu.
Dubartoonni foo'anii foo'anii, 2x
Dhiira keessaa isaa filatanii, 2x
Nan gabaabadhee jedhe, qarree gubbaa dhaabadheen dadhabee,
Miidhagaan odoo dhufee laga cehee na qaqabee,
Bultii haaraa osoo calqabee,
Namni sun na hin irraanfannee, amma naaf galee.
Dhiira midhagaa dhabuu kiyyaa kan gorsaan na caalee.
Harbuu laga qarqaraa balli isaa magariisaa, 2x
Yaa qallaa eenyuutuu sidhalee yaa urjii bariisaa 2x
Dubarrii magaallan, maa akkana miidhaganii, 2x
Addeessa ganamaa fakkata ijjii isaanii, 3x=
Aannan itittuu fakkaata ilkaan isaanii 3x
Beenuu Mogoor buuna mogor Ciisaa loonii, 3x
Fooliin qalloo tiyyaa urgooftee akka corqaa loomii 2x
Abbaan addeessa haati mana kana biifitudhaa, 3x
Dubarri aseesaa dhuftee waggaa waggaadhaan isiin araarsudha.2x
Yaa bubbee Dagam, 2x Anbisoo keessa kaate, 2x
Gaara meeqa baate, 2x laga meeqa ceete.2x
Nyaara kee warraaqsaa, 2x ilkaan kee ibsaa.2x
Bareedduu oollaadhaa luqqiisaa.

B. **Walaloo Ayyaana Waggaa Faarsuuf Walaleeffaman**

Kan gammachuus, kan waggaa har'aa yoo dararaan dhootu,
Dhiirrii goobee, durbi aseesaa taphatu,
Dubarri yaada guddaan odoo si eegduu,
Yaa aseesaa nuu koottuu daraaraa kee qabadhuu,
Qaammeen gammachuudhaa, gammachuun keessan yaa baayyatuu,
Daraaraadhaan marfamnee, maaliif, cal jettuu,
Aanaa Dagam, mee hundumaa ilaalaa,

Gaarris huruftis kan nama gammachiisitu caalaa.
Dubra dagam kan dhaloonni maddaa, 2x
Guyyaan eegnee hawwinee guyyaan guddaa, 2x
Har'uma aseesaa taphannaa, 3x
Hundi keenyaa, waliin gammadnaa, 3x
Yaa weeddisnu, aadaa qabnaa.3x
Maasaa gamaa, talbaa facaafannaa, 2x
Dubra dagam, hin dhoowwinaa, 2x
Yaa taphatu aseesaa.
Firaafi alagaa biratti maal akka taate.2x
Sirbaan agarsiisuuf guyyaa har'aa baatee 2x

### C. Walaloo Dubartoota Faarsuuf Walaleeffaman

Laga Mogor Ciisi Yaa jawwee Maramii, 2x
Haadha mana kanaa taabota. Suuraa Maaramii 2x
Yaa buyitti dammaa 2x maaliif si dammeessanii, 2x 2x
Haati goota dhaltee 2x waaqni dhiiraa Uume 2x maalif hin lammeessinii
Gurcuu karraa duraa 2x biiftuun itti baatee, 2x
Haati mana kanaa 2x giiftiin gadi baatee 2x
Algee, Buqqisaa buqqisnaa, 3x
Obboleetti gootaa qal'oo dubbiffannaa 2x
Yaa illee yaa illee 2x,
Niitii Tolaa kiyyaa kan mormii bilillee
Waciitii bitannee, 2x diinqa malee hin teechuu, 2x
Haati mana kanaa ilma malee hin deechuu.2x
Caaltuun dureettidha hin nyaattu waan jiidhaa malee, 2x
Isheen hin heerumtu, sanyii dureessaa malee 2x
Biyyi ishii Dagam, 2x Dagam biyya garbuu, 2
Intala gooftati, 2x warra dhufuuf kan darbu, 2x
Yaa sanyii diroo, 2x akka asheeta harbuu.2x
Haadha mana kanaa, yoon sifarfadhuu.
Dhadhaa baqisitee yoo qincee qopheesituu,
Aannaan itti dabalee, yoo buna danfistuu,
Dhirsa fi warra kee yoo bonsituu
Biiftuu gadi baatee, 3x,
Haadha mana kanaa giiftiitoo maal taatee.
Haadha mucaa qal'oo araasii, 3x
Maaramii haadha waaqa mee bara nu araarsii.
Kusaayee buqqusii, 3
Haadha mana kanaa caaltuu nu dubbisii

Gammadaan daa'ima Yaa waaqayyo nu guddisii.
Yaa magaalaa Mojoo 3x Yaa dhaaba barbaree,
Diimtuu xinnoo tanaa 2x maasitii jarjaree 2x kan harki jamaree. 2x
Diikee kakachiistee 3x
Haati mana kanaa 2x dhadhaa nu baachistee, 2x,
Aseesaa goofaree gootaa,
Abaaboon dhoote hoodaa
Guntuta lamaan kan bitaafi mirgasaa 2x
Dhakaa laga qarqaraa fakkaataa qarrisaa 2x

**D. Walaloo Dhiirota Faarsuuf Walaleeffaman**

Algee Yaa guggurraa,
Obboleessa gootaa,
Qallaa yaa mushurraa.
Buqqisaa buqqisnaa,
Obboleessa gootaa caalaa dubbifna.
Jorroon dhale lagarra ciisaa 3x,
Gasheen kiyyaa yaa gammachuusaa 2x siree waarqiirraa ciisaa.
Naannoo Oromiyaa maaltu gadhiisaa.
Yaa roophilaa guddaa tireentaa, 2x
Gaashen kiyyaa guddaa dureessaa ilaali qarshii liqeessaa.
Yaa illee, 3x,
Ba'e abbaan fardaa 2 x kankooran bilillee
Achi gama sanii 2x leenci bargaafatee, 2x
Ba'ee abbaan biyyaa 2x kutaa dachaafatee, 2x
Dhufe daaleen kabbadaa 2x eegee dachaafatee 2x
Daadhii jiruu, yaa magariisaa,
Du'e sillaasee ciisaa.
Muka qarree mummurtan moo jiraa,
Uffata koo gurgurtan moo jiraa,
Jedhe mangeeni.
Laga mogor yaa dalaliisaa, 2x
Gaasheen kiyyaa yaa alamiisaa,
Siree warqiirraa ciisaa.
Motoobisiin,bubbeen dikee kaasee, 2x,
Maammoo Suyyuun loolee dachaasee,
Salaaletti galuufi.
Yaa kachaa, 3x,
Ammaa dhufaa goonni kan sabbanni dacha.
Mammaramaa yaa gaaffa hoolaa 2x
Gaashee kiyyaa nugusni waamee 2x nugusa bira oolaa

Jaalanneen niiti baratаа inni barumsaarraa oolaa.
Jorroon dhalee lagarra kaataa,
Gaasheen kiyyaa muzgeerii baataa,
Eeessatti duuluuf laataa
Gaasheen kiyyaa bosona ciisaa,
Qawwee qabaa yaa gammachuusaa
Yaa Tullu 3x Yaa Tulluu badhaashee,
Maqaadhaan nawaamii kan warri na baasee.
Shaggar gubbaa qorqoorroon saaree, 2x
Gaashee kiyyaa gooftaa salaalee gooffareen waaqa laalee
Achii gama sanii 2x rumichi waa nyaataa, 2xm
Daaleen gaashee kiyyaa eegeetti waa baataa
Qotiyyoon guggurraa 2x kan wal-biraa qottuu, 2x
Dhufaan dargaggoon shawaa kan walirra loltuu.
Yaa sabbata durii 3x
Anillee dadhabee 2x Yaagoota naa furii,
Kaleessa galgalaa 2x yaa galgaleessituu,
Goonni jira jettee 2x nanjajjabeessituu.
Qarree koora migirri saaree, 2x
Abbaan mana kana eebbaan nu gargaaree,
Gaasheen kiyyaa qarshii hammaaree.
Laaftoo mataan gogee, 2x
Tokkosi Tafarii leenca laga mogee.
Asheeta Shumburaa, 2x
Daamaa Sakaaleetoo na wajjin shushuuraa.
Osoon gadhee ergee gootattan gurguraa.
Mogor guutee guutee bishaan, 2x
Abbaa caalaa yaa qulqulluu koo sinyaatte kaa biyyeen
Zinnaara koo lafattan buusee,
Qawwee koo sireettan hirkisee,
Naa fuutemoo naaf hin fuune yaa Tolasee jedhe Tolaan.
Magaala bareedaa 2x manni hurufa keessaa, 2x
Waanan jedhun dhabee 2 silaa sumaan faarsaa, 2x
Leessitu leessituu, 3x
Shanan qarree leemman shantama hindheessitu
Yaa eemmoo yaa eemmoo, 3x
Sin faarsaa nagan siyaa galchu yaa jabbilee Leemm
Yaa buutii Yaa buutii, 2x
Itti gorii lolii lubbuun yaada baatii
Sin faarsaa nadhageeffadhuu, 2x Uleen kee cabee bakka saddeetti, 2x
Kitaaban sii bitaa 2x amma lapheetitti

Goonni Laga bu’ee 2x eeboon harkaa ba’ee, 2x
Gadhee marqaan hudhee 2x faldhanni harkaa bu’ee.2x

**E.Walaloo Aarii Ibsuuf Walaleeffaman**

Yaa roophilaa kottee diddiimtuu, 2x
Abbaalafaa har”as nandhiistuu, 2x
Gadhiistee kaa hiyyeessaa giddiittuu 2x
Yaa barbaree tumaa biinnaanyii, 2x
Nu Baalee buunee abbaalafaa siif ilbaanyii
Umrii ammaa yaa urjii Baalee, 2x
Koottaa badaa yaa abbaa lafaa salaale abbaa lafaa caalee.
Qawween durii naasiin tokko tokkaatti, 2x
Abbaanlafaa maa akkana korraati, 2x
Kan fayyisaa manni ciitaadha kan Tolasaa manni qorqoorroo,
Yaa Oromoo firaa dhoowwi roorroo.
Shaggar gubbaa murtii sibiilaa hin booyiin,
Yaa haadha dhiiraa, 2x
Lolli hafee siriidha, tokkichi keetis sibiilaa,
Mogor guutee guutee galaanaa,
Lolli hin jiruqawwee awwaalaa jette loltuun waraanaa
Abbaan lafaa durii lafaan nu dhiibee,
Darguun immoo waraanan nu calqabee,
Akka risaa culullee obbolaa keenya bubbutee.
Kaloo gamaa coqorsi loo’ee,
Yaa mangistuu baga siree gadhiiftee,
Dargaggoon keenya barumsaaf ba’ee.

E. **Walaloo Hiriyummaa Ibsuuf Walaleeffaman**
Daannisaa Daannisaa, 2x
Yoo walbira jirtuu hiriyaan gaaddisaa
Maasaa gamaa talbaa facaasanii, 2x
Yaa hiriyaa addaan nu baasanii 2x
Laga mogor 2x laga xajjisarrii marguu, 2
Yoo addaan bahani 2x maa of jajaa 2x hiriyaa barbaanni hin arguu.2x
Dabaleetuu kootii jalaan goraadee hodhee.
Natu garaa sitti himate hiriyaa koodee godhee.
Taabota Gumbichii, 3x
Yaa qaammee barana hiriyaadhan wal bira nubulchii
Qotiyyoon wal-loltee 3x gucheen ari”atee, 2x
Natu nama se’ee 3x hiriyaa yartuun mari’atee, 2x

Odolee dorrobee 2x waan dhalu hin beekanii,2x
Hiriyaan biyyaa ba’ee 2x gaafaa galu hin beekanii, 2x
Kaachaamalleen ka’e 3x naafxaa waraabbataa 2x
Garaa ittiin taphatee 3x qaree badhaafata,2x
Biyyaa ba’uufanii 3x yaa hiriyaa koo sin assanaabbata, 2x
Gara barii quraan iyyitee, 2x
Yaa hiriyaa yoo sidhukkubes,
Qaammedhaa fayyitee
Mana keenyaa duubaa, 2x kusaa’een daraartudha2x
Hiriyaan biyyaa ba’e 2x Saree maraattudha. 2
Kormaan hindaaqqoodha areeda haaddataa 2x
Hiriyaan biyya jiru kokkolfee taphataa 2x
Daraara Masqalaa kan laga qarqaraa, 3x
Hiriyaadhafaan boo’aa eenyuu na qarqaraa 3x
Hayyee !Hayyee !Hayyee !Waaqa uumaa waaqa uumamaa.

Kan nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi.

Irraa gora nu oolchi.

Dogoggora nu oolchi.

Wallaalaan  haa beeku.

Beekaan haa bulu…..

Fakkeenyaaf:Eebba yeroo fuudhaafi heerumaa .

Qabattanii aaga qabadhaa .

Jiruufi jireenya qabadhaa

walii horaa,Cophaa,dagaagaa……..

Ashaakiltii baala nyaatuu

Naa ergi baala waleensuu

Magaaltittii nyaara kuullee

Naa ergi waan na jabeessuu

Muree muree mana ijaaraa

Yoo sokorruun mana taatee

Dhufee dhufeen si ilaalaa

Jalallii yoo soogidda taatee

Gaachanni gaachana hin caaluu

Caalekaa gaachanni booyyee

Jaalalli jaalala hin caaluu

Caalekaa jaalalli ijoollee

Yaa baddeessaa laga soolee

Gowwaan muka dhoqonnuudhaa

Barbaach keen laga oolee

Akka kormaa bosonuudhaa

Handoodeen kutaa hin addeessuu

Lakkii kutaa sana miicii

Naan ooddee silaa indandeessuu

Lakkii mucaa sana dhiisii

Baddeessaa soofte malee

Qilxuu sooftee ingarree

Qancaraaf boosse malee

Kichuu ijoollee ingarree

Waaqayyoo roobaa bulee

Baddaan fixeensa hin qabu

Maal yoon sii jedhee du'ee

Garaan hiyyeessa hinqabu

Haati hattuun, intala hinamantu

Haati ofii yartuu hin qabdu

Haadha laalii intala fuudhi.

Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa

Akka lencaan ta'a jettee fatten bokoktee dute

Akka michuubadde dheenfa hin badin yaa jaldujette qamaleen.

Akka kootti maaltu naaf kajeelajette sareen.

Lafa koo itti faladhe.

Itti qaladhe.

Gosaan ga'adhe

Cululleen saamtuudhaa yaadaa hin qabdu fayyaa

Ani ishee hin eeguu sin birallee wayyaa

Osoo waa hin nyaatiin turban guute agabuu

Hojjedhee akka hin nyaanne anuu quba hin qabu

Daadhii ta'e farsoo hundarraa of eegaa

Qulqulluu bishaanii isa wayyaa dhugaa

Hojii hinbulchinaa mee fixaa bayeessaa

Wayaas mimmiiccadhaa bareechaa addeessaa

Mi'aa baatee malee ofii nama hin hubuu

Bakka geessu hin beeknu inni abbaa hin qabuu.

Nuu sifoofnaan hunduu nyaachuu malee dabaree

Garuu garuu hunda caala kan barbaree

Lookoon abbaa ishee gurra nyaatte

lookoon nyaara haaddatte.

Disaasaan garaa bal'at

Gurbaan fuudhu ulee jiituu harkatti qabata.

Tolaan  gara laaffisa,waan ta'eef dhimmicha ni fixa.

**Dabalee.3**

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**
**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**

Gaaffilee Af-gaaffii Shamarran, Jaarsoliifi Haadholii, Baranoowwan Qophaa'e

Kaayyoo qorannoo kanaa qabiyyee sirba aseesaa shamaran bara jijjiirraa haaraa (Qaammee) irratti sirbitu xiinxaluudha. Qorannichi barnoota digirii lammaffaa Afaan Oromootiin guuttachuuf kan ooluudha. Kanaafu ragaaleen isin naaf kennitan bu'aa qorannoo kanaatiif baayyee murteessadha.Ragaale qabatamaafi haqa ta'e akka naaf kennitan abdadha. Iccitiin ragaalee isin naaf kennitan eeggamaafi qoranoo kana qofaaf kan ooludha. Gargaarsa naaf gootaniif dursee isin galateeffadha.

Kutaa I

Odeeffannoo Dhuunfaa

Umrii÷8-25- Shamaran,15

‘’ ÷26-35-Hodhoolee fi Baraneewwaan,10

‘’ ÷36-87-Gayyeessootaa,5

Saala÷Dubarti, 25

‘’ ÷Dhira, 5

Gahee Hojii:Baratootaa:Hadha mana:Qotee bulaa:

Fuudhaafi Heeruma:

Kan fudhan-Dhira,5

‘’ ‘’ -Dubarti,10

Kan hin funnee-Shamaran,15

Ganda:Ilaamu.eefarsoo, Aanno Qaree, Aanno Dagam. Xumaa. Abdii,Dagamayye salaashii,Leman burqaa jorroo

Kutaa II:
Gaaffilee
Sirbi Aseesaa qabiyyee maal maal of keessaa qaba?

Shamarran sirba Aseesatiin dhimmoota akkamii kaasan?

Sirbi Aseesaa haala akkamii keessatti raawwatamu?

Sirbi Aseesaa yeroo kam sirbama ?

Sirbi aseesaa malifii sirbamaa ?

Kutaa III

Daawwanaa

Mirkaneefannoo Daawwanaa tiin qamaan iddoo kabajin ayyanaa jijjiiraa bara haraa (Qammee) iddoo itti gageeffamuutii argamun raawwii isaa hordofuun waarabii fi yaadannoo barreeffamatiin ragaan qindayeera.

**Dabalee 1**

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**
**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**

**Tarree MaqaaNamoota Ragaaleen irraa Funaanname**

| T.L | Maqaa guutuu | Umu r | Saala | Gandaa qotee bulaa | Hojii | Raga naaf kenaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Shawwayee Lammaa | 20 | Dub. | Ilaam.eefarsoo | Baratuu kutaa 10 | Walaloo ibsuun |
| 2 | Shuree muul'ataa | 19 | Dub. | ‘’ | 8 | Aadaa himun |
| 3 | Qonjiit Nagaash | 18 | Dub. | ‘’ | 10 | Walalooibsuun |
| 4 | Baqqaluu Lammaa | 20 | ‘’ | Aanno. Qaree | 12 | Aadaa himun |
| 5 | Tigist Abarra | 16 | ‘’ | ‘’ | 9 | Walaloo ibsuun |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | Askalee Raggaasaa | 18 | ‘’ | ‘’ | 10 | ‘’ |
| 7 | Asagadech Kabbadaa | 17 | ‘’ | Aanno Dagam | 7 | ‘’ |
| 8 | Aster Abarra | 18 | ‘’ | ‘’ | 7 | ‘’ |
| 9 | Abarruu Bosaa | 20 | ‘’ | D/M/salaashii | 1o | Aadaa himun |
| 10 | Abarruu Araddoo | 19 | ‘’ | ‘’ | 8 | ‘’ |
| 11 | Adanech Urgeessa | 20 | ‘’ | Xumaa. Abdii | 12 | Walaloo ibsuun |
| 12 | Ayyaluu Damisse | 16 | ‘’ | ‘’ | 5 | ‘’ |
| 13 | Caaltuu Nugusee | 19 | ‘’ | ‘’ | 8 | ‘’ |
| 14 | Tsigee mogos | 18 | ‘’ | ‘’ | 7 | ‘’ |
| 15 | Fayisse Kabbee | 20 | ‘’ | ‘’ | 10 | Aadaa himun |
| 16 | Asagadech Kabada | 23 | Addee | Aann.Dagam | Had.Mana | Aadaa himun |
| 17 | Tsahay Girmaa | 25 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 18 | Xuruwarqii Mulgetaa | 20 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 19 | Asalafech Cheruu | 21 | ‘’ | L/B/joorroo | ‘’ | Walaloo ibsuun |
| 20 | Dirbee Waaqjira | 24 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 21 | Gaddisee Balchaa | 55 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa Ibsuun |
| 22 | Adunyaa Tuluu | 87 | dhira | Aann. Dagam | Qotee bulaa | aadaa himuun |
| 23 | Nagash Kabada | 49 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | ‘’ |
| 24 | Tolosa Galaan | 75 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Walaaloo himuun |
| 25 | Tufa Gammada | 71 | ‘’ | Xumaan.Abdii | ‘’ | aadaa himuun |
| 26 | Mangistu Roobii | 65 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa himuun |
| 27 | Suufalee Badhiyee | 48 | dubarti | ‘’ | Hadh.mana | Walaaloo himuun |
| 28 | Shawaayee Lamma | 35 | ‘’ | Ilaa. eefarsoo | ‘’ | Walaaloo himuun |
| 29 | Ahimuunyyaluu Damisee | 53 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Aadaa himuun |
| 30 | Faayisee kabee | 44 | ‘’ | ‘’ | ‘’ | Walaaloo himuun |

Dabalee. 2

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**
**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**
**Walaloowwan Funaannaman**

**A. Walaloo sochii hojii guyyaa guyyaa shamarnii ibsu**

Yeroo bubbeen dhufe 2 x mee xaafi haramii, 2x
Haadha mana kanaa 2x taabota maaramii.
Qaqallisii dha’ii 3x gootaraa shumburaa, 2 x
Namni araqee bare 2 x qotiyyoo gurguraa, 2 x
Bishaan waraabudhaaf gara burqaatti kaadhu, 2 x
Suura jalalaa, 2 x na bira kaa’adhuu, 2 x
Qaammeen geenyan, 2 x shamarran walwaamneetoo, 2 x
Qoraan yaa guurru, 2 x gara bosonaa baanetoo, 2 x
Waadaa naa gali, 2 x akka walitti deebinu dhiyaana nyaannetoo. 2 x

Maaramii haadha too, nu bira dhaabbadhuu,
Hojiin nutti baayyatee, ayyaana nuu laadhuu,
Dubarri aseesaa dhirsa barbaaduu,
Dhirsa gaarii nuu kadhuu,
Adurreen buna danfistee, 2x re'een qoraan yoo guurtuu, 2x
Kunis hoolaa kofalchiisa, 2x malee hin gadditu, 2x
Yoo buddeena tolchitu qulqulleessaa oolii 2 x eeleen caba hin oltuu 2x
Wayyoo yaa hiriyaa wal Jaalachaa oolii addaan baati hin ooltu.
Achi na dabarsii 2 x unkuroon unkuraa 2 x,
Ba'ee abbaan kiyyaa kan daaleen sharshuraa.
Buqqisaa buqqisna 3 x
Da'imman giddusnaa, eebbisnaa, Faarsinaa, goorsinaa 2 x
Ashaaroo ashaaree 2 x ashaaroo guggubee, 2 x,
Haati mana kanaa 2x waan jette naan jedhii,
Afaan na dhukkubee, 2x
Qoraan caccabsitee 2x gaara Alii keessaa,
Alaalaa siiskaa dhufeen 2x si taphachiisaa.
Bishaan bu'i jennaan 2 x daarbee cabsitee, 2x
Kusaayee haami jennaan 2x algee nu buqqistee, 2x
Buqqee buchuma diimaa 2x ati hodhi natu qadaadaa 2x
Jaalalli mansaa maansaadha 2x ati obsi natu maraataa 2x
Kaboota guuruuf beenu, Warqee buunaa 2x qircaata baannetoo, 2x
Walitti deebinaa irbaata nyaanneetoo, 2
Mana sadeen yaa mana sadeen hurufaa, 2 x
Na eegi mee jabbiile lemeetan dhufaa, 2x
Algeehaami jennaan 2x mummuradhe jette, 2x
Qal'oo waami jennaan gurguradhe jettee,
Maa gurgurte jennaan burree wayya jettee,
Burree teeti manna qal'oo tiyyaa waayyajettee,
Sii haamumoo 2 x ni dheeddaa yaa daalee, 2 x
Yoo daraaraan, baallamiin abaaboo caalee.
Alii Dooroo ba'ii yoo garbu bitachuu,
**<u>Dagam dhaqii yoo shaggee filachuu.</u>**
**<u>Shaggar dhaqii yoo mataa furachuu.</u>**
Yaa shillimuu qotii akka gaarreetitti,
Yaa Tolashii hodhii akka caaltuutitti.
Yaa harrittaa, yaa ijaara geeshoo Alii,
Yoo daarbeen Cabe, angataadhan naa galii
Kaloo gamaa Coqorsan haamee, 2x
Haadha mana kanaa eenyutu siwaamee, 2x.
Yaa dubara eenyutu dhadhaa si saamee, 2x

Ammanan yaadadhaa 2 x guyyaan horii eegaa ooluu, 2 x
Guyyaa san ani xiqqoodha 2 x kanan oole eegee galuu 2 x
3.3.2walaloo sirboota jaalalaa ibsan.
Lagarra ol ba'i 2x alaltuu murattaa
Areeda haaddadhu 2x baranoo dhungattaa daddafteeti guddattaa
Daamaa sakaalittaa, 2 x daa'ima jaalatte
Yaa caalaa Tolaa, guddisa xaarrittaa 2 x
Laga qiroo, 3 x
Durumaa hin laaliin jaaluu sanyii diroo.
Daalacha Daammanuu hundatti kofaltaa,
Jaalala kee ani sin amanuu, 3x
Yaa qotiyyoo qotii 3x yaa qaccee garafii, 2x
Garaan ormaa rafee 3x yaa garaa koo rafi, 2x
Leemmantu boora'ee 3x daddafee hin qarraruu, 2 x
Hamman si mararuu 3 x warra koo hin mararuu.
Haadha mana kana 3x kan mormi babarruu.
Odole gaaditee 2x Yoon si jaaladhetoo,
Finfinneetti si fudhee bade 2 x maal jetti haatii too
Nami fardaan loluu, dagam malee hin jiru,
Qorichi jaalalaa, jibba malee hin jiru.
Jaalala kan jedhamu, 2x xiqqoon dhibamaa furtee malee, 2x
Amma dubbachuu danda'a, 2x gaafa qabamee rukkutamalee, 2x
Warri baddaa kanaa, moofaraa dheereessaa,
Miidhaanif mitii, sumaaf na dhoobessa
Akkan hin dhufnee, karaan fagaatee,
Akkan hin hafnee, garaan naan taphatee.
Addeessarraa biiftuu, 2x
Yoo jaalala feete,
Magaallerra diimtuu.2x
Roobni roobaa bulee, 2x lafa barii caamaa, 2x
kan magaallee jaalatee, 2x yoo deemu hirriibni qaba 2x
Dagam roobaa bulee. Leemman fixeensa hin qabu,
Jaalalli kee laphee koo keessa jira ani hirriiba hin qabu,
Kaachamaaleen ka'ee 2x gommaa dachaasee too, 2x
Si argachuun dadhabe 2 alkaan fi guyyaa si yaadeetoo, 2x
Beellamarraa hin hafuu nan dhufa 2x jimaata oolee too. 2x
Eegee farda booraa, footee karraruufi, 2x
Jaalala kiyya booche dhangalaatee, eenyu mararuufi, 2x
Ejersa Ejeree 2x Caaltuun jala hin raftuu, 2x
Jaalala baranoo bareedduu 2x gaadheen irraa hin haftuu.
Odole maal dhalee 3x kan mucha hoosisuu, 2x

Miidhaga qorichaa maal qabdaa, kan jaalala keettii na boochisu 2x
Baddaa kana baana 3x baddaa Ginbilloodha, 2x
Afaanii walfuunaa 2x akka jaalala Sinbirroodha.2x
Ejersa naa murii 3x irraa buusaa karraa, 2x
Qoricha naa ergi 2 raatessaa abbaa warraa 2x
Daamaan ni okkolaa, 3x
Ganda Fayyee dhaqii qorichaa jaalalaa, 2x
Fayyeetu xonoqqolaa.2x
Daldaalaan, kaachaamaleen shaggar bu'u Caancoo gooraa,
Jaalalli baayyatee nama jaanjoo godha.
Garaa koo na gubee waaddee na boobechee,
Jaalalli gurbaa sanii Dunni caalaa kiyyaa qaamaa koo na hadooche.
Garaa koo nagubbee wadde na boobechee,
Jaalalli gurba sanii Dunni caalaa kiyyaa qaamaa koo na hadooche.
Dagam rooba bulee leemman fixeensa hin qabu,
jaalalli kee laphee koo keessaa jira, ani hirribaa hin qabu.
Jaalalli afaanii qofti umurii guddaa hin qabu,
Garaan najibbi namni dhugaa nutti hin himatu.
Jaalalli kee damma dhungateetoo naan hobaastuu.
Ejersa ejjeree 2x Fiixeen irgaa irgaa, 2x
Atisna jibbituu 2x shaggeen bitaa fi mirgaa 2x
Mogortuu Mogorii 3x kan yaa'u hin boorofnee. 2x
Turee tureen dhufa 2x akkan hin moofofnee 2x
Esheree ree ree ree, 3x
Baranaa tiyyumaa sin galcha egeree 2x
Jaalalle kiyyaa nabiraa ooltaree 2x
Farda, kaachaamaaleen booraa kan biriitii bu'ee
Jaalallee koo odoon ijaan si argee barituu du'ee
Wayyaa hin dha'u dabaleen shammaanee mitii,
Si jibbe yoon jedhenan samaanee miti
Yaa simbirroo maa qubatta daarii lagaa,
Namni jaalala hin beekne beellamarraa hafaa.
Qarree kooraa safaraa qarree maaramii
Ijoollummaan na godhe na araaramii.
Ejersa too ejersa qarree mogorii,
Footoo jaalalatti wajjiin kana xarapheezaa korii
Uleen ceekaa cabee 2x bakkanniisaa ree banii,
Karaan dhufun dhabee 2x marsaniiti naa eegani.
Asallafuun Jiddaa baatee yaa Naggassaa,
Namni jaalallee hin qabne maa ilkaan miidhaksaa.
Yaa dabalee yaa Dabalaa Dabaal abbaa bulukkoo,

Salaalee teechee akkam wallaaltaa dhungoo.
3.3.3 walaloo bareedina ibsuuf walaleeffaman
Qaammeen geechee, 3x
Haati mana kanaa ilma bareeda deechee, 2x
Baranoon maal jettee dhageechee, 2x
Yaa tuulaa kabootaa 3x
Haadha mana kanaa 2x kan suurri taabotaa.
Kormaan indaanqoodhaa 3x bariitii iyyaa, 2x
Naduraa dhabbadhu 3x yaafaannoo, miidhagduu tiyyaa 2x
Yaa Dabalee daansaa, 3x
Barbaadeetan dhabee 2x kan shurrubbaan gasaa.
Jalduu gurraan dhalee 3x bakka cisuu dhabee, 2x
Lachuu **bareeddaa** da'imman 3x kanan dhiisuun dhabe 2x
Yaa bareedaa kiyyaa 2x laga daannoo dansaa, 2x
Areeda haaddadhuu 2x goofareen gaaddisaa 2x
Yaa Dabalee, 3x
Kaarruun tee bareedduudha yaa jamaree.
Kan shaggarii galu 3x yaa Jammaa yaa Jammaa, 2x
**Bareedduu, qal'oo** 3x kan shurrubbaan eega fardeen baargamaa. 2x.
Laga mogoor laga boorataan dhadhabee, 2x
Miidhagduu, Asheetaa too jedha shurrubbaa qaqabee 2x
Tulluu Allii 2x Yaa dheertuu tiyyaa, 2x
Aannan malee hin dhugiin 2x Yaa bareedduu tiyyaa.
Laga Mogor Yaa walitti yaatuu Jamaa, 2x
Hin kolfiin seeqi, Yaa bareedduu tiyya 2x kaarruun teetuu dammaa.
Yaa Baqqalaa jetti 2x qarree irraa deemtoo yaa Baqqoo, 2x
Burqaa Jorroo jirti 2x bareedduu mudhiin shambaqqoo.2x
Miidhagni ijasaa, 2x urjii waaqaa fakkataa, 2x
Bareedumni ilkaansa, 2x akka annaaniitii addaataa, 2x
Obboleessi koo keessumattuu dubara aseesaa jalataa.
Mormii haadha mana kanaa, 2x bilillee daadhii fakkaataa, 2x
Uffanni giiftii tiyyaa, 2x asiif achiirraa waallalaa laataa, 2x
Yoo uffattee baatu, 2x abbaan manaa ishee baayyee jaalataa 2x
Hurufa marga hin qabne, fardeen hin jaalattuu,
Dhiira miidhagina hin qabne, durbi hin dhungattuu.
Qallinni mudhii ishee leenca beela'e.
Miidhagni koomee ishee loomii qunca'e.
Hidhii midhagdu, nama marachitu,
Hin dhabdu dargaggeessa, humnaan dhungatu.
Dubartoonni foo'anii foo'anii, 2x
Dhiira keessaa isaa filatanii, 2x

Nan gabaabadhee jedhe, qarree gubbaa dhaabadheen dadhabee,
Miidhagaan odoo dhufee laga cehee na qaqabee,
Bultii haaraa osoo calqabee,
Namni sun na hin irraanfannee, amma naaf galee.
Dhiira midhagaa dhabuu kiyyaa kan gorsaan na caalee.
Harbuu laga qarqaraa balli isaa magariisaa, 2x
Yaa qallaa eenyuutuu sidhalee yaa urjii bariisaa 2x
Dubarrii magaallan, maa akkana miidhaganii, 2x
Addeessa ganamaa fakkata ijjii isaanii, 3x=
Aannan itittuu fakkaata ilkaan isaanii 3x
Beenuu Mogoor buuna mogor Ciisaa loonii, 3x
Fooliin qalloo tiyyaa urgooftee akka corqaa loomii 2x
Abbaan addeessa haati mana kana biifitudhaa, 3x
Dubarri aseesaa dhuftee waggaa waggaadhaan isiin araarsudha.2x
Yaa bubbee Dagam, 2x Anbisoo keessa kaate, 2x
Gaara meeqa baate, 2x laga meeqa ceete.2x
Nyaara kee warraaqsaa, 2x ilkaan kee ibsaa.2x
Bareedduu oollaadhaa luqqiisaa.

### B. Walaloo Ayyaana Waggaa Faarsuuf Walaleeffaman

Kan gammachuus, kan waggaa har'aa yoo dararaan dhootu,
Dhiirrii goobee, durbi aseesaa taphatu,
Dubarri yaada guddaan odoo si eegduu,
Yaa aseesaa nuu koottuu daraaraa kee qabadhuu,
Qaammeen gammachuudhaa, gammachuun keessan yaa baayyatuu,
Daraaraadhaan marfamnee, maaliif, cal jettuu,
Aanaa Dagam, mee hundumaa ilaalaa,
Gaarris huruftis kan nama gammachiisitu caalaa.
Dubra dagam kan dhaloonni maddaa, 2x
Guyyaan eegnee hawwinee guyyaan guddaa, 2x
Har'uma aseesaa taphannaa, 3x
Hundi keenyaa, waliin gammadnaa, 3x
Yaa weeddisnu, aadaa qabnaa.3x
Maasaa gamaa, talbaa facaafannaa, 2x
Dubra dagam, hin dhoowwinaa, 2x
Yaa taphatu aseesaa.
Firaafi alagaa biratti maal akka taate.2x
Sirbaan agarsiisuuf guyyaa har'aa baatee 2x

### C. Walaloo Dubartoota Faarsuuf Walaleeffaman

Laga Mogor Ciisi Yaa jawwee Maramii, 2x
Haadha mana kanaa taabota. Suuraa Maaramii 2x
Yaa buyitti dammaa 2x maaliif si dammeessanii, 2x 2x
Haati goota dhaltee 2x waaqni dhiiraa Uume 2x maalif hin lammeessinii
Gurcuu karraa duraa 2x biiftuun itti baatee, 2x
Haati mana kanaa 2x giiftiin gadi baatee 2x
Algee, Buqqisaa buqqisnaa, 3x
Obboleetti gootaa qal'oo dubbiffannaa 2x
Yaa illee yaa illee 2x,
Niitii Tolaa kiyyaa kan mormii bilillee
Waciitii bitannee, 2x diinqa malee hin teechuu, 2x
Haati mana kanaa ilma malee hin deechuu.2x
Caaltuun dureettidha hin nyaattu waan jiidhaa malee, 2x
Isheen hin heerumtu, sanyii dureessaa malee 2x
Biyyi ishii Dagam, 2x Dagam biyya garbuu, 2
Intala gooftati, 2x warra dhufuuf kan darbu, 2x
Yaa sanyii diroo, 2x akka asheeta harbuu.2x
Haadha mana kanaa, yoon sifarfadhuu.
Dhadhaa baqisitee yoo qincee qopheesituu,
Aannaan itti dabalee, yoo buna danfistuu,
Dhirsa fi warra kee yoo bonsituu
Biiftuu gadi baatee, 3x,
Haadha mana kanaa giiftiitoo maal taatee.
Haadha mucaa qal'oo araasii, 3x
Maaramii haadha waaqa mee bara nu araarsii.
Kusaayee buqqusii, 3
Haadha mana kanaa caaltuu nu dubbisii
Gammadaan daa'ima Yaa waaqayyo nu guddisii.
Yaa magaalaa Mojoo 3x Yaa dhaaba barbaree,
Diimtuu xinnoo tanaa 2x maasitii jarjaree 2x kan harki jamaree. 2x
Diikee kakachiistee 3x
Haati mana kanaa 2x dhadhaa nu baachistee, 2x,
Aseesaa goofaree gootaa,
Abaaboon dhoote hoodaa
Guntuta lamaan kan bitaafi mirgasaa 2x
Dhakaa laga qarqaraa fakkaataa qarrisaa 2x

**D. Walaloo Dhiirota Faarsuuf Walaleeffaman**

Algee Yaa guggurraa,
Obboleessa gootaa,

Qallaa yaa mushurraa.
Buqqisaa buqqisnaa,
Obboleessa gootaa caalaa dubbifna.
Jorroon dhale lagarra ciisaa 3x,
Gasheen kiyyaa yaa gammachuusaa 2x siree waarqiirraa ciisaa.
Naannoo Oromiyaa maaltu gadhiisaa.
Yaa roophilaa guddaa tireentaa, 2x
Gaashen kiyyaa guddaa dureessaa ilaali qarshii liqeessaa.
Yaa illee, 3x,
Ba'e abbaan fardaa 2 x kankooran bilillee
Achi gama sanii 2x leenci bargaafatee, 2x
Ba'ee abbaan biyyaa 2x kutaa dachaafatee, 2x
Dhufe daaleen kabbadaa 2x eegee dachaafatee 2x
Daadhii jiruu, yaa magariisaa,
Du'e sillaasee ciisaa.
Muka qarree mummurtan moo jiraa,
Uffata koo gurgurtan moo jiraa,
Jedhe mangeeni.
Laga mogor yaa dalaliisaa, 2x
Gaasheen kiyyaa yaa alamiisaa,
Siree warqiirraa ciisaa.
Motoobisiin,bubbeen dikee kaasee, 2x,
Maammoo Suyyuun loolee dachaasee,
Salaaletti galuufi.
Yaa kachaa, 3x,
Ammaa dhufaa goonni kan sabbanni dacha.
Mammaramaa yaa gaaffa hoolaa 2x
Gaashee kiyyaa nugusni waamee 2x nugusa bira oolaa
Jaalanneen niiti barataa inni barumsaarraa oolaa.
Jorroon dhalee lagarra kaataa,
Gaasheen kiyyaa muzgeerii baataa,
Eeessatti duuluuf laataa
Gaasheen kiyyaa bosona ciisaa,
Qawwee qabaa yaa gammachuusaa
Yaa Tullu 3x Yaa Tulluu badhaashee,
Maqaadhaan nawaamii kan warri na baasee.
Shaggar gubbaa qorqoorroon saaree, 2x
Gaashee kiyyaa gooftaa salaalee gooffareen waaqa laalee
Achii gama sanii 2x rumichi waa nyaataa, 2xm
Daaleen gaashee kiyyaa eegeetti waa baataa
Qotiyyoon guggurraa 2x kan wal-biraa qottuu, 2x

Dhufaan dargaggoon shawaa kan walirra loltuu.
Yaa sabbata durii 3x
Anillee dadhabee 2x Yaagoota naa furii,
Kaleessa galgalaa 2x yaa galgaleessituu,
Goonni jira jettee 2x nanjajjabeessituu.
Qarree koora migirri saaree, 2x
Abbaan mana kana eebbaan nu gargaaree,
Gaasheen kiyyaa qarshii hammaaree.
Laaftoo mataan gogee, 2x
Tokkosi Tafarii leenca laga mogee.
Asheeta Shumburaa, 2x
Daamaa Sakaaleetoo na wajjin shushuuraa.
Osoon gadhee ergee gootattan gurguraa.
Mogor guutee guutee bishaan, 2x
Abbaa caalaa yaa qulqulluu koo sinyaatte kaa biyyeen
Zinnaara koo lafattan buusee,
Qawwee koo sireettan hirkisee,
Naa fuutemoo naaf hin fuune yaa Tolasee jedhe Tolaan.
Magaala bareedaa 2x manni hurufa keessaa, 2x
Waanan jedhun dhabee 2 silaa sumaan faarsaa, 2x
Leessitu leessituu, 3x
Shanan qarree leemman shantama hindheessitu
Yaa eemmoo yaa eemmoo, 3x
Sin faarsaa nagan siyaa galchu yaa jabbilee Leemm
Yaa buutii Yaa buutii, 2x
Itti gorii lolii lubbuun yaada baatii
Sin faarsaa nadhageeffadhuu, 2x Uleen kee cabee bakka saddeetti, 2x
Kitaaban sii bitaa 2x amma lapheetitti
Goonni Laga bu'ee 2x eeboon harkaa ba'ee, 2x
Gadhee marqaan hudhee 2x faldhanni harkaa bu'ee.2x

### E. Walaloo Aarii Ibsuuf Walaleeffaman

Yaa roophilaa kottee diddiimtuu, 2x
Abbaalafaa har"as nandhiistuu, 2x
Gadhiistee kaa hiyyeessaa giddiittuu 2x
Yaa barbaree tumaa biinnaanyii, 2x
Nu Baalee buunee abbaalafaa siif ilbaanyii
Umrii ammaa yaa urjii Baalee, 2x
Koottaa badaa yaa abbaa lafaa salaale abbaa lafaa caalee.
Qawween durii naasiin tokko tokkaatti, 2x

Abbaanlafaa maa akkana korraati, 2x
Kan fayyisaa manni ciitaadha kan Tolasaa manni qorqoorroo,
Yaa Oromoo firaa dhoowwi roorroo.
Shaggar gubbaa murtii sibiilaa hin booyiin,
Yaa haadha dhiiraa, 2x
Lolli hafee siriidha, tokkichi keetis sibiilaa,
Mogor guutee guutee galaanaa,
Lolli hin jiruqawwee awwaalaa jette loltuun waraanaa
Abbaan lafaa durii lafaan nu dhiibee,
Darguun immoo waraanan nu calqabee,
Akka risaa culullee obbolaa keenya bubbutee.
Kaloo gamaa coqorsi loo’ee,
Yaa mangistuu baga siree gadhiiftee,
Dargaggoon keenya barumsaaf ba’ee.

F. **Walaloo Hiriyummaa Ibsuuf Walaleeffaman**

Daannisaa Daannisaa, 2x
Yoo walbira jirtuu hiriyaan gaaddisaa
Maasaa gamaa talbaa facaasanii, 2x
Yaa hiriyaa addaan nu baasanii 2x
Laga mogor 2x laga xajjisarrii marguu, 2
Yoo addaan bahani 2x maa of jajaa 2x hiriyaa barbaanni hin arguu.2x
Dabaleetuu kootii jalaan goraadee hodhee.
Natu garaa sitti himate hiriyaa koodee godhee.
Taabota Gumbichii, 3x
Yaa qaammee barana hiriyaadhan wal bira nubulchii
Qotiyyoon wal-loltee 3x gucheen ari”atee, 2x
Natu nama se’ee 3x hiriyaa yartuun mari’atee, 2x
Odolee dorrobee 2x waan dhalu hin beekanii,2x
Hiriyaan biyyaa ba’ee 2x gaafaa galu hin beekanii, 2x
Kaachaamalleen ka’e 3x naafxaa waraabbataa 2x
Garaa ittiin taphatee 3x qaree badhaafata,2x
Biyyaa ba’uufanii 3x yaa hiriyaa koo sin assanaabbata, 2x
Gara barii quraan iyyitee, 2x
Yaa hiriyaa yoo sidhukkubes,
Qaammedhaa fayyitee
Mana keenyaa duubaa, 2x kusaa’een daraartudha2x
Hiriyaan biyyaa ba’e 2x Saree maraattudha. 2
Kormaan hindaaqqoodha areeda haaddataa 2x
Hiriyaan biyya jiru kokkolfee taphataa 2x
Daraara Masqalaa kan laga qarqaraa, 3x

Hiriyaadhafaan boo’aa eenyuu na qarqaraa 3x
Hayyee !Hayyee !Hayyee !Waaqa uumaa waaqa uumamaa.

Kan nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi.

Irraa gora nu oolchi.

Dogoggora nu oolchi.

Wallaalaan  haa beeku.

Beekaan haa bulu…..

Fakkeenyaaf:Eebba yeroo fuudhaafi heerumaa .

Qabattanii aaga qabadhaa .

Jiruufi jireenya qabadhaa

walii horaa,Cophaa,dagaagaa……..

Ashaakiltii baala nyaatuu

Naa ergi baala waleensuu

Magaaltittii nyaara kuullee

Naa ergi waan na jabeessuu

Muree muree mana ijaaraa

Yoo sokorruun mana taatee

Dhufee dhufeen si ilaalaa

Jalallii yoo soogidda taatee

Gaachanni gaachana hin caaluu

Caalekaa gaachanni booyyee

Jaalalli jaalala hin caaluu

Caalekaa jaalalli ijoollee

Yaa baddeessaa laga soolee

Gowwaan muka dhoqonnuudhaa

Barbaach keen laga oolee

Akka kormaa bosonuudhaa

Handoodeen kutaa hin addeessuu

Lakkii kutaa sana miicii

Naan ooddee silaa indandeessuu

Lakkii mucaa sana dhiisii

Baddeessaa soofte malee

Qilxuu sooftee ingarree

Qancaraaf boosse malee

Kichuu ijoollee ingarree

Waaqayyoo roobaa bulee

Baddaan fixeensa hin qabu

Maal yoon sii jedhee du'ee

Garaan hiyyeessa hinqabu

Haati hattuun, intala hinamantu

Haati ofii yartuu hin qabdu

Haadha laalii intala fuudhi.

Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa

Akka lencaan ta'a jettee fatten bokoktee dute

Akka michuubadde dheenfa hin badin yaa jaldujette qamaleen.

Akka kootti maaltu naaf kajeelajette sareen.

Lafa koo itti faladhe.

Itti qaladhe.

Gosaan ga'adhe

Cululleen saamtuudhaa yaadaa hin qabdu fayyaa

Ani ishee hin eeguu sin birallee wayyaa

Osoo waa hin nyaatiin turban guute agabuu

Hojjedhee akka hin nyaanne anuu quba hin qabu

Daadhii ta'e farsoo hundarraa of eegaa

Qulqulluu bishaanii isa wayyaa dhugaa

Hojii hinbulchinaa mee fixaa bayeessaa

Wayaas mimmiiccadhaa bareechaa addeessaa

Mi'aa baatee malee ofii nama hin hubuu

Bakka geessu hin beeknu inni abbaa hin qabuu.

Nuu sifoofnaan hunduu nyaachuu malee dabaree

Garuu garuu hunda caala kan barbaree

Lookoon abbaa ishee gurra nyaatte

lookoon nyaara haaddatte.

Disaasaan garaa bal'at

Gurbaan fuudhu ulee jiituu harkatti qabata.

Tolaan  gara laaffisa,waan ta'eef dhimmicha ni fixa.

**Dabalee.3**

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa**
**Man-barnoota Humaanitiifi Seeraa**
**Muummee Afaan Oromoo**

Gaaffilee Af-gaaffii Shamarran, Jaarsoliifi Haadholii, Baranoowwan Qophaa'e

Kaayyoo qorannoo kanaa qabiyyee sirba aseesaa shamaran bara jijjiirraa haaraa (Qaammee) irratti sirbitu xiinxaluudha. Qorannichi barnoota digirii lammaffaa Afaan Oromootiin guuttachuuf kan ooluudha. Kanaafu ragaaleen isin naaf kennitan bu'aa qorannoo kanaatiif baayyee murteessadha. Ragaale qabatamaafi haqa ta'e akka naaf kennitan abdadha. Iccitiin ragaalee isin naaf kennitan eeggamaafi qoranoo kana qofaaf kan ooludha. Gargaarsa naaf gootaniif dursee isin galateeffadha.

Kutaa I

Odeeffannoo Dhuunfaa

Umrii÷8-25- Shamaran,15

‘’ ÷26-35-Hodhoolee fi Baraneewwaan,10

‘’ ÷36-87-Gayyeessootaa,5

Saala÷Dubarti, 25

‘’ ÷Dhira, 5

Gahee Hojii:Baratootaa:Hadha mana:Qotee bulaa:

Fuudhaafi Heeruma:

Kan fudhan-Dhira,5

‘’ ‘’ -Dubarti,10

Kan hin funnee-Shamaran,15

Ganda:Ilaamu.eefarsoo, Aanno Qaree, Aanno Dagam. Xumaa. Abdii,Dagamayye salaashii,Leman burqaa jorroo

Kutaa II:
Gaaffilee
Sirbi Aseesaa qabiyyee maal maal of keessaa qaba?

Shamarran sirba Aseesatiin dhimmoota akkamii kaasan?

Sirbi Aseesaa haala akkamii keessatti raawwatamu?

Sirbi Aseesaa yeroo kam sirbama ?

Sirbi aseesaa malifii sirbamaa ?

Kutaa III

Daawwanaa

Mirkaneefannoo Daawwanaa tiin qamaan iddoo kabajin ayyanaa jijjiiraa bara haraa (Qammee) iddoo itti gageeffamuutii argamun raawwii isaa hordofuun waarabii fi yaadannoo barreeffamatiin ragaan qindayeera.